Waadaan kitaaba kanaan kudhaama dogoggora seenaanii fi seerri nama gaafatu hojjechuu jalaa nama baraaru dhalootaaf kudhaame qofa osoo hin ta'in; dhugaa saba Oromoo boolla gadi fagoo keessa awwaalamtee jirtu qotee baasee ittiin nutti agarsiise, lafee cabsee dhuka nu nyaachise. Jechoota filatamoo fi mimmiidhagoo (golden words) miraa fi qalbii namaa uranii seenaniin bakka nuti hooqqachuuf qaqqabuu dadhabne sana nuuf hooqeera. Dhangaa isaa kana sooradhaan afeerraa kooti. Ilaalcha dogoggoraa aadaa fi amantii, sabboonummaa fi amantii akkasumas abbaa qabeenyummaa irreechaan wal qabatee hawaasicha keessatti calaqisiifamaa ture xiinxaluudhaan haqa jiru lafa kaa'eera.Kana malees, utubaa fi dagalee sansakkaa eenyummaa keenyaa ijaaruuf nu gargaaran utuu hin qusatin gumeessee, qaaccessee nuuf arjoomeera. Isinis dubbisaan dhaamsakooti.

DR.EELIYAAS LAGGASAA NAGARII (Gargaaraa Piroofeesaraa)

Silaa galaanatu coree liqimsa ture. Namni madda burqaa sanaarra nuuf dhaabbatu waan hin turiniif coreetu galaana liqimsee ture. Madda burqaa isaayyuu duuchuuf dhagaaf biyyoo itti guurani galaanni ukkaamamee ture. Ta'uus gaaf tokko ni liqimsina jedhee abdiin eeggachaa ture. Galaanni ukkaamamee hafuu waan hin dandeenyeef dhagaa fi biyyoo itti guurame sana of irraa gatee karaa argatee, coree naannoo isaas ofitti dabalatee yaa'uu jalqabeera. Kitaabni kunis isa yaa'uu jalqabe kanatti danqaa kan ta'u jalaa kaafnee akka inni lafa galma isaa ga'uu gochuu waan nu gorsituuf yeroo fudhannee haa dubbifnu!

MAGARSAA AYYAANAA MULATAA(Lallabaa Wangeelaa)

Umurii barreessaa kanaa fi kitaaba dubbii bilchaatan keessa guute kana gaafan wal bira qabee ilaalu, dandeetti dhokataa keessa ol adeemaa kanaa waaqayyo kaa'eef baayyeen waaqayyoon galateefadha. Eenyu illee kitaaba kana dubissuuf yoo argate ni ayyaanome. Anaaf kitaabni kun gaaffii sammuukoo keessatti bara lakkaa'e naaf deebiste. Innis ilaalcha doggogoraa namni waa'ee aadaa fi amantii ,sabboonummaa fi amantii irratti qabuudha. Namni sammuun isaa akka koo gaaffii kanaan jeeqamaa turee kunoo deebiin isaa kitaaba kanaadha. Waadaadhaan guddadhun jedha malee kan biraa maalan jedha? Dubisaa isinuu ragaa taatu cimina kitaaba kanaatiif!


DR. GADAA CAALAA ABDIISAA (Barsiissaa fi Barreessaa)


OROMIYAA
INTERNATIONAL PRINTING PRESS
8910-112233/0911-227980

Gatii Qar. 70
$20

Seera Moo Seenaa SODAANNU?

Seenaan Gaafatamuu Irra Seeraan Gaafatamuu Siif Wayya!







Waadaa Bultii Caalii
Finfinnee,Oromiyaa

SEERA MOO
SEENAA SODAANNU?

Seenaan Gaafatamuu Irra Seeraan Gaafatamuu Siif Wayya!

Waadaa Bultii Caalii

SEERA MOO
SEENAA SODAANNU?

Seenaan Gaafatamuu Irra Seeraan Gaafatamuu Siif Wayya!

Kitaaba kana eyyama barreessaa malee guutummaattis ta'e keessaa qoodanii baayyisisuun seeraanis seenaanis itti nama gaafachiisa.

Teessoon barreessaa:
Bilbila:+251917293839
+251975337210
Facebook: Boriif Waadaa Bultii Caalii
Email: eeganwaadaabultii@gmail.com

© *Waadaa Bultii Caalii*
Mirgi barreessichaa seera uumaa fi uumamaatiin eegamaadha!

Maxxansa 1ffaa,2018

Gulaaltonni:

1. *Dr. Eeliyaas Laggasaa Nagarii(Gargaaraa Piroofeesaraa)*
2. *Magarsaa Ayyaanaa Mulataa(MA)*
3. *Dr. Gadaa Caalaa Abdiisaa(PHD)*

Finfinnee, Oromiyaa.

BAAFATA

Yaadannoo Kitaabichaa - 7
Galata - 8
Dhaamsa Barreessichaa - 10
Seensa - 13
Boqonnaa Tokko : Amala Geggeessitoota Seeras Seenaas Hin Sodaannee –17

1. Imaanaa Isaanitti Laatame Osoo Hin Taane Taayitaa Isaanitu Itti Mul'ata - 17
2. Jaalala Barcumaa Malee Jaalala Biyyaa Fi Sabaa Hin Qaban - 22
3. Walga'iin Isaanii Erga Rakkoon Uumameen Booda - 25
4. Ofiis Hin Hojjetan, Isa Hojjetus Hin Hojjechiisan - 30
5. Warra Isaan Geggeessaa Jiran Sana Irraa Waan Adda Isaan Godhu Hin Beekan – 33

Boqonnaa Lama : Garbummaa - 40
1. Garbummaan Maali? - 43
2. Gosoota Garbummaa - 45
3. Garbummaa Isa Hadhaa'aa - 45
4. Garbummaa Bilisummaa Fakkaatu - 46
5. Garbummaa Keessaa Baqachuu - 51
6. Garbummaa Keessa Dhaabatanii Falmachuu - 51
7. Fincila Diddaa Garbummaa Isa Dhumaa - 53

Boqonnaa Sadii : Qabsoo Karaa Nagaa Keessatti Injifannoon Akkamiin Argama? - 62
1. Tokkummaa - 62
2. Tokkummaa Hayyoota Oromoo - 64
3. Tokkummaa Saba Oromoo - 70
4. Jaalala - 75
5. Jaalalli Wal Nama Dandeessisa - 77
6. Jaalalli Hin Hinaafu - 78
7. Jaalalli Of Hin Jaju - 79
8. Jaalalli Hin Dallanu - 80
9. Nama Hin Lafaafu - 81
10. Abdii - 82
11. Nagaa - 85
12. Injifannoo –86

Boqonnaa Afur : Rakkoo Sabaa Oromoo Kan Furu Hayyuu Baayyeedha Malee, Paartii Siyaasaa Baayyee Miti –94

Boqonnaa Shan- Sabboonummaa, Aadaa Fi Amantii –104
1. Amantii - 104
2. Sabboonummaa Fi Amantii - 105
3. Amantii Fi Aadaa - 107
4. Irreecha(Irreessa) - 111

Boqonnaa Ja'a : Qabsoo Oromoo Fi Aartii Oromoo - 117

Boqonnaa Torba : Addunyaan Kun Namoota Gosa Sadii Of Keessaa Qabdi - 127
1. Namoota Maaltu Ta'e Jedhanii Gaafatan - 127

2. Namoota Waan Ta'aa Jiru Beekan - 130
3. Namoota Wanti Ta'e Sun Ittiin Raawwatame(Hojjetame) –134

Boqonnaa Saddeet : Seenaan Jiraachuuf Namoonni Gosti Sadii Jiraachu Qabu - 138

1. Nama Seenaa Barreessu - 138
2. Nama Seenaa Dubbisu - 142
3. Nama Seenaa Hojjetu - 144

YAADANNOO KITAABICHAA

Yaadannoon kitaaba kanaa sabakoo saba guddaa gaanfa Afirikaa iyyi isaa addunyaatti osoo dhaga'amuu nama birmatuuf dhabe sanaaf naaf haa taatu.

Sabni koo oromoon garraamiidha. Abaarsa tokkos hin qabu; namoonni akkas jettan jecha kana irraa of qusadhaa. Dhabni saba koo iyyisiisu dhaba buddeenii miti, lafa irra hojjetee jiraatus miti. Ormiyyuu kansaa nyaata; kansaa irraa fudhatee ittin inveestera ta'ee maqaa godhateera. ***Dhabni sabakoo dhugaa dha. Haqaa isaa waan dhabeef iyya.*** Iyyi dhugaaf iyyamu iyya akka salphaatti ilaalamuu qabu miti. Mootummoonni gamtooman, beektootni siyaasaa beekamtii olaanaa qabanii fi abbootiin qabeenyaa shira kana hin dhageenye akka hin jenneef dhaga'aniiru. Hin argine akka hin jenneef dhiiga saba koo isa akka bishaanii lafarra yaa'ee asii ol iyyatu arganiiru. Gaafa uummanni Oromoo qe'ee isaa irraa buqqifamee bakkee keessa jooruu fi deesseen Oromoo daandii irratti ilmoo deessee harkatti baattu fi achumatti of harkaa dhabdu arganiiru. Garuu hin birmanne; birmachuufis fedha hin agarsiifne. Utuu arganii jaamani. Egaa yaadannoon kitaaba kanaa saba haqa isaa dhabee iyyee wowwaataa jiruu fi iyyi isaa birmannaa dhabe kanaaf naaf haa taatu!!!

Sabakoo Saba Guddaaf!

GALATA

Har'as angafni jechaa fi galataakoo kan Waaqayyooti. Hojiin hojjedhu keessaa tokkollee kan gargaarsa Waaqayyoo malee fiixaan naaf ba'ee beeku hin jiru. Waan hundumaa dursee akkas akkan ta'uu qabu itti yaadee isan ta'e kana kan nataasise Waaqayyoo dha. Namootan galateeffadhus kan naaf laate isa waan ta'eef, isaaf warran galateeffadhu irraa kan adda ba'e galata addaatu ta'aaf. Itti aansuun namoota hundumaa galateefachuun barbaada garuu hunda isaani fuulli kitaaba kanaa naaf hin geessu. Abbaakoo Bultii Caalii fi Haatikoo Jarittuu Gurmee gadameessaa amma ani nama ga'aa ta'utti dadhabbiin keessan na biraa hin hafne ulfaadhaa. Abbaakoo ati anaaf waan ta'uu hin qabne danuu taate, hojii hojjechuu hin qabnes naaf jettee hojjettee kanaan naga'atte. Ati abbaa gaariidha; umuriinkee naaf haa dheeratu. Harmee siinis boolla awwaalchakee daadhiin haa guutu dandeessuukoo. Du'aan humna caalamte malee ati haala kamiiniyyuu narra ittifamtee hin beektu jabduukoo. Alamnesh Magarsaa atis naaf haadha gaariidha. Dhamaatee ati erga haadha keenya du'aan dhabnee booda nu duukaa dhamaate kan dagatamu miti. Obbolaankoo durbaa fi dhiiraa warri wajjin bu'aa ba'ii jireenyaa hundumaa darbinee yoona geenye naaf jiraadhaa. Maqaa keessan duwwaa miti olmaan keessan hunduu keessakoo jira. Isin bira jibbii fi dallansuun, nan dadhabee sin nuffeen hin jiru. Obbolaa akka keessanii qabaachuu caalaa maaltu nama gammachiisa? naaf guddaadhaa. Akkasumas soddootiinkoo galata qabdu nabiraa. Bakka hedduutti na cina turtanii akka obboleessaatti naaf dhaabattani. Magarsaa Ayyaanaa fi Leensaa Mangashaa dadhabbiin keessan kitaaba kana keessa jiru kankoo wajjin wal qixxee dha. Hayyuu Magarsaa daa'ima kichuu waaqni

isiniif laate sanaafis Hayyuu dhugaa rakkoo saba furu akkanni ta'un waaqa kadhadhaaf. Maatii eebbaa ta'aa. Obbolaankoo warri gaafa rakkoos bal'inaas natti dhiwoo turtan. Warri bara barattummaa waliin waan baay'ee dandeenyee humna waliif taanee, dhabuu fi argachuu waliin dandeenye yoomiyyuu keessakoo jirtu. Hojii oogummaa keessaniin na cina dhaabbachuudhaan kitaabni kun akka kitaaba taatee harka dhaloota qubee naaf geessu warri gootan Eebbisaa Baayisaa, Dr. Eeliyaas Laggasaa, Magarsaa Ayyaanaa fi Dr.Gadaa Caalaa baga naaf jiraattan. An guddaadhaan isiniin jedha. Galmeen seenaa og-barruu Oromoo immoo galataan maqaa keessan naaf haa waamu. Baay'een isin jaalladha hundumti keessan galatoomaa.

DHAAMSA BARREESSICHAA

Sabnikoo warra isa miidheef dhiifama gochuu qaba.

"Namni dadhabaan dhiifama gochuu hin danda'u, kan dhiifama gochuu danda'u nama jabaadha!" Maahatama Gaandii

Sabakoo kara adeemaa bulchitee, beela'aa nyaachistee, dheebootaa obaasuudhaan baay'ee du'a oolchitee warra du'a oolchiteen akkati duute waaqni ni beeka. Haqnikee haqaaqamee, dhugaankees waan awwalameef dhangaa nyaattee quuftee dhugaa beela'aa jiraatte. Kun yeroo gabaabaaf qofa miti jaarraa tokkoof walakkaadhaa ol lakkaa'ee jira. Dhiifama gochuu qabna kanan jedhuuf garuu madaan kaleessa ture na dhukkubuu waan dhiiseef miti. Dhugaa dubbachuuf har'ayyuu nadhiiga madaan sun. Ammayyuu hin qoorre. Kanaaf sabakoo siinis akka sidhukkubu nan beeka. Gochi nurratti godhame kan irraanfatamu miti. Ta'us an ammas kanan jedhu yoo jiraate sabni kun dhiifama gochuu qabaadha. Maaliif? gaaffii jedhuuf dhiifama gochuutu caalanii argamuudha. Akkuma Maahatama Gaandii jedhee namni dhiifama gochuu danda'u nama jabaa akka ta'etan amana. Angafoota nadursan danuutti mata-duree kana yeroon kaasu dubbii isaanii irraa kanan hubadhu sabni Oromoo gadoo(gumaa) isaa baafachuu akka qabu kan dheebotan natti fakkaata. Warri nu miidhe kaleessa dogoggora seenaan bor isaan gaafatu nurratti hojjetaniiru. Ammayyuu harka isaanii hin sassaabbanne. Nutis isaan kana irratti gumaa baafanna yoo jenne dogoggora seenaa irraa deebinee hojjenne jechuu dha. Itti gaafatamummaan yakka seenaa akka yakka seeraa miti. Akka fakkeenyaatti, seerri nama jiru adaba; kan du'e adaba seeraa eessatti arga? Seenaan garuu akkas miti. Du'anis jiraatanis,

dachee keessati dhalatan keessa yoo jiraatanis, yoo keessaa godaananis gaaffii fi adaba seenaa jalaa ba'uun tasumaa hin dandaa'amu. Addunyaa kana irra hanga yowwanatti gaafatama seenaa duraa miliquuf sochii godhee kan milkaa'e hin jiru; sichis hin jiraatu. Kanaaf sabnikoo inni sirni Gadaa nama irra darbee bineensa daggalaa akka inni kabaju, mukaaf illee eeggannoo akka inni godhu barsiise nama irratti gadoo baafachuuf duuluu hin qabu dhaamsa jedhun qaba. Waan isaan nugodhan irraanfanna hin jenne garuu dhiifama goonan jedhe. Akkuma Maatama Gaandiin jedhe dhiifama gochuu fi irraanfachuun gargari; isaan walii lama. Biyyoota yaad-rimmee dhiifamaa gadi fageenyaan hubatanii fi warra isaan cunqursaa ture duratti mataa ol qabatanii milkaa'an muraasa akka armaan gadiitti gabaabinaan akka fakkeenyaatti isiniif caqasuun yaala.

- Gurraachonni Afirikaa kibbaa har'aa warra adii wajjin jiraachaa jiru. Waan warri adii isaan irrati godhan, hidhaa fi ajjeechaa, darara isaanii isa hamaa sana dagatan jechuu miti garuu dhiifama godhaniif.
- Sabni kakuu Waaqayyoo Isiraa'eelonni har'aa warra Jarmanii wajjin jiraachaa jiru garuu ajjeechaa Adoolf Hiitiler lammii isaanii miliyoona ja'a ol irratti raawwate irraanfatan jechuu miti. Irraanfachuus hin dandaa'an.
- Biyyoonni adunyaa kanaa warri yeroo waraana addunyaa lammaffaa gaazii summaa'aa fi keemikaala sanyii duguugee lafarraa balleessu bineensi illee ittiin ajjeefamuu hin qabneen wal fixan har'a walii wajjin jiraachaa jiru garuu miidhama isaanii sana irraanfatan jechuu miti.
- Uummanni Oromoos karaa beekamuuf hin beekamne baroota

dheeraadhaaf ajjeechaa gara jabinaa, hidhaa fi dararaa guddaa haamilee namaa cabsu baannee jiraanneerra. Haatii fi ilmoon bakka tokkotti, abbaa fi ilmi bakka maasii keessaa hojjetan keessatti rasaasaan ajjeefamanii lubbuu isaanii bakka bu'amuu hin dandeenye akka dhaban ilaalaa dhiyaana obsaa soorachaa har'a geenyeerra. Osoo daa'imni harmaaf boossuu harmi deessee muramee, harki citee akka damee mukaatti gatameera. Kanaafis yaadannoo qabna. Kun hundi miidhama dagatamu miti garuu dhiifama gochuu qabna. Gadoo baasuun boqonnaa yeroo namaaf laachuu dandaa'a garuu warra seenaa yakkan ijaa ba'uun seenaa yakkuudha jedheen sabakoo saba guddaaf dhaamsa dhaama.

Dhiifama gochuun caalanii argamuudha, sabnikoo warra isa miidheef dhiifama haa godhu!

SEENSA:

Jarana kamiin sodaannu? Seenaan moo seeraan gaafatamuu?

Seeraanis seenaanis kan gaafatamu nama yakka hojjetee dha. Yakka seenaatiin seenaan gaafatamuun yakka seeraatiin seeraan gaafatamuurra maaliif akka caalemmoo kitaabni kun hanga tokko hubannoo ni kenniti jedheen abdadha. Kitaaba kana keessatti waa'ee geggeessitoota seeraas, seenaas hin sodaanne ni argitu. Arguu qofa miti waa'ee isaaniis bal'inaan isin barsiisa, isin yaadachiisas. Dogoggorra hojjechuun kan jajjabeeffamu miti yookaan akka waan gaarii tokkotti kan ilaalamu qabu miti yoo ta'eyyuu deebistee sirriitti jireenya jalqabuuf dogoggorri carraa gaariidha. Kitaabni kun, dogoggoraa fi hanqina geggeessaa darbee irraa geggeessaan amma jiru ga'umsa horachuu qaba yaada jedhus ni hubachiisti. Biyya keenya geggeessaan baay'eedha; Garuu amaleeffannaa ta'ee, warri carraan hayyamteefii barcuma geggeessummaa irra taa'uuf milkooman bakka taa'an sanaa ka'uurra du'anii boolla lixuu filannoo dhumaa godhatu. Yoo du'aan yookaan akka hattuutti ari'amanii gadi dhiisan malee kaa'anii wal teessisuun hin jiru. Habadan sichi garuu akkas hin ta'u; qeerroon qaroo ta'uuf kutatee ka'eera.

Dogoggora kaleessaa yaadachuun barnoota jireenya har'aa irraa argachuufi!

Kitaaba kana erga dubbisteen booda yoo geggeessaadha taate geggeessaa sirrii taata, geggeessaa miti taanaan immoo hiika geggeessaa sirrii fi hojii isaa waan irraa bartuuf geggeessaa sirrii filachuuf hubataa taata jedheen abdii qaba. Kan ati beekuu qabdu namni kamillee sadarkaa irra jirutti geggeessaa akka ta'eedha. Nama kan biraa yoo dhiiste ofiima keetii geggeessaa sirrii ofiif

ta'uudhaan jijjiirama guddaa fidda. ***Jijjiiramni biyyaa fi sabaa immoo bu'aa geggeessaa jijjiirameeti.*** Kanaaf immoo sirraa kan eegamu geggeessaa jijjiiramaa ta'uu, ta'uu baannaan geggeessaa jijjiiramaaf ta'u filachuu danda'uudha. Wantoota armaan olitti caqafaman irratti dabalataan gaaffii namoonni hunduu hanga har'aatti of gaafachaa, namas gaafachaa jiranii fi turan akkasumas deebii gahaan gadi fageenyaan bifa nama amansiisuun itti hin kennamin kannen akka aadaa fi amantii, sabboonummaa fi amantii kitaaba kana keessatti jechoota salphaadhaa fi ifa taa'niin katabamaniiru. Sabboonummaa fi amantiin akkamiin wal faana adeemsifamuu akka qabanii fi yoo maal ta'e jireenya namoota dhuunfaa fi hawaasa keessatti akka balaa uumaan adda baasee nuuf ka'a. Akkasumas irreechi/irreessi kan dhaaba amantii tokkootimoo kan uummata Oromooti? gaaffii jedhuuf deebii guutuu argatta. Amantii garaa garaa hordofuun uummata Oromoof garaagarummaa dha jedhee summii ormi kaleessa nu godduutti facaasaa ture, har'as facaasaa jiruu fi sichis facaasuuf yaalu maloota ittiin maqsinu irratti ibsa ga'aatu as keessa kaa'amee jira. Kanattis dabaluun namni kitaaba kana dubbisu hundi beekee warra hin beeknellee barsiisu kan qabu aartiin Oromoo ummata Oromoof meeshaa qabsoo isaa akka ta'ee fi Oromoon aartii isaa malee, aartiin Oromoos Oromoo malee akka hiika hin qabnedha. Aartiin saba guddisa, sabni guddachuu barbaademmoo aartii isaa guddisa. Kanaaf kanaan booda dureessi artistii Oromoo gargaaree hojii aartii hojjete akka waan nama dhuunfaaf waa liqeesseetti yaaduu akka hin qabne beekamu qaba. ***Sabni Oromoo miliyoonni shantamaa ol osoo jiruu artistiin Oromoo kennaa aartii qabu sababa sodaa liqiitiif hojii aartii hojjechuu dhiisee taa'uun salphina.*** Dur kun tureera garuu kitaabni

kun waa'ee kanaatiif waan baayyee jettee waan jirtuuf sichi akka kun hin taane abdiin qaba. Inni biraan qabsoo karaa nagaa keessatti akkamiin injifannoon argama? Paartileen siyaasaa uummata Oromoo keessatti baay'achuun uummaticha ni miidhamoo ni fayyada? Gaaffilee gurguddoo kana lamaaniif illee deebii sirrii argata dubbisaan kitaaba kanaa ragaadhaa wajjin. Dhalli namaa bilisummaatti jiraachuu barbaada. Waaqayyos nama bilisa godhee waan uumeef akka inni bilisummaatti jiraatu fedha. Namni bilisummaa jaallatu kun akka inni hin bilisoomne kan godhe daandii qabsoo hadhooftuu dhandhamaa irra adeemaan ishee bilisummaa fi garbummaa gidduu keessa darbuu sodaachuudha. Daandii gara bilisummaatti geessu keessaa daandii kutaa yookaan qaxxamurri hin jiru. Yoo jiraates balaa hin dhabu kan morma namarraa kutu. Kanaaf daandiin qaxxaamuraan waan argameef irraa kaachuun qabsoo sabaa dugda duubatti waan deebisuuf geggeessaan qabsoo akeekkachuu qaba. Garbummaan gosa lamatu jira siin jetti kitaabnikee. Isaan kana lamaan keessaa garuu kan isheen deggertu tokkoyyuu hin jiru lamaan isaanii balaaleffatti.

- Garbummaa isa hadha'aa garbummaa ta'uun isaa beekamee fi
- Garbummaa bilisummaa fakkaatu isa akka salphaatti garbummaa ta'uun isaa hin hubatamnedha.

Garbummaan hundumtuu diina dhala namaa haata'u malee garbummaa hamaan garbummaa bilisummaa fakkaatudha. ***Hidhaan garbummaan bilisummaa fakkaatu ittin nama hidhu hidhaa wadaroo battee dhaa'ame irra jabaata.*** Kana hunda bartee sabakee barsiisuuf kitaabnikee kun hubannoo ga'aa siif laatti shakii hin qabaatin. Adaraa yoo amma dhumaatti miiltoo naaf taata ta'e malee anaa wajjin adeemsa eegaltee karaatti nabiraa deebita taanaan naa

wajjin deemsa hin eegalin siin jetti kitaabni kun. Dubbistee hin xumurtu taanan dubbisuu hin eegalin. Qabxiillee barbaachisoo ani tuqe kana bira geessee dubbistee amma kitaabakee kana irraa hubattutti kitaabakee kana irraa adda hin ba'in. Namni kitaaba dubbisuu eegalee osoo hin xumurin dhiise, akka nama mana ijaaruu jalqabee hin xumurin hafeeti. Namni akkasii wantoota barbaachisoo baduu hin qabne of jalaa balleesse. Tokkooffaa yeroo isaa ishee bakka hin buufamne of jalaa balleesse. Lammaffaa qabeenya isaa qisaasesse. Sadaffaa immoo humna isaa waan baasuu hin qabnetti baase. Kanaaf dhumni hojii nama akkasii gaabbiidha. Atis akka hin gaabbineef...!!

Dubbisii jijjiirami, erga jijjiiramteen booda immoo warra jijjiiramuu qaban lammiikee jijjiiri!

Yeroo dubbisaa gaariin siif hawwa!

BOQONNAA TOKKO
AMALA GEGGEESSITOOTA SEERAS SEENAAS HIN SODAANNEE

"Hundi keenya iyyuu ni duuna. Kaayyoon nuti qabnu bara baraan jiraachuu osoo hin taane, seenaa bara baraan jiraatu hojjennee darbuudha!" ***Chuck Palahniuk***

Imaanaa Isaanitti Laatame Osoo Hin Taane Taayitaa Isaanitu Itti Mul'ata

Barcumni dhugaan irra hin jirree fi imaanaan irra taa'u dursanii fuudhan sun irratti hin eegamne geggeessaa yoo baattee jiraattellee anaaf qullaadha!

Geggeessaa kan kabachiisu taayitaa isaa osoo hin taane hojii isaati. Waan hundumaa dursee gaafa hundumaa kan geggeessaan yaadachuu qabu waa'ee imaanaa isatti laatameeti. Geggeessitoota taayitaan isaan jaamsee imaanaa sabaa arguu dhaban danuu qabdi addunyaan kun. Gaafan akkas jedhu kan biyya kanaa qofa miti jechu kooti. Biyya kana ergan dhaladhee kan geggeesse nama baay'ee miti; angoon geggeessummaa badaa wal hin geessu waan ta'ef. Akka walii gala biyyoota addunyaa kanaatti garuu baay'eedha. Warran ijaan hin argin hafe baay'ee immoo waa'ee isaanii kitaaba seenaa irraa dubbiseera. Geggeessitoota biyya kanaa warran waa'ee isaanii kitaaba seenaa irraa dubbise keessaa waa'ee nama tokko kaasuun barbaada. Mooticha kana seenaan ittiin yaadadhu qabaachuudhaa yoon baadhes komee isaanii seenaa barreessuuf maqaa nan dha'a. Raas Tafarii Mokonnon W/Mikaa'el (Hayilee Sillaasee) jedhama. Kunooti jechi isaa "Samiin hin qotamu, mootummaanis hin

komatamu. Anaaf aangoon kun Waaqa biraa naaf laatame. Namni ana irrati ka'e Waaqayyo irrati ka'e. Ani leencicha sanyii Yihuudaati. Waanan barbaade yoon raawwadhe hin komatamu" jedhee aangoo isaatiin sabatti dhaadhata. Kun amala geggeessaa isa seeras seenaas hin sodaanneeti. Mootiin kun biyya kana waggaa 43 geggeesse jedhugaa, yoo akkas jechaa geggeessuun geggessummaa ta'eef. Haasaa mootiin kun haasa'e kana hundumaa keessa biyyakoo, sabakoo kan jedhu tokkollee hin jiru. Kan inni dubbatu waa'ee taayitaa isaa qofa. Jecha isaa kana keessa sookoodhaan waanan fedhe yoon hojjedhes yoon balleesses ani seeraan hin himatamu jechuutu jira. Ani immoo kunoo nan jedhaa seera jalaa baatus seenaa jalaa hin baatu seenaatu si gaafata jechuukoo hin dhiisu.

Mootiin taayitaa isaa malee imaanaa isatti laatameef hin jiraatin sammuu saba geggeesse keessaas lafaas siidaa seenaa hojii gaarii hin qabu.

Maal siidaan namoota hojiin isaanii gaafa dhagaa'an nama suukanneessuuf dhaabbate meeqatu jira jechuu dandeessa. Ani garuu siidaa seenaa hojii gaariin jedhe malee siidaa lafarraatti ijaarame hin jenne. Siidaan jiraachuun waa lamaaf dhaloota nu booddeen dhufu gargaara. Inni duraa siidaa yaadannoo hojii gaariiti. Isa lammaffaa immoo maqaan isaa waan inni jedhamu hin beeku malee biyya kana keessa siidaadha jedhamee dhagaan wal irra tuulame tokko tokko ni jira, kan dhaloonni gaafa bira ga'u ilaalee boo'u.

Anaaf siidaan dhaloonni gaafa bira ga'u ilaalee dhukkubsatu dhagaa tuulamaadha malee siidaa seenaa miti!

Sababni isaa siidaa dhugaan isa dhaloonni gaafa ilaalu sammuu itti dhukkubsatu osoo hin taane isa dhaloonni dabaree eeggatee yaadannoodhaaf suura cina isaa dhaabbatee ka'u sanaa dha. Gaaf tokko siidaa tokko bira gadi teenyee ijoollee hiryoota koo waliin afur taanee boonye. Maal ta'a laata osoo siidaan kun lafa kanaa balleeffamee jennee osoo nuti walitti dubbannuu maanguddoon tokko nu dhagaa'an. Erga nu dhaggeeffataniin booda, "Hin goyyoominaa siidichi haa jiraatu" nuun jedhan. Anis gara isaaniitti siqeen maaliif jettan? jedheen gaafadhe. Isaanis "bor ilmaan keessan siidaa kanatti quba qabanii gaafa isaan 'kun maali?' isiniin jedhan waa'ee abbaa siidaa kanaa bal'inaan itti himtu" jedhanii deebii naaf laatan. Dubbiin isaanii dhugaadha. Dhagaa tuulamaan sun haa jiraatu. Nuti immoo isatti naannessinee siidaa seenaa isa dhugaa ijaarra.

Yoo geggeessaa taate beela garaa keetii of qubsuuf imaanaa hin nyaatin, imaanaan buddeen miti, foonii fi dhiiga dhaloota sitti laatameeti; imimmaan sabaa!!

Amma dhuguma geggeessitootni hundumtuu hiikni geggeesummaa ishee dhugaan imaanaa akka taate sirriitti beeku laataayi? Geggeessaa amantii yoo taate imaanaa baatte jirta. Geggeessaa biyyaa yoo taate imaanaa isa caalu baatte jirta. Namni ba'aa baatu hin rafuum. Namni ba'aa baatus maaliif akka ba'aa sana baatu hin wallaallu. Maraatuu malee jiraa laataa waan baatuuf osoo hin beekin ba'aa kan baatu? Hiika geggeessummaa isa dhugaa osoo hin beekin barcuma geggeessaa irra ta'aa jirta taanaan dogoggora seenaa hojjechaa jirta; waan bor si gaabbisiisu. Geggeessaan gaafa imaanaa

isatti laatamte baachuudhaaf saba dura dhaabbatee harka isaa ol kaasuun itti gaafatamummaa fudhatu geggeessaa gosti afur akka jiru beeku qaba. Isaan arfan kana keessaa filachuu kan inni qabu garuu dirqama tokko qofa.

1ffaa Geggeessaa ofiis miidhamee imaanaa isatti kennames miidhu.
2ffaa Geggeessaa ofii fayyaa isaa ba'ee imaanaa isatti kenname miidhu.
3ffaa Geggeessaa ofii miidhamee imaanaa isatti kennamee miidhamarraa oolchu.
4ffaa Geggeessaa ofii isaas imaanaa isatti kennamees miidhamarraa oolche injifannoodhaan bara geggeessummaa isaa raawwatu.

Filannoo kan hin qabne geggeessaa sirriin isa 4ffaa irra jiru kanaadha. Kana ta'uu baannaan garuu geggeessaan ofii miidhamee dhaloota hambisuutu isarra jiraata. Biyya keenya jiraachuu baatus biyyoota addunyaa kanaa keessaa muraasa keessati geggeessaan ofii isaa laatee dhaloota oolche ni jira.

Geggeessaa iji geggeesummaa isaa sirriitti argutti imaanaa sabaa fi biyyaa malee taayitaan hin mul'atu.

Taayitaa keetu sitti argamaa jira tanaan ati geggeessaa jaamaadha isa dhaloota harkaa karaa balleessu. Wanti geggeessaan bu'aadha jedhee lakkaa'achuu qabu mana erga gara geggeesummaatti dhufee ijaarrate osoo hin taanee lammii erga inni gara hojiitti dhufee beelaan daandii irratti du'uu irraa hafanii dha.

Bara 2016 gaafa pireezedaantiin Ameerikaa yeroo sanaa Baaraak Obaamaan biyya Itoophiyaa kana dhufan geggeessitootni biyya keenyaa dogoggora seenaan hin daganne tokko hojjetan. Umuriikoo keessatti akka guyyaa sanaa

gaddee hin beeku. Sababni isaa guyyaa sana lammiilee biyya kanaa warra daandii irra jiraatan irratti gochi godhame gocha suukanneessaa dha. Lammiileen kun manni isaan keessa jiraatan sharaadha. Maaddii isaan keessaa nyaatan feestaalii dha. Gaafa keessummaan kun dhufu garuu akka nama daandii irraa waan xuraa'aa qulqulleessuutti bakki jireenya namoota kanaa jalaa diigamee gatame. Nuti warri dur hirirree taaksii eegganne deemnus bakki hiriira taaxi keenyaa nu jalaa ugguramee danqamnee bakkuma jirru turre. Rakkina taaksii Shaggar keessaa namni hin beekne maaltu jiraa miti dhukkubsataatu of irra gadi taa'aa dhaabbatee eeggata. Dhuma irratti karaan hundumtuu waan cufameef taaksiin deemuu dhorkamee warri humna qabnu miilaan deemuuf dirqamne. Kan deemsaaf humna hin qabne akkamiin akka bakka jiranii galan hin beeku. Lammiin hundumtuu danqamee waan godhu wallaale. Daandii jiru irra adeemuuf heyyama loltuu biyya kanaa eeganne. Asiin deemuu hin dandeessan, achiin yoo ta'e malee nuun jedhan. Biyyuma abbaa keenyaa irratti yakkamnee akka hattuu bir'achaa gargar bittinnoofne. Sababni isaa keessummaa isaaniitu konkolaataa moodelii hammayyaatiin daandii lammiin kukkufee irra ciisaa ture sanaa fi daandii lammiin dur cina isaa hiriiree taaksii eeggaturra darbuuf dhufaa jira. Geggeessitootni biyya keenyaa ofii isaaniitii yakka baatanii uummatatti gadi hin baane waan qabaniif, geggeessaa Ameerikaa isa kaleessa uummata isaa gidduu deemurraa nu eegu loltuudhaan. Dhufaatiin keessummaa isaanii inni isaan arguuf sardaman saba isaan geggeessaniif immoo ciniinsuu ta'e. Lammiileen cina daandii jiraatanis guyyaa sanaaf achii kaafamanii erga keessummaan isaanii galee immoo bakka isaanii duraatti deebifaman. Seenaa ukkaamsuun hin dandaa'amne ukkaamsuuf yaaluun gara seenaadhaan jajamuutti nama hin fidu; daraan itti gaafatamummaa namatti cimsa malee. Geggeessitoota bara sanaa namni waa'ee kanaa gaafatee kun dogoggora jedhe tokkollee hin turre. Jarri sunis humna qabaatanii seeraan hin himanne. Garuu seenaan isaan gaafachuudhaaf jirti ishee jalaa ba'uu tasumaa hin dandaa'an.

Geggeessaa sirriin saba isaa akka faajjiitti ol kaasee mul'isa malee yeroodhaaf ija keessummaa isaatii jalaa saba isaa hin dhoksu.

Geggeessaan imaanaa isatti kenname eege:-

- *Eegduun isaa loltuu osoo hin taane saba.*
- *Ulfinni isaa taayitaa isaa osoo hin taanee hojii isaati.*
- *Badhaasni isaa guddina biyyaa fi saba isatti laatameeti.*
- *Garaan isaa buddeen miti dhaadannoo sabaan quufa.*

Geggeessaan imaanaa isatti kenname nyaate garuu:-

- *Eegduun isaa loltuudha kophaa isaa sabatti gadi hin ba'u.*
- *Ulfina jedhee kan inni ilaallatu taayitaa isaaf laatamteedha.*
- *Badhaasni isaa **dizaayinii** bareedaadhaan mana ijaarrachuudha.*
- *Garaan isaa buddeen nyaatee quufee dhaadannoo sabaa beela'aa jiraata.*

Kanaaf asumaan dhaamsi ani siif dhaamuu barbaadu siidaan yaadannookee borii hojiikee har'aa akka isheen fakkaattuudha. Geggeessaa taatee amma jirtutti imaanaa sitti kennameef jiraadhu. Imaanaa sitti laatameef jiraachuu hin dandeenye taanaan dabarsii hojicha qaama dhimmi isaa ilaalutti ariitiidhaan laadhu.

Jaalala Barcumaa Malee Jaalala Biyyaa Fi Sabaa Hin Qaban

Geggeessaan jaalala biyyaa fi saba isaa qabu gaafa iji isaa rakkina keessa dabarsee ulfina borii arguu dadhabu; osoo isa harkatti hin kufin biyyaa fi saba isaa dabarsee nama kufaati irraa oolchuu danda'utti laadhata!

Geggeessaan osoo dhiigni dhalootaa lola'uu, qabeenyi biyyaas saamamee qe'een duwwaatti hafu, itti fufee waa'ee jiguu barcuma isaatiif cinqamu nama akkamiiti laataa? Dhugaa dubbachuuf anaan kan baayyee na dhibutu jaalala namni barcuma geggeessummaaf qabuudha. Geggeessitoota Afirikaa danuu waan jaalalli barcumaa dhiiga isaanitti makame jiru natti fakkaata. Akka itti bara geggeessummaa isaanii dabalatan argannaan waa'een kufaatii dhalootaa fi biyyaa isaaniif hoomaayyuu mitti. Geggeessaan akkasii kun isa seeras seenaas hin sodaannee dha. Geggeessaan akkasii osoo daangaan biyyaa inni lafeen ijaaramee, dhiigaan immoo sararame diigamuu rafee bula. Maal kana qofa itti fufee barcuma geggeessummaa isaa kufaatii irra hambifachuuf immoo hirriba keessaa ka'ee mala mala. Kan hirriba isa dhorku waa'ee taayitaa gadi dhiisuuti malee waa'ee miidhama dhalootaa miti. ***Geggeessaan akkasii hin dhalatin, dhalatus hin guddatin.*** Sababni isaa yoo dhalates bu'aa waan hin buufneef dhalachuun isaa hafuun gaariidha.

Geggeessaa seenaa sodaatu bara geggeessummaa isaa keessa dhaloonni akka baalaatti du'aan harca'uu osoo hin taanee, bineensi bosona keessaa miidhamuun iyyuu barcuma irraa isa kaasa.

Ani seenaa geggeessitoota baay'ee kitaaba seenaa irraa dubbisee gaafan argu, nuti gara fuulduraatti arginaa laata mootii jaalala barcumaa dhiisee jaalala dhalootaa qabu? jedheen of gaafadha. Sababni isaa addunyaan kun geggeessaa akka (Winiston Charchil) biyya isaaf dhaadannoo injifannoo dhaadachaa dhaloota dura bu'ee du'atti adeeme qabdi. Namni kun muummicha ministeeraa biyya Ingiliziiti. Jechi isaas kunooti.

"Mana maree fi kaabinee kabajamoo kanaaf dhaamsi ani dabarsuu barbaade kanaadha. Ani geggeessaa tajaajilaan keessan biyyaa fi saba koof wanti baay'ee barbaachisaan ani kennuu barbaade dhiigakoo, humnakoo, imimmaankoo fi dafqa kooti. Fuula keenya dura akka danqaraatti kan dhaabbate diina. Isa dura keenya dhaabbatee jiru kana injifachuuf immoo qabsoo hadha'aa qabsaa'uutu nu barbaachisa. Galaanarra, qilleensarraa fi lafarra humna qabnuun gargaarsa Waaqayyoo wajjin kabaja ulfina eenyummaa keenyaa kabachiissuu danda'uu qabna. Gatii kam illee nu haa baasisu, hiree diina keenyaa cabsinee injifannoo gonfachuu qabna. Adeemsi keenya rakkisaa fi wal xaxaa ta'ullee, injifannoo malee boquu ol qabachuun hin jiru. Kaayyoon keenya injifannoodha. Injifannoo! Injifannoo! Anis isin dura bu'uudhaan duula kana nan geggeessa." jedhe.

Ani garuu geggeessitoota ergan dhaladhee biyya kana geggeessan keessaa rakkoo dhufaa jirutti dhaloota dursee deemee ofii isaa kan laate hin argine. Sichi immoo maaltu ta'uuf akka jiru hin beeku. Geggeessaan gaaffii dhalootaa isa jaarraa lakkaa'e kana deebisuu danda'u geggeessaa ofii isaa kennuu danda'u qofa. Dhiiga dhaloota biyya kana keessatti dhangala'ee kan dhangalaase loltuu biyya kamiyyuu osoo hin taane loltuu biyya kanaati. Diina saba kanaa osoo hin taanee isa saba kanaa fi diina saba kanaa gidduu dhaabachuuf waadaa seeneedha; dhiiga isaa kan dhangalaase. Geggeessaan nuti qabna jennee lakkaawwannu immoo isa ofii wareegamee dhaloota wareegamurraa oolchu miti. Kana gochuu dhiisii garaa loltuu sabaa fi sabayyuu waliti fiduu hin dandeenye. Loltuun biyya kanaa fi sabni biyya kanaa akka ormaatti wal ilaala. Kanarraan kan ka'e deessee gadameessatti isa baatte rasaasaan ilmoo ishee wajjin bakka tokkotti waadee dha'ee ajjeessa. Haadhoo garaa tokko wal cinatti dhiiga

isaanii lolaasa. Sammuu nagaan gaafa yaannu garuu loltuun kun kan saba kanaati. Deesseen isaas abbaan isaas kan isaan jiraatan saba kana keessa. Ormi dhufee biyya kanaaf loltuu ta'ee dhaabbate waan hin jirreef haadhoo keenya isa harka duwwaa dhugaaf dubbatu kan ajjeese haadhoo keenya isa meeshaa hidhannootiin jiruudha. Salphinni guddaanii fi dogoggorii seenaa amma kana ga'u kan dhufe rakkina geggeessitoota jaalalli barcumaa jaalala dhalootaa jalaa dhokseeti. Mootota akkasii kanaaf ani inni daa'imni kun iyyuu jechan dhabee galmeen seenaammo maal isaaniin jedha laataa? Wanti baay'ee na dinqu dorgomaa waan qabaniif osoo hin taanee duuti waan jiruuf gaafa du'an barcuma gadi dhiisu biyya kanaa. Waan jennee waamnu dhabneeti malee maqaan namoota akkasiitiif malu maqaa geggeessaa jedhu hin turre.

Geggeessaa seenaan abaaru ta'urra geggeessaa hin ta'in hafuu wayya.

Walga'iin Isaanii Erga Rakkoon Uumameen Booda

Biyyaa Itoophiyaatti erga rakkoon uumameen booda kan galmi walga'ii boqonnaa dhabee muddamu malee, amma rakkoon uumamutti cufamee ta'a.

Du'a dhalootaatiin booda wal ga'iin jiru walga'ii rakkoo furu osoo hin taanee walga'ii jaarsummaa sobaati. Sababni isaa yeroo baay'ee miidiyaa biyya keenyaarraa waa'ee ajjeefamuu fi dhangala'uu dhiigaa gaafa dubbatan jecha ***'akka tasaa'*** jedhu malee ***'dogoggoraan'*** jedhu hin dhageessu. Kana jechuun yakkanii yakka ofii seera jala dhoksuuf yaaluu jechuu dha. Kanaaf biyya kanatti

yakkamaan yakka isaa dhoksuu geggeessaa isaarra waan shaakale fakkaata. Geggeesitoota akkasii seeraan himachuuf yoo ragaa dhabne seenaa ishee ragaa nu hin gaafannetti ni himanna isheen nuuf haa gaafattuu.

Du'a dhalootaan booda mareen barbaachisu kan geggeesitoota biyyaa osoo hin taane kan afooshaa mandaraati. Maree fi walga'iin geggeesitoota biyyaa inni bu'aa buusu isa du'a dhaloota durse akkatti dhaloonni du'a ooluuf taasifame qofa.

Kaabinoonni biyyaa yoo kan fuula duratti rakkoo argan ta'an mareen isaanii akkamiin rakkoo kana furraa? Du'atu dhalootatti dhufaa jira yoo ta'e akkamiin du'a kana jalaa dhaloota oolchina? kan jedhu ta'a. Kun jiraannan haabadan duuti inni biyya kanaa beekaa godhanii du'a tasaa jedhan sun hin jiraatu. Du'aan booda, miidhamaan booda walga'iin dhimma hin baasu kanan jedhuuf sababan qaba. Kan ba'e lubbuu dhalootaati qabeenya miti bakka hin buufamu. Kan mana dukkanaa keessatti jaame agartuudha, isa dhabni isaa ifa keessaa baasee dukkana keessa dhaloota jiraachisu. Kaleessa deeme dhaqee har'a immoo wiilsheriin mana hidhaa keessaa gadi ba'e kan ol deebi'u qaama namaati isa jijjiramu hin dandeenye. Biyya kana kan hidhaa fi darara guddaan irra ga'uudhaan qaama isaa dhabee utuu eeggatamuu eeggataa harka namaa ta'e lakkoofsi isaanii meeqa laata yaaddee beektaa? Maaliif du'e, maaliif reebichaan miidhame gaaffii jedhuuf deebiin geggeessaan deebisummoo maal akka ta'e beektaa? Suuqii kaartoonii utuu gubuu qabamee ajjeefame, gubuuf utuu yaaluu rukkutamee miidhame kan jedhuu dha. Gaaffiin gubachuu mana kaartoonii dura ture garuu gaaffii jecha tokko yookaas lamaan

deebi'u miti. Maaliif gube? Dursee deebi'uu kan qabu gaaffii isa kana. Ani deggeraa nama waa balleessuu miti. Garuu ibidda qabeenya irrattis, dhaloota irrattis boba'eef sababni geggeessaa ga'umsa hin qabneedha jedhee ejjennoon dubbachuun barbaada dhugaa jiru. Dhaabbata amantii warri geggeessan, warri biyya geggeessan kan isaan hatattamaan walga'ii waaman gaafa rakkoon dhufeedha. Erga ibiddi bosana gubeen booda akkamiin akka bosonni sun gubate odeessurra, dursanii bosana sana eeguutu amala geggeessaa sirriiti. Biyya geggeessaan ishee nagaa ishee eegsisuu dadhabe keessatti walga'iin kaabinee biyya sanaa torban guutuudha. Guyyoota kana baay'ee isa jarri wal lolu, wal qeequ, badii isa sanaati badii isa kanaati jechuun yaadaan wal dhabu. Garuu maal godha isaanis rakkoon furamu muraasa. Sababni isaa rakkoo kan furu baay'ina guyyaa walga'ii osoo hin taanee geggeessaa gaariidha. Yeroon kaabinoota geggeessaa gaariin durfamanii walga'iidhaan osoo hin taanee guutummaan isaa hojiin qabamaadha. Isa tokko gaafa isaan raawwatanii injifannoon xumuran, hojii itti aanutu isaan mudata. Gaafas hoj-maneen isaanii madda rakkoo barbaaduu osoo hin taanee rakkoo sanaaf daawwaa barbaaduudha. Kun kan ta'u yoo iji dursaa isaanii isaan dursee madda rakkoo arguu danda'e qofadha. Kun taanaan biyyi guddachuutti jira, dhaloonni hiriira mormii yookaan diddaa dhiisee hojiitti deebi'a waan ta'eef. Geggeessaan biyyaa sirrii ta'uudhaa yoo baatee kaabiinee biyyaa sanaa walga'ii, uummata biyyaa sanaa immoo hiriira mormii yookaan diddaatu hojii dhorka. Kanaaf guddinni biyyaa hin yaadamu jechuudha.

Geggeessaa gaariin rakkoo gaafachuuf osoo hin taane furmaata rakkoo itti himuuf kaabiinee biyya geggeessu walga'ii waama!

Himni kun dhugaa dha. Rakkoon maaltu jira jechuu fi rakkoo kana akkamiin furra jechuunillee gargari hojii geggeesummaa keessatti. Rakkoon uumame beekameera taanaan hojii inni jalqabaa dhumeera. Kan hafu furmaata barbaaduu qofa. Rakkoon hin beekamne taanaan garuu hojiin hafee mata dureen walga'ii guyyaa sanaayyuu kan eegalu rakkoon maaltu jira? kan jedhu ta'a. Kun kan inni murteefamu ga'umsa geggeessaa isa dura kaabiinee biyya sanaa jiruutiini.

Iji geggeessaa kan rakkoo argu of fuulduratti malee erga inni uumamee darbee dugda isaa duubatti miti!

Geggeessaan biyyaa fi dhaloota rakkoo oolchuu danda'u isa rakkoo of fuulduratti arguudha malee erga rakkoon uumamee darbee dugda duubatti eenyuyyuu ni arga. Egaa biyyi keenya amma har'aatti argatteettii laataa geggeessaa balaan dhufaa jiraachuu of duratti argee dhalootaaf bakka dhokannaa qopheessu? Sichi biyya kanaaf kan barbaachisuu geggeessaa akkasiiti. Dheebuun koos kana. Rabbiinis kanan kadhadha biyyaa fi sabakoof. Biyya keenyaa osoo rakkinni dhalootatti adeemuu arguun hafee erga dhiigni dhalootaa akka bishaanii lola'eyyuu adda baasanii hin argan; dhiigaa fi bishaanii isaa. Erga waa ta'ee walga'ii waamanii maaltu ta'e jedhanii gaafachuun amala geggeessitoota Afirikaa danuu isaaniiti. Kana beekuuf dhaloonni hundumtuu seenaa dubbisuu qaba. Dhumni bulchiinsa geggeessitoota Afirikaa baay'ee salphinaani. Mallattooleen isaan ittiin aangoo gadi dhiisanis baay'ee wal fakkaata. Sababni isaa hojii wal fakkaataa hojjetu waan ta'eef. Seenaa mootota biyya Afirikaa yoo dubbiste akkaataa isaan aangoo gadi itti dhiisan kanneen armaan gadiiti.

- Kaan akka hattuutti sabaa fi mootii isaan duubaan dhufe baqatanii biyyaa ba'an.
- Kaan isaanii immoo guyyaan du'a isaanii ga'ee du'anii du'aan aangoo gadi dhiisan.
- Gariin immoo biyyaa fi dhaloota rakkoo wal xaxaa keessa buusanii keessa baasuu waan dadhabaniif aangoo gadi dhiisanii baqatan.
- Faallaa kanaa hojii seenaa kan hojjetanis ni jiru, hamma warra yakka seenaa hojjetanii kana hin baay'atan malee.

Kun dhugaa akka ta'e abboonnikoo warri argan ni beeku. Warri akka koo erga dhalatanii geggeessaa biraa hin argin immoo kitaaba seenaa dubbisanii arganiiru; kun dhugaadha. Dhaloonni akka nuti geggeessinuuf nuti laatamu kun bu'aa yaali miti waan ta'eef rakkoo irratti ilaaluu hin qabnu. Imaanaan nuti fuunes uffannaa miti hin jijjiramu akka uffannaa keenya isa nuti jijjirannee namatti gadi baanu. Amma geggeessaa taanee jirutti, waa'een waan akka geggeessinuuf nutti laatamee nu ilaallata. Dogoggora uumneefis itti gaafatamna. Geggeessaan tokko tokko du'a foonii, inni kan biraan immoo abjuu dhalootaa ajjeessa. Du'a fooniitiif yoo ragaan jiraate seerri ni gaafata, du'a abjuu dhaloota nama raawwate garuu seenaatu gaafata. Namni gaafa jireenya isaa keessatti wanti inni dagachuu hin dandeenye miidhamni ulfaatan isa mudatu haamilee isaatu kufa. Namni haamileen isaa kufemmoo harkisuudhaan lafaa ka'uu hin danda'u. Kanaaf barataa baayyeen hiriyaan isaa ija isaa duratti gaafa ajjeefamu, haati ilmoo ishee osoo ilaaltuu gaafa of jalaa dhabdu kufaati haamilee kanatu uumama. Abjuun dhalootaas akkasitti du'a, du'uu foon namaa durse. Geggeesitoonni dhimma hin baasne garuu

rakkoo hin qaban. Du'a guyyaa tokko dhaloota mudate bira walga'ii guyyaa tokkootiin darbu. Kan namni dagachuu hin qabne kan bade albuuda osoo hin taanee lubbuu bakka hin buufamne ta'uu isheeti.

Iji geggeessaa warra inni geggeessu caalaa fageessee arguu gaafa dadhabuu kaasee, barcumni geggeessaa sanaa warra inni geggeessutti qullaa fakkaatti!

Ofiis Hin Hojjetan, Isa Hojjetus Hin Hojjechiisan

Dhaloonni dammaqee jijjiirama dheebote, geggeessaa dammaqee jijjiiramaaf hojjetuuf malee tole hin jedhu!

Biyya kana keessatti humni jijjiiramaa guddaan tokko qindaa'ee ka'ee isa hin taaneen nuuf hin ta'u jechuu erga eegalee jijjiirama jiruuf saba miti geggeessitootni biyya kanaayyuu ragaadha. Waaqayyo biyya baduu ishee hin barbaanneef nama iji isaa banamaa akka isheen badaa jirtu argu laata. Humna jijjiiramaa kanaaf akka biyya kanaatti maqaa **'qeerroo'** jedhu laatan. Biyyi kan biraan garuu abdii ishee egeree warra bor imaanaan itti laatamu kana maal jettee akka waamtu hin beeku. Kanaan booda geggeessaan kamillee humna jijjiiramaa kana balaalleeffachaa biyya kana geggeessuu akka danda'utti yaada taanaan habadan hin dandaa'amu. Maaliif jennaan namni dhaloota amma dhufaa jiru kana balleessuuf yaale egeree biyya kanaa balleessuuf yaalaa akka jiru beekuu qaba. Ofii waan hin hojjenneef osoo akka inni hin hojjenneef ittisanii **qeerroon** biyya kanaaf waan baayyee hojjeteera. Boriifis Waaqaa gaditti abdiin biyya kanaa isaanuma kana. Dhaloonni kun dammaqeera. Yeroo dammaquu qabanitti warra dammaqan kana deebisee raffisuuf kan

ururSu yoo jiraate inni geggeessaa biyya kanaa osoo hin taanee diina biyya kanaati. Isaan kana keessaa gara-jabinaan tokko kan ajjeesus nama biqilaa biyyi kun qabdu seeree gogsee, biyyattiitti hongee fiduuf karoora qabu qofaadha.

Sabni geggeessaa isaa irraa hojii jijjiiramaa dheebotee dhabe jijjiirama barbaanna nurraa jijjirami ittiin jechuuf sodaa du'aa hin qabu. Saba sodaa du'aa hin qabne du'aan doorsisuun immoo, dhama keessaa dhadhaa baasuuf raasuu wajjin walqixa.

Dhamni dhadhaa hin ba'u. Kanaaf namni dhama keessaa dhadhaa baasuuf raasu bu'aan isaa dadhabbii qofa. Dhala namaa kan ittiin sodaachisan du'a ture. Sabni jijjiirama dheebotee fi garbummaan itti hadhaa'e garuu isa namni sodaatu du'a kana sodaachuu dhiisa. Saba du'a hin sodaanne wanti ittiin sodaachisan tokko illee hin jiru. Saba hidhaa fi ajjeechaan sodaachifamuu bira darbetti bilisummaan dhi'oodha; hamma afaaniif funyaaniiti. Sababni isaa geggeessaa jijijirama fidu erga dheebotee qabsoon sabaa hanga isa jedhe kana dhugoomsuutti itti fufa.

Biyya tokko kufaatii dinagdee isa isheen keessaa hin kaane keessa kan buusu geggeessaa jijjiiramaaf hojjetu dhabuu ishee caalaa, geggeessaa warra jijjiiramaaf hojjetan hojii dhorkuun geggeefamuu isheeti.

Geggeessaan biyyaa fi sabatti kufaatii fidu ofii hojjechuu dhiisuu isaa irra darbee dhaloota hojjetu hojii dhorka. Kufaatiin biyyaa as irraa dhufu baay'ee hamaadha. Haamileen dhalootaas kan kufu gaafa kun ta'uudha. Dhaloonni haamileen isaa kufe immoo eeggataa ta'a.

Kanaaf biyya namni baratee erga barateen booda taa'ee harka namaa eeggatuuf fakkeenya jalqabaa kan taatu biyya Itoophiyaa kana. Biyyoota addunyaa kanaaf dinagdeedhaan sadarkaan laatamee jira. Isheen kan keenyaa meeqaffaarra jirti laataa? Taa'ee gaafan yaadu sadarkaan biyyoota kanaaf laatame sadarkaa geggeessitoota isaaniitiif laatameedha. Sababni isaa biyyi tokko galma geggeessaan ishee irraan ga'e irraa geessi. Inni ol kaasee taanaan ol kaati, bakka isheen jirtu irraa gadi buuse taanan gadi buuti. Hantuutni adurree yoo geggeessite galmuma hantuuta qofaadhaan geessi malee waan haaraan eessaa dhufa? Biyyi keenyas amma galma geggeessitootni ishee kaleessa irraan ga'uuf fuudhanii kaa'an irra geessee jirti. Kanaaf sadarkaan biyyi keenya addunyaarraa irra jirtu, sadarkaa ga'umsi geggeessaa biyya keenyaa qabuu wajjin tokko. Sadarkaan geggeessitootaas gaafa madaalamu sadarkaama biyya isaan geggeessan kanaaf kennameedha. Biyyi keenya tokkoffaa taanaan geggeessaan keenyas tokkoffaadha. Biyyi keenya dhuma yoo ta'ewoo? gaaffii jedhu deebisuu immoo siifan dhiisa. Dhugaa dubbachuuf biyya kanaaf guddinni badhaasa tolaati yoo geggeessaa sirriin argame. Sababni isaa biyyi kun biyya warri guddatan jennu hunduu sababii qabeenya ishee isa lafa keessa dhokfamee jiruutiif itti michoomaniidha. Kanaan booda geggeessaan hin jijjiiramin tasumaa geggeessaa biyya kanaa ta'uuf hin malu. Yoo ta'es waan haaraan hin uumamu. Gaafa geggeessaan jijjiiramaa gara aangootti dhufee kaaseeti biiftuun abdii jijjiiramaa biyya kanaaf kan baatu. Geggeessaan kophaa isaa biyya jijjjiira osoo hin taane dhaloota jijjiirama dheebotetti karaa argisiisa. Waan danda'u hojjetee kan hafettimmoo humna jijjiiramaa dugda duuba isaa jiru bobbaasa. Gaafas gaarri hin diigamin jaarraa lakkaa'e diigamee isa garasitti iji

dhalootaa waa arga. Geggeessaa sirriin saba isaarraa jecha 'jijjiirama dheebonne' jedhu eega. Inni faallaa kanaa immoo nama waa'ee jijjiiramaa dubbatu ukkaamsee mana hidhaa keessa kaa'a. Maal kana qofaa waan sirraa eegamu sirraa eegnee dhabnee jedhee waan geggeessaatti sagalee dhageesisee dubbateef 'qeerroon' hudhaatti cite meeqa? Kanaan booda garuu hidhamuu kan qabuu fi yoo kan isa ajjeesisu ta'ellee du'u kan qabu geggeessaa dhaloota jijjiirama barbaadu jibbu kana.

Daa'ima yoo ta'e malee ga'eessa lafee alanfachuu dheebote aannaniin sossobuuf yaaluun sammuu ofii goyyoomsuuf yaaluudha!

Warra Isaan Geggeessaa Jiran Sana Irraa Waan Adda Isaan Godhu Hin Beekan

Geggeessaa warra inni geggeessurraa kan adda isa godhu, imaanaa isatti kenamee fi itti gaafatamummaa inni imaanaa sanaaf fudhatee jiruudha malee taayitaa isaaf laatame miti!

Hima jabaa kana gaafa dubbistu yoona geggeessaaf kabajni hin barbaachisu waanan jedhe akka sitti hin fakkaannen barbaada. Dhugaadhas akkas hin jenne himicha naaf hubadhu. Geggeessaaf kabaji ni barbaachisa. Kabaji geggeessaa garuu akkasumaan osoo hin taane hojii isarraatti kan inni argamu. Geggeessaan hojii isa kabaachiisu hojjetee saba isaa biratti jiraatti qofa osoo hin taanee erga du'een booda iyyuu bakka awwaalcha isaatu kabajama. Sababni isaa geggeessaa qofa osoo hin taanee namni hojii isa kabaachiisu hojjete kamiyyuu ni kabajama waan ta'eef geggeessaa hojii gaarii

hojjeteef kabaja guddaatu mala. Dhugaan isa kanaadha malee sababiima geggeessaa ta'eef kabaja isaaf hin malle uummata irraa eeggachuu hin qabu.

Hariiroon geggeessaa fi saba isaa gidduu jiru hariiroo garbaa fi gooftaa isaa gidduu jiru miti. Tasumaa namni kana hin beekne geggeessaa ta'uu hin danda'u.Yoo ta'es inni kan akkasumaaniiti malee geggeessaa sirrii miti.

Yeroo tokko tokko biyya keenya keessatti waa'ee isa biyya geggeessuu qofaa osoo hin taanee aantiin isa biyya geggeessuu iyyuu akka uumama addaatti of ilaalu. Kun ilaalcha geggeesummaa isa garboonfataa sanaa wajjin dhufeedha. Garboonfachuu fi geggeessuun tokko miti nama hiika geggeesummaa hin beeknetu tokko se'ee yaada malee. Geggeessaa waan taateef wanti nama biraa irraa adda si godhu tokkoyyuu hin jiru imaanaa siti laatameen ala. Guyyaa hundumaa kana beekuutu isa irra jira namni taayitaan laatamteef. Geggeessaa ilaalchi isaa kabeelate garuu adda nagodha taayitaa qabaachuun koo jedhee yaada. Guyyaa akkas jedhee yaaduu eegalee kaasee barcuma irra malee sammuu dhalootaa keessaa gadi bu'uu akka eegale beekuu qaba. Sabaa fi sab-lammii biyya kanaa keessaallee akka sanyii moototaatti kan of ilaalu jira. Dhaloonni ilaalcha kana irraa dursee fayyuu qabu geggeessaa waan taayitaa qabuuf nama addaa godhee of ilaaluudha.

Sabni geggeeffamu osoo jiraachuudhaa baatee maqaan geggeessaa jedhamu kun eessaa dhufa? Barataan waan jiruuf argame maqaan barsiisaa jedhu. Sabni waan jiruuf jiraate geggeessaa jechi jedhus. Kanaaf jechi geggeessaa jedhu saba geggeeffamuu wajjin malee

hiika tokkoyyuu hin qabaatu. Ameerikaa biyyi jedhamtuu fi uummanni ishee osoo jiraachuudhaa baate maqaan pireezidaantii Ameerikaa jedhu eessaa dhufa? Dhugaa isaa yoo dubbanne bakka dhufu tokkoyyuu hin qabu. Sammuun geggeessaa sirrii saba irraa adda godhee of ilaala osoo hin taane saba irraa adda yoo ba'e hiika akka hin qabne beeka. An mootota isaanii fi saba isaanii gidduu hariiroon jiru kan garbaa fi gooftaa gidduu jiru fakkaatuun geggeessitoota hin jedhu. Sababni isaa hiiki jecha geggeesummaa jedhu kanaa wajjin hin deemukaa akkamitti walitti fidnaa? Dhugaadha namoonni akkasii seenaa geggeessaa miti maqaa geggeessaa isaan jechisiisu hin qaban. Maqaa geggeessaa fi seenaa geggeessaa qabaachuuf hojii geggeessaa hojjechuu qaba geggeessaan!

Biyya kana harkisee bowwaa isheen keessa jirtu kana keessaa baasuu kan danda'u geggeessaa akkamiiti?

1. *Geggeessaa dammaqee jijjiiramaaf hojjetee warra dammaqanis hojjechiisuu fi karaa sirrii argee argisiisuu danda'u.*
2. *Geggeessaa ofii ka'ee warra hin ka'in hojiitti kaasu yookaan hojjetee hojjechiisuu fi maaltu akka hojjetamuu qabu beekee warra hin beeknes barsiisu.*
3. *Geggeessaa dhaloota kana dhaga'uu fi dhaloonni kunis isa dhaga'u,*
4. *Geggeessaa osoo sabni hin argin fulduratti rakkoo argee furmaata rakkoo sanaaf qophaa'ee sabas qopheessu.*
5. *Geggeessaa ulfina isaa bu'aa sabaa fi biyya isaatiif argame godhee lakkaa'atu.*

6. *Geggeessaa jaalala biyyaa fi saba isaa jaalala barcumaa irra caalchifachuudhaan ofiin taayitaa isaaf laatame dabarsee nama isarra dhimma baasutti laatu.*
7. *Geggeessaa taayitaa isaa osoo hin taane itti gaafatamummaan imaanaa isatti laatamee itti mul'atu.*
8. *Geggeessaa iji isaa rakkoo keessa dabarsee ulfina borii arguudhaan saba isaattis argisiisuu fi rakkoo uumames furuu danda'u.*
9. *Geeggeessaa dhaloota kana hin shakkinee fi dhaloonni kunis isa hin shakkine.*
10. *Akkasumas geggeessaa waa'ee imaanaa isatti laatameetiif seeras seenaas sodaatuu fi hojii seenaa hojjechuuf qophii qabu.*

Tuqaalee kana keessa geggeessaan jiru jabaadha. Namni akkasi kun gaafa argame biyyi kun isa ta'uu qabdu taati. Guddina hawwii irraa gara guddinaatti dhufti. Liqeefachuu biras darbitee gara liqii baafattee liqeessuu danda'uutti ceeti. Kun saba abdii hin qabneef dhugaa hin fakkaatu, saba abdii qabuuf garuu geggeessaa sirrii wajjin jireenya sirriitu isaaf dhufaa jira. Sabni abdii kutate filannoo kan hin qabne jireenya garbummaa jiraata. Abdii kan qabu qofa falmatee bilisummaa isaa gonfachuu kan danda'u. Kanaaf tasumaa sabni abdii kutachuu hin qabu jedhee dubbachuu kanan jaalladhuuf.

Qabxiilee Ijoo Boqonnichaa

- Barcumni dhugaan irra hin jirree fi imaanaan irra taa'u dursanii fuudhan sun irratti hin eegamne geggeessaa yoo baate jiraatellee anaaf qullaadha.
- Mootiin taayitaa isaa malee imaanaa isatti laatameef hin jiraatin sammuu saba geggeessee keessaas lafaas siidaa seenaa hojii gaarii hin qabu.
- Yoo geggeessaa taate beela garaa keetii of qubsuuf IMAANAA hin nyaatin imaanaan buddeen miti foonii fi dhiiga dhaloota sitti laatameeti imimmaan sabaa!!
- Geggeessaa iji geggeesummaa isa sirriitti argutti imaanaa sabaa fi biyyaa malee taayitaan hin mul'atu.
- Biyya tokko kufaatii dinagdee isa isheen keessaa hin kaane keessa kan buusu, geggeessaa jijjiiramaaf hojjetu dhabuu ishee caalaa, geggeessaa warra jijjiiramaaf hojjetan hojii dhorkuun geggeefamuu isheeti.
- Geggeessaan imaanaa isatti kenname eege:-
  - Eegduunsaa loltuu osoo hin taane saba.
  - Ulfinni isaa taayitaasaa osoo hin taane hojii isaati.
  - Badhaasni isaa guddina biyyaa fi saba isaatti laatameeti.
  - Garaan isaa buddeen miti dhaadhannoo sabaan quufa.
- Geggeessaan imaanaa isatti kenname nyaate:-
  - *Eegduun isaa loltuudha kophaa isaa sabatti gadi hin ba'u.*
  - *Ulfina jedhee kan inni ilaallatu taayitaa isaaf laatamtee dha.*
  - *Badhaasni isaa dizaayiinii bareedaadhaan mana ijaarrachuu dha.*
  - *Garaan isaa buddeen quufe dhaadhannoo saba beela'aa jiraata.*

- Geggeessaan jaalala biyyaa fi saba isaa qabu gaafa iji isaa rakkina keessa dabarsee ulfina borii arguu dadhabu;osoo isa harkatti hin kufin biyyaa fi saba isaa dabarsee nama kufaati irraa oolchuu danda'utti kennata,
- Hariiroon geggeessaa fi saba isaa gidduu jiru hariiroo garbaa fi gooftaa isaa gidduu jiru miti. Tasummaa namni kana hin beekne geggeessaa ta'uu hin danda'u, yoo ta'es inni kan akkasumaaniiti malee geggeessaa sirrii miti.
- Geggeessaa seenaa sodaatuu bara geggeesummaa isaa keessa dhaloonni akka baalaatti du'aan harca'u osoo hin taane, bineensi bosona keessaa miidhamuun iyyuu barcuma irraa isa kaasa.
- Geggeessaa seenaan abaaru ta'urra geggeessaa hin ta'in hafuu wayya.
- Du'a dhalootaan booda mareen barbaachisu kan geggeessitoota biyyaa osoo hin taane kan afooshaa mandaraati. Maree fi wal ga'iin geggeessitoota biyyaa inni bu'aa buusu isa du'a dhalootaa dursee akka itti dhaaloonni du'a ooluuf taa'ame qofa.
- Biyya Itoophiyaatti erga rakkoon uumameen booda kan galmi wal ga'ii boqonnaa dhabee muddamu malee amma rakkoon uumamutti cufamee ta'a.
- Iji geggeessaa kan rakkoo argu of fuuldaratti malee erga inni uumamee darbee dugda isaa duubatti miti.
- Iji geggeessaa warra inni geggeessu caalaa fageessee arguu gaafa dadhabuu kaasee,barcumni geggeessaa sanaa warra inni geggeessutti qullaa fakkaatti.
- Dhaloonni dammaqee jijjiirama dheebotee,geggeessaa dammaqee jijjiiramaaf hojjetuuf malee tole hin jedhu!

- Sabni geggeessaa isaa irraa hojii jijjiiramaa dheebotee dhabe jijjirama barbaannaa nurraa jijjirami ittin jechuuf sodaa du'aa hin qabu. Saba sodaa du'aa hin qabne du'aan doorsiisuunimmoo,dhama keessaa dhadhaa baasuuf raasuudha.
- Daa'ima yoo ta'e malee ga'eessaa lafee alanfachuu dheebote aannaniin sossobuuf yaaluun sammuu ofii goyyoomsuudha!
- Geggeessaa warra inni geggeessu irraa kan adda isa godhu,imaanaa isatti kenamee fi itti gaafatamummaa inni imaanaa sanaaf fudhatee jiruudha malee taayitaa isaaf laatame miti!
- Geggeessaa gaariin rakkoo gaafachuuf osoo hin taanee furmaata rakkoo itti himuuf kaabinee biyya geggeessu wal ga'ii waama!

BOQONNAA LAMA.

GARBUMMAA

"Eenyummaa koo guutummaatti ibsachuuf iyyuu bilisummaa na barbaachisa!"
Maahatama Gaandii

Garbummaaf tole jechuun isa seeraa uumaan mormuu wajjin walii galuu jechuudha. Kanaaf garbummmaa didaa jiraachuun yoo hin danda'amne, garbummaa didaa du'uu qabda malee tole jechuufii hin qabdu!

Garboomfachuun seera uumaan uumamaaf kenne cabsuudha tole jedhanii garboomuun immoo seera uumaa isa cabsee wajjin walii galuudha. Hiika hima kana cimsi itti yaadi. Ergasiin booda qaamni lamaan kun yakkamoo akka ta'an bira ga'i. Namni seera cabse immoo seeraan gaafatama. Yakki seeraan gaafatamuu irra darbee fi seera jalaa dhokatee hafemmoo seenaadhaan gaafatama. Ati garbummaa jala jirta tanaan garboomfataan kee gaaffii jala jira. Garbummaa didaa hin jirtu yoo ta'e garuu atis gaaffii jala jirta. Jaarraan kun wallaala yoo ta'e malee beekaaf jaarraa garboomsaniis miti, jaarraa garbummaaf tole jedhanii taa'anis miti.

Yoo Joobiirri tole jedhe Lukkuun geggeessaa Joobiraa ta'uuf hin saalfattu!

Hima kana baay'een jaalladha. Dhugaa dubbachuuf Joobiirri tole jennaan Lukkuun ni geggeessiti. Bakka olmaa Joobiraa osoo hin taanee bakka oolmaa ishee oolchiti. Hojii Joobirri beeku osoo hin taanee hojii beektu hojjechiisti. Hojii Joobirri hojjetu Lukkuun karoora keessaa hin qabdu eessaa fiddee hojjechiisti? Nyaata inni nyaatu isheen dhandhamtee hin beektu. Oolmaan ishee kosii irra,

nyaanni ishee raammoodha. Joobiirri Lukkuun geggeeffamu galma Joobiiraa osoo hin taanee galma Lukkuuti ga'umsi isaa. Kanaaf tole jechuu hin qabu malee tole jennaan Lukkuun geggeessuu hin saalfattu. Beekaa taatee osoo jirtuu beekaa ta'uukee hin beektu taanaan ati homaayyuu miti. Sababni isaa beekaan akka beekaa ta'e hin beekne goota rafedha. Goota rafeemmoo dammaquudhaa yoonni baate dabeessatu itti taphata bakkanni ciisutti. Wallaalaa akka siin hin jenneef wallaalaan isa ganaa baratuudha. Ati geggeessaa akka geggeessaa ta'e hin beekne yoo taate yoom illee geggeeffamaa taatee jiraatta; akka goota rafee kanaati. Dammaquu si barbaachisa dammaqi. Namoonni dandeettii yookiin kennaa isaanii isa dhugaa hin beekne gaafa hundumaa bakka amma jiran garasitti waan haaraa arguu hin dandaa'an. Fageessitee ilaaluu keetu bor deemtee bakka ati geessuuf akeektuudha.

Dorgomuu utuu qabduu dorgommee keessaa of baastee teessee warra wal dorgomaniif sagalee dorgommii laachuu hin qabdu!

Ilaalchi warra moo'atanii dandeettii isaanii fakkaata. Addunyaa dorgommiin guutamte kana keessatti wanti baay'ee murteessaan akkaataa ati itti of ilaalte dha. Ilaalcha garbummaatti jiraachuu nama qabuuf garbummaan bilisummaadha. Ilaalcha keetu gaaffii borii si gaafachiisa. Kanaaf namni hamma nama kamiyyuu osoo hin taane amma ilaalcha isaa ga'a jedhama mitiree? Moo'attoonni warra ilaalcha moo'iichaa qabaniidha. Isaanitti gaafa hundumaa kan mul'atu milkaa'insa malee kufaati miti. Gola sammuu isaanii keessa jechi hin dandaa'amu jedhu hin jiru. Moo'achuukee dursitee ilaalcha moo'ichaa qabaachuu qabda.

"Hojiin ati hin hojjetin jirtu hoj-manee ati gara fuula duraatti hojjettuudha malee waan hin dandaa'amne miti" jedhan Neelsan Maandeellaan.

Jechi nuti waan hin hojjetin jirruuf fayyadamnu hin dandaa'amu kan jedhu osoo hin taane **ganaan** hojjedha kan jedhuudha. Kun kuusaa jechaa warra injifachuufan dhaladhe jedhanii malee kan warra an injifachuuf hin dhalanne jedhanii keessa hin jiru. Injifachuu barbaadda taanaan, jecha injifachuu nan danda'aa jedhu miiltoo kee godhadhu. Kana goonaan injifattee osoo harki siif rukkutamu of arguuf jirta.

Namni ga'umsa keessa isaa jiru shakku akka nama daawwitii keessatti ofii isaa argee nama biraadha jedhee yaaduuti!

Ilaalcha kee sirreessi. Eenyummaa keessa kee isa egereen kee keessa kaa'amee yookaan dhokfamee jiruu sana sirriitti gadi fageenyaan xiinxalii qoradhuu wal bari. Of tuffachuu dhiisi. Of tuffachuun loltuu ormi ilaalee sodaachaa jiru osoo dirree lolaatti hin seenin dursee moo'amaa nama taasisa. Ormi leenca si godhee siin sodaata, atimmoo adurree of gootee sodaachaa hin jiraatin. Garbummaa kennaa uumaadhaan ganama siif kenname gootee hin ilaalin. Sababni isaa ati uumamaan bilisa malee garba miti. Uumaan yoomillee akkati garbummaatti jiraattu hin barbaadu. Haala dur keessatti qabamtee jirtu keessaa ba'i gara bakka deemuu qabduutti hanga dandeesse tarkaanfadhu. Eessa jirtaa? Eenyuu wajjin jirtaa? Maaliif as jirta? Ati warra wajjin jirtuuf geggeessaa dhimma baasuudhamoo kan sirra caalutu isin keessa jiraa? Ta'ullee hanga dandeessu ifaaji; shoora kee sirriitti taphadhu. Gaaffilee kana deebisnaan eenyummaa kee isa sirrii sana wajjin wal barta.

Garbummaan Maali?

Barreessitootni baay'een garbummaaf hiika gara garaa yoo laataniif illee, kitaaba kana keessaati hiikaa garbummaa jireenya dhala namaa keessatti roga yookiin kallattii afuriin ilaalla.

1. *Isa dhalli namaa dhabuu hin qabne dhabuu.*
2. *Akka jiraachuu hin qabneetti jiraachuuf giddisiifamuu (mul'ata ofii utuu hin ta'in mul'ata garboomfataa galmaan ga'uuf ifaajuu),*
3. *Isa dursuu qabaniin durfamuu fi*
4. *Gammachuu malee sodaa fi du'aan doorsifamaa jiraachuu dha.*

Kan dhalli namaa dhabuu hin qabne nyaata, manaa fi uffata miti as keessatti jechuuf yookiin eeruuf kanan barbaade. Sana kan dursu jira wanti namni dhabuu hin qabnetu. Of taatee jiraachuu dhorkamuu irra garbummaan caaluu yoo jiraate lubbuun jiraachuu dhorkamuu qofa. Inni itti aanu tuqaa an olitti kaase kana keessa jiru immoo isa dursuu qabaniin durfamuudha. Namni ati dursuu ykn geggeessuu qabdu gaafa si dursu fedhii fi dandeetti keetu hojii dhorkama. Kun tanaan dhala namaaf jiraachuun ulfaataa waan ta'eef sodaa fi du'aan dorsiifamuun immoo warra kana hunda isaanii boodan dhufa. Biyyoota addunyaa kanaa tokko tokko keessatti siyaasa nama saalfachiisuutu jira. Waraqaa irratti diimokiraasii dhugaatu barreefamee jira. Sirni bulchiinsa isaanii garuu mirga diimokiraasii irra darbe mirga namummaa saba isaan geggeessan irraa mulqa. Biyya mirgi namummaa hin kabaajamnetti waa'ee mirga diimokiraasii dubbachuun salphina guddaadha. Mirgi namummaa mirga isa uumaadhaan namaaf kenname ta'uu isaan alattiyyuu, bakka inni hin jiretti waa'een diimokiraasii dubbatamuuf

mata-duree dhaba. Geggeessitootni tokko tokko hiika mirga namummaa kanaa waan beekan natti hin fakkaatan. Sababni isaa osoo mirgi uumamaa hin eegamin waa'ee mirga diimokiraasii lallabu foddaa televizinii irraa. Mirgi diimokiraasii isaa irraa molqamee namni jiraachuu ni danda'a; akka jiraachuu qabutti ta'uudhaa baatus. Namni mirgi namummaa isaa irraa molqame garuu akkamiin jiraata? Diimokiraasiin hin barbaachisu jechuu koo osoo hin taanee, mirga namummaatu isa dursee jiraachuu qaba. Biyya keenya Itoophiyaa kanaa barreefamni diimokiraasii dhugaa haalan bareedee barreefamee jira waraqaa irra. Ta'us amma yoonaa diimokiraasiin lubbuu godhatee biyya kana keessatti miilaan socho'uu irra hin geenye. Maaliif akkan kana jedhu si jalaa hin dhokkatu. Biyyi keenya geggeesitoota bara geggeessummaa kee mirga namummaatu kabajame jedhamanii leellifaman dhabdullee; namoota bara kee mirga namummaatu dhiitame jedhamanii komataman danuu qabdi. Geggeesitootni kun "seeraan gaafatamaniiruu?" gaaffii jedhuuf deebiin isaa kan ani siif laadhu 'lakki' kan jedhuudha. Sababni isaas seerri nuuf gaafata nu jennuyyuu waraqaa irra barreeffamaan jira malee hojiidhaan lafa irra hin jiru. Kanaaf baay'een isaanii seeraan hin gaafatamne; warri gaafatamanis seeraan seeratti hin dhiyaanne. Adabni barbaachisus yookiin murtiin yakka isaan dalaganiin madaalu isaaniif hin laatamne. Seenaan garuu isaan beekti waan ta'eef ragaa malee isaan adabdi. Adabni seeraa barbaachisaa yoo ta'eyyuu kan yerooti. Gatiin yaakkaa hidhaa, qarshiin adabamuu, du'aan adabamuu fi kan kana fakkaataniidha. Adabni yakka seenaatiif seenaadhaan adabaman garuu kanarra caala. Bara dhufaa darbu dhalootni barreessee qindeessee isaa dhufutti dabarsa. Kana jechuun dogongora seenaa si'a tokko hojjetame dhalootni darbes, inni

ammaas, inni dhufus gaafachuu fi qeequun isaa hin oolu. Kun immoo adaba baay'ee ulfaataa dha.
Seeraan kan gaafatamu nama jirudha, seenaan garuu du'aaf jiraa wal qixxee adabdi jalaa ba'uun tasumaa hin dandaa'amu.

Gosoota Garbummaa

Namootni gara garaa garbummaa bakka hedduutti qoodanii yoo ilaalan illee haala qabatamaa uummanni keenya keessa jiru wabeeffachuudhaan ani kitaaba kana keessatti garbummaa iddoo gurguddaa lamatti qoodeen akka armaan gadiitti diddiriirse.

- ***Garbummaa isa baay'ee hadhaa'aa garbummaa ta'uun isaa beekamee fi***
- ***Garbummaa bilisummaa fakkaatu isa akka salphaatti hin hubatamneedha.***

Garbummaa Isa Hadhaa'aa

Edaa, imimmaan garbummaa bishaan mitii dhiigaa?
Osoo kan bofaa himanii lootuun yaabuuf
namatti hiiqaa?
Dukkana keessa jiraatu, ifti keessatti hin mul'atu
Cimanii falmachuu baannaan, baataniima obbaafatu
Mana hundaatti boo'ama, eenyuutu eenyuun jajjabeessaa
Garboomfataan namaa hin hilu, garaansaa
akka warrabessaa
Gabbarsuun joormaa dabala, diduudha falli garbummaa
Seerri gaafachuudhaa baatus, ati nuuf gaafadhu seenaa!!

Bishooftuu (Irreecha bara 2016)

Barri ani walaloo kana duukaa barreessu kun seenaa saba Oromoo keessatti guyyaa gurraacha ture. Sabni guddaan gaanfa Afirikaa kun galmee seenaa irra kaa'ee kan inni qabu guyyoonni gaafa inni yaadatu boossisan danuudha. Anaa fi dhaloota qubee isa abboonni keenya argan baay'ee ijaan hin arginiif immoo guyyaan hundumaa caalaa ulfaataan guyyaa kanaadha. Irreecha bara 2016 irreeffame jechuu kooti. Saba garbummaan itti hadhoofteen falmadhu jechuun isa awwaalee galetti du'a himuu isa jedhan sana ta'a. Inni iyyuu itti beeka, ni falmata garuu akkamiin akka inni itti falmatu itti himuudha malee. Garbummaa isa hadhaa'aa yoo jaallatee baate malee akka ba'aa baachaa jiru beeka dhaloonni. Qabsoo garbummaa isa baay'ee hadhaa'aa kana wal faana qabsaa'a sabni. Malee osoo abbaan qabsaa'uu ilmi hin taa'u. Gaafa ilmi qabsaa'us abbaan dhiisee hojii isaa hin godhatu. Qabsoo kana irratti wal jala darbuun gatii guddaa nama kaffalchiisa. Qabsoon kun kan qarree fi qeerroo qofa osoo hin taanee qabsoo hundumaati; kan xinnaa fi guddaa. Sababni isaa ni hadhaa'akaa.

Saba garbummaan itti hadhooftee falmachuu eegaletti bilisummaan dhi'oo dha.

Garbummaa Bilisummaa Fakkaatu

Garbummaa hamaan namni jalaa ba'uuf hin qabsoofne, hubatanii ilaaluun malee ija qabaataniif kan namatti hin argamne garbummaa bilisummaa fakkaatu dha.

Garbummaa kana keessa beelli muraasa quufatu hin jiru malee. Nan beela'e akka hin jenneef siif laatama wanta nyaattu garuu quuftee nyaatta miti. Duutis jira baay'ina waan hin qabneef namatti hin

mul'atu malee. Walitti fuftee boosse akkati irratti hin kaaneef kolfa fidee boo'icha kee si irraanfachiisa. Gammachuun kees guutuu akka hin taaneef gaafa ati boquu ol qabattu mataa keessa dha'ee gadi si teessisa. Garbummaan akkasii barri isaa dheeraadha. Sabni garbummaa akkasii kana jala seenee jalaa ba'uuf jaarraa isatti fudhata. Garbummaa akkasii kana argee sabatti agarsiisuu namni danda'u hayyuu hundumaa osoo hin taanee hayyuu gadi fageessee ilaaluu danda'uudha. Garbummaa isa kana wanti adda isa godhu sabaa fi sab-lammiin walitti dabalamee irratti qabsaa'uu dhiisii maatiin illee irratti walii hin galu. Qabsoo garbummaa bilisummaa fakkaatuuf taasifamu keessatti wal dhabdee yaadaatu baay'ata. Inni isa tokkotti bilisummaa fakkaatu kan biraattimmoo garbummaa fakkaata. Abbaan as ba'ee midiyaadhaan mootummaa keenya waaqni nurra haa bulchu, nun immoo jala haa bulchu yoo jedhu, ilmi isaammoo 'mootummaa kee waliin wal fudhadhaa boolla bu'aa' jedha taa'ee. Waggoota murtaa'e dugda duubatti deebinee yoo ilaalle biyya keenya keessatti abbaa, haadhaa fi ilmoo gidduutti lola guddaa kaasaa ture kun. Sababni isaa barri sun bara nuti garbummaa bilisummaa fakkaatu baachaa turreedha. Kanarraan kan ka'eedha osoo inni tokko gabaa lagannee karaa nagaa falmanna jedhuu inni biraan immoo suuqii isaa banatee nagadachaa kan ooluuf. Warri miseensa mootummaa ta'an mana keessaa warra miseensa hin taane akka bineensaatti ilaalu turan. Kanaaf garbummaa bilisummaa fakkaatu kana keessatti sabatu geggeessaa irratti qabsaa'a osoo hin taanee sabatu saba irratti, maatiitu maatii irratti, hiriyaatu hiriyaa irratti qabsaa'a. Bakka namni jiru hundumaatti garee lamatu uumama. Gareen inni tokko garboonfataa deggeruudhaan gurshaa dhi'aana hin taane gurshaamee warra garboomfataa deggeruu didan

ija diinummaan ilaala. Inni dhugaan galeefimmoo ala taa'ee dhugaaf quuqama. Akka sabni walii galee garbummaadha hin jenneef bilisummaa fakkaata, bilisummaadha akka hin jenneefimmoo ni fakkaata malee bilisummaa miti. Sabni garraamiin gaanfa Afirikaa jiraatu kunis jaarraa tokkoo fi walakkaa dhaaf garbummaa kana jala ture. Fincilli diddaa garbummaa kun bifa faffaca'een haata'u iyyuu malee lubbuun keessa jira, hafuura gargar ciccitaa ni baafata. Dur garbummaa ta'uun isaa warra galeef qofaatu beeka ture. Yeroo dhiyoon asitti immoo hundumti keenya akka garbummaa isa bilisummaa fakkaatu jala jiru barree waliin qabsoo eegalleerra.

Sakaallaa garbummaan bilisummaa fakkaatu ittiin nama sakaalu kun wadaroo battee dhaa'ame irra jabaadha.

Kaleessarra har'a, har'arra immoo bor wal nuuf caala garaan keenya beeka. Fuuldurri keenyas ifaadha jedheen abdadha. Hunda caalammoo kan nan yaaddessine kana booda garbummaa dhufu ittiin injifachuuf miidhamni kaleessa waan baay'ee nu barsiiseera. Egaan barnoota barachuun ga'umsa dabalachuuf akka ta'e beekamaa waan ta'eef barachuun keenya akka waanjoon garbummaa nurra jiru qofa osoo hin taanee akka itti of irraa cabsanis nu barsiisuu qaba. Saba tokko sodaachisuun yoo barbaachise sodaachisee, kabajamuu yoo barbaade of kabachiisee jiraachuuf maal gochuu akka qabu boqonnaa itti aanu keessatti nan kaasa gadi fageenyaan.

Dhaloonni garbummaa bilisummaa fakkaatu keessa jiraatu; deemee akka achi hin siqneef hidhamaadha, hidhaan jira jedhee deemuu akka hin dhiisneefimmoo wadaroo inni ittiin hidhamee jiru dheeraa waan ta'eef bakka tokko hin dhaabatu, daangaa sana keessa naanna'a.

Jireenyi garbummaa bilisummaa fakkaatu keessatti jiraatamu:-

- *Hidhamanii hin taa'an, hiikamanii gadi hin dhiifaman garuu daangaan irra darbuu hin qabne namatti daangeffamee daangicha keessa jiraatu.*
- *Gaaffii gaafachuu hin dhorkamtu garuu deebiin isaa fedhii kee osoo hin taane fedhii garboomfataa giddu galeessa godhata.*
- *Hongeedha akka hin jenneef duumessi gogii ittisu jira, rooba akka hin jenneef immoo duumessi isaa rooba of keessaa hin qabu jiidha xinnoo malee.*
- *Dukkana jedhanii akka keessaa hin baqanneef dukkana miti; ifa akka hin jenneef immoo ifti isaa nama hin deemsisu.*
- *Ulfa abdii isa iddoo ga'ee hin dhalannee fi goyyoomsaa sobaa dhugaatti fakkeeffame si fuuldura qabanii si sossobu.*
- *Kun na barbaachisa maaf naaf hin godhamne gaaffii jedhuuf karaa gabaabaa deebiin siif laatamu siif godhama kan jedhuu dha garuu hin godhamu.*
- *Jireenyi garbummaa bilisummaa fakkaatu keessatti jiraatamu jireenya fakkaata malee jireenya miti.*

Kanaaf kanan gubbaatti garbummaan kun garbummaa isa baay'ee hamaadha jedheef. Waaqni bilisa taanee akka jiraannuuf nu tolche agartuu ittiin garbummaan akkasii argamu nuuf haa laatu. Kanaan dura hin beeknu yoo ta'ellee kanaan booda garuu beekuu qabna amala garbummaa bilisummaa fakkaatu kanaa.

Garbummaa Keessaa Baqachuu

Garbummaa jalaa biyya bilisummaan jirutti baqachuun bilisa nama hin baasu, garuu sodaataadhaaf sodaa isaa ni salphisa. Ati achittis bilisa miti, bilisas hin taatu. Bilisummaa dhugaan kan jiru biyya ofii keessatti fi lammii ofii gidduutti qofa. Warri kanaan dura bilisummaa gonfatanis bilisummaa lafaa hin arganne, qabsaa'anii fidan. Kana jechuun eessayyuu bilisummaan tolaan argame, argamus hin jiru.

Garbummaa jalaa baqachuuf meeqa manaa ba'ee deebi'ee hin galin hafe? Lafeen lammiikoo awwalcha dhabe, kan qurxummiin galaanaa soora ishee godhatte baay'inni isaanii warra awwaalcha argatan irra caalinnaa laata? Maal ta'a yoon carraa argadhee guyyaa sana fuuldura isaanii dhaabbadhee 'garbummaa jalaa hin baqatamu dhaabbadhaa dhaabbanne falmannaa' jedheera ta'ee? *"Akka garaa hin ta'u, marqaan galaa hin ta'u"* jedhe Oromoon. Gonkumaa biyya bilisummaan jirutti baqachuun bilisa nama hin baasu. Sababni isaa gaafa ati garboomte si duukaa kan garboome waan danuutu jira. Si'a baay'ee kanatu nama jalaa dhokata. Gaafa ati garboomte biyyi kee, lafti biyya abbaa kee, albuudni lafa keessan keessaa, qabeenyi lafa keessan irraas garboome. Gaafa ati isaan irra dhaabbattee falmachaa bilisa baatu isaanis qabaa ormaa jala bilisa ba'u. Yoo dhiiste baqatte garuu atis isaaniis garbummaatti haftu. Deemtee biyya bilisa taa'anii jiraatan jiraachuu dandeessa. Ati garuu bilisa hin baane. Baqachuu miti falmachuu...ammas falmachuutu bilisa nama baasa. Kana ofii kee irraa jalqabii nama biraattillee himuu eegali, ammaan booda garbummaa jalaa baqachuun akka bilisa nama hin baasne.

Garbummaa baqachuun garboonfataa jalaa nama miliqsa malee sammuu ofii isa akka biyyi ofii fi sabni ofii garbummaatti jiru beeku jalaa nama hin miliqsu!!

Garbummaa Keessa Dhaabatanii Falmachuu

Dhalli namaa garbummaa ni jibba, garuu riqicha qabsoo hadhooftuu irra adeemanii gara bilisummaatti ce'an sana irra darbuu waan sodaatuuf garbummaa keessa jiraata.

"Garbummaarra duuti bilisummaa dha!" jedhe qabsaa'an Oromoo ***Jeneraal Waaqoo Guutuu.***

Garbummaarra duuti bilisummaadha warra waa'een bilisummaatti jiraachuu galeefii bilisummaa dhabaniif. Namni garuu du'a sodaata. Akkuman olitti siif kaase lammiin garbummaa baqa manaa ba'ee awwaalcha malee hafe danuudha. Dhaabbatanii warri falmatanis kaan isaanii mana dukkanaa keessatti agartuu isaanii dhaban, kaan immoo ukkaamfamanii eessa buuteen isaanii dhabame, hedduun isaanii immoo qe'ee abbaa isaanii irratti marartee malee dhiigni isaanii akka dhiiga bineensa hamaatti rasaasaan dhangala'e. Dhugaa seenaan ittiin isaan beeku garuu ifti nuti amma keessa jirru ciniinsuu isaanii kaleessaa keessaa dhalate. Warri du'anis hojii hin duune nuuf hojjetan. Erga baqachuunis gatii nama baasisa ta'ee, dhaabbatanii falmachaa gatii baasuu caalaa maaltu nama boqochiisa? Dhaabbatanii falmachuun ulfina. Kan ormaatti hin hiixatin malee kan ofiitiin kan kooti jechuun gootummaadha.

Garboonfataa tuttuqanii dhiisuun namatti hammeessa. Kana gochuun haada dheeraa ittiin hidhamnee jirru sana baddu baasa ofitti gabaabsuu dha. Dubbatachuu dhiisuunis hundee garbummaa gadi fageessa.

Garbummaan kan didamu amma namatti fooyya'utti osoo hin taane amma bilisoomanitti.

Diduu jalqabdee yoo addaan kutte inni deebi'ee akkaataa itti sirra turu haala mijeeffata, tooftaa biraa jijjiirrata. Kanaaf mitiiree kan Oromoon "Qeerransa eegee hin qabani, qabnaan gadi hin dhiisani" jedhuuf. Erga qabanii gadi dhiisuun of nyaachisuufi. Itti ciichanii qabuun garuu of irraa baasuufi. Kaleessa waan hiriyyaa keenya nu biratti, haadhaa fi ilmoo wal faana maasii keessatti ajjeesaniif har'aa falmachuu sodaachuu hin qabnu. Maaltu beeka amma sodaatamneerra ta'aa ykn jarri humna dhabanii hoomaayyuu gochuu hin danda'an ta'a.

Jireenyakoo keessatti saree baay'een sodaadha. Dur miti ammayyuu taanaan nan sodaadha. Digiriikoo jalqabaa Yuuniversiitii waggaa tokkoffaakoo deemee galeen maatiin baay'ee jaalladhu tokko dubbisuuf mana isaanii deeme. Dur nan beeka saroonni baay'ee ciccimoon qabanii nama nyaatan akka mana isaanii jiran. Kanaaf suuta jedhee moora bira ga'een dhokadhee ilaale. Gaafan ilaalu saree baayyee guddaa tokkotu ciisa. Waanan godhu dhabeen balbala rukute. Gaafa naaf banuuf dhufan isaaniin dursee nati utaale. Sagalee guddaadhaanis natti iyye. Anis nan iyye guddisee. Mucaan mana naaf banu dhufte garuu dhaabbattee natti kolfiti turte. Abbaan ishees gadi baa'anii naasuu guddaa akkan na'ee jiru na argan. Sareen dhufee na bira ga'ee afaan banee laafina miillaakoo na qabate. Jaarsis natti kolfaa dhaabbadhu hin baqatinii. Ati ofumaa akka durii seetee baqatte malee sarichi ilkaan hin qabu naan jedhan. Sareen ilkaan hin qabne kun erga dafqa narra dhangalaasee booda ofiima isaatii gadi na dhiisee deeme. Erga maatiin natti kolfanii raawwataniin booda an immoo taa'een irraa barachuu eegale.

Waan nama ari'aa jiru osoo hin beekin baqachuun fafa, adda baafadhuu ilaali yoona garboonfataankee kaleessaa har'a ni laafaa.

Fincila Diddaa Garbummaa Isa Dhumaa

Fincilli diddaa garbummaa eegalamee osoo galchii (goal) barbaachisu hin galchin yoo addaan cite, bara garbummaa fixuun isaa hafee dhaloota fixa.

Garboonfataa ofii raasani osoo of irraa hin jigsin yoo dhiisan caalmaatti namatti jabaata. Biyya kana keessa akka garbummaan bilisummaa fakkaatu kun baraa dheera jiraatu kan godhe tokko kanaadha. Gaafa nutti cimu kaanee iyyinee wal waamnee jigsuudhaaf raasuu eegalla. Erga yeroo dheeraa hundee isaa raasneen booda gaafa nuti gidduutti dhaabnu inni nuti dhiibaa turre caalmaatti hundee jabeefata. Dhiibuun keenya hin jigsine tanaan isa nuti jigsuuf turre sanaaf carraa jireenyaa bal'aatu argama. Moo'achuuf morkataa ofiitti carraa injifannoo dhiphisuun dirqama. Kana ta'uudhaa yoo baate inni carraa injifachuu keenyaa waan dhiphisuuf ni moo'amna. Guyyaa baay'ee baanee sagalee fincila diddaa garbummaa (FDG) dhageessisnee injifannoo malee gallee beekna. Qooda bu'aa buusuus gaddaa fi boo'icha nuuf buusee beeka. Sababni isaa nuti morkataa keenyatti carraa injifannoo waan hin dhiphisiniif inni kan keenya dhiphisuuf carraa argateera. Fincilli diddaa garbummaa tooftaa mataa isaa qaba. Erga diduu jalqabanii amma dhumaatti diduun immoo tarkaanfii filannoo hin qabneedha. Diddaan kan itti fufuu qabu amma isa ta'uu barbaanne dinne sana taanutti. Diddaan wal'aansoo qaba. Wal'aansoo kana injifachuuf malee injifatamuu shakkaa eegaluu hin qabnu. Moo'ichi bu'aa walitti fufiinsaan yaaluu fi hojjechuuti malee akasumaan kan argamu miti.

Injifannoodha kan boquu namaa ol qabu...injifannoo...ammas injifannoo qofa!

Fincilli diddaa garbummaa itti fufuu kan qabu amma wanta buqqisuuf qabsa'aa jiran hundeen buqqisanii, isa dhaabuuf qabsaa'an immoo hundee isaa gadi fageessanii dhaabanitti.

Waan dhaabnu osoo hin qopheessin isa dhaabbate jiru buqqisuun salphina fida. Biyyoota addunyaa tokko tokko keessatti osoo geggeessaan hin qopheeffamin geggeessaa isa saba miidhe bakka isaati kaasu. Ergasiin booda biyyi sun miidhaa isa caalu keessa kan isheen seentu. Geggeessaan teessuma geggeesummaa irraa ka'uuf geggeessaan bakka sanaaf ta'u qopheefamuu qaba. Bineensi ari'amee kan caalu akka dhufee ol hin seenneef of eegannoo cimaan godhamuu qaba. "Waraabessi nurraa bu'ee qeerransi nutti ol ba'e" isa jedhan sana akka hin taaneef.

Biyya kanatti hundee diimokiraasii jabeessuuf paartilee siyaasaa Oromoo irraa waa sadiitu eegama.

1. Injifachuuf carraa injifannoo morkataan isaanii qabu dhiphisuuf jecha hojii filannoo dursee hojjetamuu qabu hunda bilchinaa fi jabinaan hojjechuu.
2. Adeemsa filannoo biyyoolessaa keessati namoota dogoggorri dur uumamaa ture akka irra hin deebi'amneef diduudhaan dhiibbaa uumuu dandaa'an bakka buusuu fi
3. Yoo carraan injifannoo kan argamu ta'e biyya kana geggeesuufis qophii barbaachisu gochuu fi ofii isaanii keessaa nama isaan dursuuf malu qopheeffachuu qabu.

Uummanni Oromoo ofii isaas, sabaa fi sab-lammoota Itoophiyaas

bilisoomsuuf waa sadii gochuu qaba.

1. Paartilee bakka isa bu'an akka isaan morkataa isaanii injifataniif sagalee kennuu qofa osoo hin taanee, hojii filannoo sanaa qulqullinatti eeguu keessatti qooda fudhachuu qaba.
2. Paartilee jiran keessaa eenyu akka gaaffii isaa deebisuu danda'u murteessun, hunduu wal faana sagalee kennuu fi sagalee kennee sana amma dhumaatti hordofachuu fi
3. Filannoo diimokiraasiin furmaanni argamuudhaa yoo baates, fincila diddaa garbummaa isa jalqabe amma bilisummaatti addaan kutuu dhiisuu qaba.

Kun yoo godhame ni moona. Kun ta'uu yoo baate garuu ammas moo'uuf kan nuti gochuu qabnu amma galma qabsoo keenyaa geenyutti diduudha. Garbummaa diduu jalqabanii gidduutti dhaabuun garbummaa ofitti jabeessuuf akka ta'e kaaseen ture. Dhugaa dubbachuuf furmaanni garbummaa keessaa ba'uuf nama gargaaru didanii falmachuu qofa. Dirqama waan keessa darbuu qaban keessa darbuuf sodaachuun isa ta'uu qaban ta'uu irraa of ittisuudha. Bilisoomuuf garbummaa diduu qabna. Garbuummaa didu keessa hidhaa, ajjeechaa fi dararaa guddaan akka jiru beekna garuu filannoo biraa hin qabnu.

"Garbummaa hiddaan buqqifna, dadhabnu ilmoo itti guddifna!"

Jeneraal Waaqoo Guutuu.

Hima kana keessa hiika gurguddaa lamatu jira. Inni duraa bilisummaan jiraachuuf garbummaan raafamuu osoo hin taanee hundeedhaan buqqa'uu akka qabu lafa ka'ee jira

gootni kun. Inni lamaffaan immoo garbummaa diduu ofii addaan hin kutan, isa ofii dadhabanitti immoo ilmoo guddisu kan jedhuudha. Qabsoon diddaa garbummaa amma bilisummaatti waan ta'eef dhalootaa dhalootatti darbuu qaba. Wanti amma nutti ulfaatee dhaloota nu boodaatti akka hin ulfaanneef har'aa gufuu qabsoo keenya kaleessaa, sababii moo'amuu keenyaa kaleessaa fi har'aa barreessinee isaaniif kaa'u qabna. Nuti kana goonaan isaan isa humna keenyaa fi qabeenya keenya fixe hacuuccaa bara meeqaa sana salphaatti ofirraa fonqolchuu ni danda'u.

Yoo argame bilisummaa, yoo bilisummaan hin argamne immoo qabsoo fincila diddaa garbummaa isa dhumaa dhaalchisu ilmaan ofii.

Dandaa'amnaan dhaloota bilisummaa dhaalchisuun gaariidha. Bilisummaa dhaalchisuun hin danda'amne taanaan immoo akka gootichi Oromoo kun jedhe qabsoo inni ittiin bilisoomu dhaalchisuu qabna. Qabsoo dhiisnee garbummaa keessa jiraachaa garbummaama sana ilmoo keenyaaf dhaala gochuun salphina guddaadha. Osoo abbaan isaa namaaf ergamuu ilmi argee duukaa namaaf ergamuu hin qabu. Kun ta'uuf immoo abbaan diduu eegaluutu irra jiraata. Dhaloonni qabsoon aarsaadhaan isa bira ga'es dhaloota itti aanutti dabarsee kennuuf aarsaa qabsoon barbaadu hunda kaffaluu qaba.

Duuti gootota kaleessaa fi dhangala'uun dhiiga dhaloota qubee har'aa, kan gatii argatu, gaafa kaayyoon isaan du'aniif galma ga'edha!

Isaan galmaan hin geenye yoo ta'es galmaan ga'uuf hojjechaa wareegaman waan ta'eef dirqama isaanii baxxa'aniiru. Kanaaf immoo yoo nuti dhiisneyyuu galmee seenaatu dhugaa isaaniif ba'a.

Galmee seenaarraatti waa'een keenya akka barrefamuuf du'uu qabna osoo hin taanee hojjechuu qabna. Hojii seenaa hojjechaa yoo du'anis maqaan namaa jiraa seenaa hin qabne irra ni caala. Hojiin seenaa jiraachuuf, beekamuu fi faayidaa har'aaf kan hojjetamu osoo hin taanee dhaloota egereef waa ol kaa'uuf kan hojjetaniidha. Du'aa jajanii jiraa tuffachuun egeree biyyaa fi sabaatiif yaadessaadha. Namni hojii gaarii hojjetee du'e gaafa jajamu, inni jiru immoo jajjabeeffamuutu irra jira malee tuffatamuu hin qabu. Seenaa gootota keenya danuu warra bifa isaanii hin beekne hojii isaanii waan beeknuuf wal harkaa fuunee faarsaa jiraanna. Ta'us goota faarsaa darbuu osoo hin taane hojii gootaa hojjechaa darbuu qabna nutis. Kana ta'uu baannaan nuti kansaanii himaa duuna, keenya garuu waan himantu dhiba jechuudha.

Maqaa gootaa faarfachuun gatii gootaa baasuu hin dandeenyu. Hojii gootaa hojjennee kaayyoo isaa isa inni jalqabe galmaan ga'uudhaan baasna malee.

Namoonni baay'een maqaa gootaa waan beekaniif goota faarsu. Hojii isaa garuu yoo ati gaafatte hin beekan. Sababni isaa hojii inni hojjechaa ture hojjechaa waan hin jirreef seenaa isaa malee hojii isaa beekuu hin danda'an. Gootota nuti faarsinu galmee seenaatu beeka, kanaaf achirraa dhageenyee waa'ee isaanii dubbanna. Goota seenaa qabu faarsuudhaan qofa seenaa beekna malee warra seenaan beekutti dabalamuu hin dandeenyu. Akkuman boqonnaa darbe keessatti siif kaasee ture seenaa beekuu fi seenaan nama beekuun immoo garaagari. Yoo ani wareegame waa'ee wareegamuu kootii dubbachuu kan qabu nama dubbachuu danda'u hunda osoo hin taanee nama kaayyoo ani wareegameef beeku ta'uu qaba.

Seenaan beekamuuf hojii seenaa hojjedhu, seenaa beekuuf immoo kitaaba seenaa dubbisi.

Tarii akka koo namni kitaaba seenaa dubisuudhaan seenaa namoota baay'ee arge yoo jiraate yoona waa'ee ofii isaatii maal jechaa jira laataa? Seenaa dubbisnee ofii maal taanee akka lafa kana irraa darbuu qabnuuf qabsoo hin jalqabne taanaan dubbisuun hiika hin qabu. Wanta bu'aa buusu dubbisuu qabna. Wanta bu'aa buusu dubbisnaan immoo ittiin bu'aa buusuu qabna.

Namni waan isa gargaaru qofa dubbisuu fi ilaaluu qaba malee dubbisuu waan beekuuf, iji isaa waan arguuf, waanuma barreeffame jiru hunda dubbisuu fi waanuma maxxanfamee jiru hunda ilaaluu hin qabu amantaa jedhun qaba.

Sababii dhaloonni waan dubbisuu fi ilaaluu qabu adda baasee hin beekneef kan nuti teekinoloojii balaalleffannuuf yeroo tokko tokko. Fincila diddaa garbummaa isan jedhu kanaaf meeshaa lolaa guddaan midiiyaadha. Sabni miidiyaa sagalee ta'ee isaaf dubbatu qabu tokko saba meeshaa lolaa qabu caalaa humna qaba. Dur miidiyaa dhabuun uummata Oromoo miidhaa amma kana hin jedhamne miidheera. Har'a garuu Oromoon miidiyaa bakka isa bu'uu danda'u qaba. Hojiin isaan saba kanaaf waggaa muraasa keessatti hojjetan lakka'amee kan dhumu miti. Kanaaf dhaloonni miidiyaa haamillee isaa nyaatu osoo hin taanee miidiyaa waan isa fayyadu keessaa argamu qofa hordofuu qaba. Nuti ittiin of miidhu baannaan teekinoloojiin meeshaa nama miidhu of harkaa hin qabu. Duute du'akeef, miidhamtee miidhama keef, hiyyoomtee hiyyummaa keef miidiyaa garaagaraa fi teekinoloojii komatta taanaan isaantu sirratti

raawwate osoo hin taanee situ ittiin of irratti raawwate. Dhugaa dubbachuuf teekinoloojiin ija dhalootaa bane malee hin jaamsine. Gara fuulduraattis kan warra akka inni jaamsuuf heyyamaniif jaamsuuf immoo humna guddaa qaba. Ibiddi bakka kaa'amuu qabu kaa'amee gaafa achitti eegamu osoo hin taanee gaafa bakka fayyadamuu hin qabnetti fayyadamne balaa lubbuu namaa fi qabeenyaa balleessu uuma. Teekinoloojiinis akkuma kana. Waan itti fayyadamuu qabduu fi bakka itti fayyadamuu qabdu qofatti yoo itti fayyadamte balaa tokkoyyuu hin qabu. Qabsoon fincila diddaa garbummaa isa dhumaa keessa jiru hadha'aadha. Sababni isaa isa dhumaati. Hadhaa'a kana erga dhandhamanii kan garaan namaa boqotu yoo injifannoon galan qofa. Injifannoo malee mataa ol qabachuun hin dandaa'amu. Kan beekamuu qabu garuu akka injifannoo isheen ittiin mataa ol qabatan kun qabsoo hadhaa'aadhaan booda malee hin argamneedha. Ammas dura keenya kan jiru qabsoo hadha'aa yoo ta'ellee, amma bilisummaatti garuu addaan kutuus hin qabnu.

Qabxiilee Ijoo Boqonnichaa.

- Garbummaaf tole jechuun isaa seera uumaan mormuu wajjin walii galuu jechuudha. Kanaaf garbummmaa didaa jiraachuun yoo hin dandaa'amne, garbummaa didaa du'uu qabda malee tole jechuufi hin qabdu.
- Yoo Joobirrii tole jedhe Lukkuun geggeessaa Joobiraa ta'uuf hin saalfattu.
- Namni ga'umsa keessa isaa jiru shakku akka nama daawwitii keessatti ofii isaa argee nama biraadha jedhee yaaduuti!
- Anaaf garbummaan:-
  - Isa dhalli nama dhabuu hin qabne dhabuu
  - Akka jiraachuu hin qabnetti jiraachuuf giddisiifamuu
  - Isa dursuu qabaniin durfamuu fi
  - Gammachuu malee sodaa fi du'aan doorsifamaa jiraachuudha.
- Saba garbummaan itti hadhoofte falmachuu eegaletti bilisummaan dhi'oodha.
- Dorgomuu utuu qabdu dorgommee keessaa of baastee teessee warra wal dorgomaniif sagalee dorgommii laachu hin qabdu!
- Garbummaa hamaan namni jala ba'uuf hin qabsoofne, hubataanii ilaalun malee ija qabataniif kan namatti hin argamne garbummaa bilisummaa fakkattuudha.
- Sakaallaa garbummaan bilisummaa fakkaatu ittiin nama sakaalu wadaroo battee fo'ame irra jabaadha.
- Dhaloonni garbummaa bilisummaa fakkaatu keessa jiraatu; deemee akka achi hin siqneef hidhamaadha, hidhaan jira jedhee deemuu akka hin dhiisneef immoo wadaroo inni ittiin hidhame jiru dheeraa waan ta'eef daangaa sana keessa naanna'a.
- Garbummaa jalaa biyyaa bilisummaan jirutti baqachuun biliisa

nama hin baasu, garuu sodaataadhaaf sodaa isaa ni salphisa.

- Garbumaa baqachuun garboonfataa jalaa nama miliqsa malee sammuu ofii isa akka biyyi ofii fi sabni ofii garbummaatti jiru beekuu jalaa nama hin miliqsu.
- Dhalli namaa garbummaa ni jibba, garuu riqicha qabsoo hadhooftuu irra adeemanii gara bilisummaatti ce'an sana irra ba'uu waan sodaatuuf garbummaa keessa jiraata.
- Waan nama ari'aa jiru osoo hin beekin baqachuun fafa,adda baafadhu ilaali yoona garboonfataanke kaleessaa har'aa ni laafa.
- Garbummaan kan didamu amma namatti fooya'utti osoo hin taane amma bilisoomanitti.
- Fincilli diddaa garbummaa eegalamee osoo galchii (goal) barbaachisu hin galchin yoo addaan cite, bara garbummaa fixuun isaa hafee dhaloota fixa.
- Fincilli diddaa garbummaa itti fufuu kan qabu amma wanta buqqisuuf qabsa'aa jiran hundeen buqqisanii, isa dhaabuuf qabsa'an immoo hundee isaa gadi fageessanii dhaabanitti itti fufuu qaba.
- Duuti gootota kaleessaa fi dhangala'uun dhiiga dhaloota qubee har'aa kan gatii argatu, gaafa kaayyoon isaan du'aniif galma ga'eedha.
- Maqaa gootaa faarfachuun gatii gootaa baasu hin dandeenyu. Hojii gootaa hojjennee kaayyoo isa isaan jalqaban galmaan ga'uudhaan baasna malee.
- Seenaan beekamuuf hojii seenaa hojjedhu, seenaa beekuuf immoo kitaaba seenaa dubbisi.

BOQONNAA SADII
QABSOO KARAA NAGAA KEESSATTI INJIFANNOON AKKAMIIN ARGAMA?

"Dukkanni dukkana hin baleessu, ifa qofatu dukkana balleessuu danda'a. Jibbis jibba hin baleessu, jaalala qofaatu jibba baleessa malee!" Maartiin Luuter Kiing

Tokkummaa

Tokkummaan meeshaa qabsoo guddaa ittiin raayyaa waraanaa hidhannoo guddaan jiru harka duuwaa injifataniidha.

Leenca kophaa isa adeemu warabbessa tokkoomee deemutu itti naanna'ee naasisa. Isaan jaboodha jechuu fi inni jabaadha jechuun garaagara. Biyyaa fi saba keenya gidduu tokkummaa jechaa malee tokkummaan dhugoome hin jiru. Sababni isaa mana maatiin keenya wal hin beeku nuti bakkoodhaa waa'ee tokkummaa lallabna. Maatiin tokkomee hawaasa tokkoome hundeessa. Hawaasni gamtoome immoo saba gamtoome hundeessa. Kana ta'uudhaa yoo baate tokkummaan eessaa dhufa? Jaarraa kana maatiin garaa tokko dhiisii maaddii tokkoyyuu hin qabu. Saba Oromootiif maaddiin maatii hiika guddaa qaba. Bakka tokkotti, maaddii tokkotti nyaatu. Dur maatiin yoo wal dhabe maaddii tokkorraa waan nyaatuuf wal dhabee hin turu dafee waliif dhiisa. Bara kana garuu aabboo fi aayyoon iyyuu maaddii gargari qabu. Abbaa manaa fi haati manaa waa'ee wal dhabdeetiif yaaddoo hin qaban. Yeroo barbaadan, bakka barbaadan taa'anii nyaatu. Abbaa fi ilmi, haatii fi intalli fuula walii arguuf iyyuu ni turu. Ani abbaarsi maaddiin maatii gargar baba'uu caale hin jiru jedheen amana. Maatiin maaddii tokko hin qabne akkamiin yaada garaa tokko qabaata?

Maaddiin maatii erga gargar baate garaan maatiis gargar baate. Kottaa tokkummaa kana maaddii maatii tokko gochuurraa eegalla walga'ii keessatti eegalurra.

Fakkeenyaaf biyyi tokko geggeesitoota danuu of keessa qabdi. Geggeesitootni kuniinis ilaalchaa fi dandeettii gargari qabu. Gaafa geggeessitootni kunnin garaagarummaa ilaalcha isaaniitin saba gargar qooddachuu eegalanii kaasee hundeen tokkummaa sabaa raafamuu eegala. Addumaan sabni Oromoo hayyoota kumaatamaan lakkaa'aman of keessaa qaba. Isaan kana keessaa gaggeessitoota biyya kanaa ta'uu irra darbanii addunyaa kanaaf illee ilaalcha geggeessummaa sirrii namoota qabantu jira. Ta'us yaadni fi ilaalchi,dandeettii fi ga'umsi geggeesitootaa kanaa garaagara.

Hayyuu baayyee qabaachuun, geggeessitoota yaada qajeelaa qaban hedduu horachuun biyya tokkoof eebba Waaqati malee abbaarsa miti. Ilaalchaa fi yaada qabaniin gargar nu qoqqooddachuun isaanii garuu abaarsa guddaadha!

Biyya kana namni hojii irratti miti AFOOSHAA irratti kan inni tokkummaa qabu. Gaafa jiru dhimma walii hin qabu,daboo wal hin gargaaru,waan nyaatu waliin hin ga'u. Osoo angafni mana keessaa quufee geeraruu quxisuun ala taa'ee amummata. Kaan irraa nyaatee quufee maaddii irratti dhiisee gaafa ka'u,inni biraan immoo daandii irra ciisee dhaba buddeeniin lubbuun isaa darbiti. Gaafa awwaalchaa garuu AFOOSHAA hin oolu boolla keessa kaa'an qotuu. Buddeen gaddaa geessuu hin dhiisu isa imimmaanii wajjin nyaatamu. Namni namaaf qoricha. *Nuti garuu maal na gooti,maal naaf gootis waliin jenna*. Barri kun bara geggeessaan saba geggeessu shakku,sabnis

geggeessaa isaa shakkuudha. Abbaa fi haati ijoollee isaanii shakku. Ijoolleenis abbaaf haadha isaanii shakkaa jiraatu garaan maatiiyyuu gargari.

Tokkummaa Hayyoota Oromoo

Hayyoonni tokkooman jechuun ilaalcha,dandeettii fi yaada tokkoo qabaatan jechuu miti. Ida'aama ilaalchaa,dandeettii fi yaadaa isaanii isa irratti walii galan raafamuu hin dandeenyetti dhufan jechuudha malee.

Jaarraa tokkoo oliif hayyuu Oromoo baayyeetu dhukkuba saba Oromootiif daawwaa barbaade. Akka isaan daawwaa kana itti barbaadanii fi karaan isaan irra barbaadan gargari. Daawwaan dhukkuba kanaa yaalii hayyuutiin ni dadhabame. Yaalii hayyoota gamtoomaniin garuu ni danda'ama nan beeka. Ba'aa ulfaataan nama tokkoof dadhabame wasaasaa nama lamaatiif akkuma salphatu,barbaachi nama lamaan barbaadanii fi kophaa ofii barbaadanis baayyee wal caala. Ilaalchi keenya gargari garuu dhimmi keenya dhimma Oromooti dhaadannoo jedhuun tokko ta'u hayyoonni. Sanaan booda wanti isaan gochuuf yaalaanii dadhaban tokko iyyuu hin jiraatu.

Diinni kaleessa hayyuu Oromoo tokkicha tuuta keessatti yookaan fageenya irratti sodaatee raafamu,osoo hayyoota Oromoo bakka tokkotti argee immoo raafamee hin dhiisu kufaati baddu baasaa kufa!

Saba Oromoo keessa paartiilee siyaasaa baay'eetu jira. Paartileen kun hundi miseensa hayyuu muraasa of keessa qaba. Yaadni isaanii gargari garuu kaayyoo isaanii yoo gaafatte partileen kun hunduu dhukkuba saba Oromoof daawwaa barbaachuurra jiru. Raayyaa

guddaan raayyaa waraana hidhannoo wajjin jiru injifachuu danda'u tokkummaa hayyootaa karaa nagaa qabsa'aniiti. Morkataan tokkummaa hayyoota Oromoo jala dhaabbachuu danda'u jiraa laata? Dhugaa dubbachuuf hin jiru. Amma garuu inni tokko dadhabina isa kan biraatin miidiyaa hawwasaatti as ba'a. Salphinni isa kan biraa isa tokkoof ulfina. Boo'icha hayyuu isa hangaafaatu quxisuu gammachiisa. Silaa isa abdachaa itti seenu kan qabnu ofii dirreetti seenuuf isa nu dursee dirree seene dirree keessaa baasna. Hanqinaa fi dadhabina walii keenyaa isa ormi hin beekne nutu ormatti hima. Orma caalaa waa'ee walii keenyaa beekun keenya ittiin wal salphisuuf osoo hin taanee ittiin salphina wal oolchuuf ture.

Gaafa ormi godoo isaatiin qorqorroo koo, fungaa(fokkisaa) isaatiin immoo donfolloo koo(bareedakoo) jechaa isa kan keenyaan dorgomsiisuu fidu nuti immoo gamoo keenyaan godoo keenya jechaa itti geessina. Osoon lammii koo jajee lammiin koos na jajee ormi lammii koo biratti na hin tuffatu,lammii koos na biratti hin tuffatu ture. Amma garuu waltajjii irratti waa'een dadhabina walii keenyaa akka haasa'amu qopheessee kan orma itti waamu nu mataa keenya ta'ee natti argama.

Ormi beekumsaan osoo hin taanee haxxummaadhaan Oromoo waan caaluuf hayyuu keenya walitti buusee bu'aa walitti bu'uu isaanii gidduudhaa argameen jiraata. Kanaaf milkaa'insa ofii isaanii irra kufaatii hayyuu keenyaa gaammadu.

Nan beeka akka sabni keenya hayyuu keenya dursee hirriba keessaa dammaqe. Sababni isaa utuma hayyoonni keenya yaada mataa mataa

isaaniitiin karaan kana asiin ba'i,karaan kana miti asiin hin ba'in jedhanii karaa irra ba'uu qabu beekee jira. Kanaan booda bilisummaa Oromoo isa dhugaa arguuf jirra. Sana arguu kan dandeenyu immoo gaafa hayyoonni keenya yaada isaanii walitti dabalatanii dha. Isaaniis yaada isaanii,ilaalchaa fi dandeettii isaanii walitti dabalachuudhaa yoo baatan injifachuu akka hin dandeenye waan beekan natti fakkkaata. Hin beekin jiru yoo ta'es amma kana beekanitti tasumaa injifachuu hin dandaa'an. Carraa morkataa isaanii dhiphisuuf hayyoonni keenya walii galtee jabaa uumuutu isaan barbaachisa.

Leenci kophaa deemu Waraabeessa gamtoome sodaata, gootni kophaa isaa deemus lugna yookaan dabeessa tokkummaan jiruuf jilbeenfata...kanaaf tokkommaa..tokkummaa...!

Egaan yaadni bilchaataan biyya geggeessuu danda'u gaafa hayyuu biraa ka'ee namoota ilaalchi isaanii kabeelateen kufuu arginee beekna. Hayyoonni tokkummaa'an garuu yaada injifatu kaasu,ni injifatus. Kanaaf kanaan booda bilisummaa Oromootiif wanti barbaachisaan hafe hayyoonni Oromoo tokko ta'uu qofaa dha. Gaafa isaan dandeettii geggeessummaa gurguddaa,ilaalcha morkataa qabatanii wal amansiisuuf gaaddisa Odaatti wal gaa'anii kaasee sabni Oromoo bilisummaa bara baay'eef dheebote dhugee quufa. Kun ta'uudhaafis hayyuun hayyoota walitti waamu,yaada sirrii waliif isaan galchu qabatee as ba'u jiraachuu nuu barbaachisa. Nan abdadha namni akkasii ni jira ganaa as ba'ee mul'ata malee. Guyyaa isaan tokko ta'anii kaasee hayyoota Oromoof bilisummaan akka kennaa tolaatti laatama. Sababni isaa qabsoo bilisummaaf barbaachistu ishee

hadhooftuu sana qabsa'aanii, aarsaa kaffalamu hundaas kaffalaniiru waan ta'eef firii isaa cirachuu qofatu isaan hafa.

Gamtaa Afirikaa fi Awurooppaa osoo hin taanee, gamtaa hayyoota Oromootu abjuu saba Oromoo irra darbe kan biyyaa Itoophiyaa guutuu dhugoomsa!

Kanaaf ragaa kennuun nan barbaachisuu hojiin hojjetamee fi seenaan kaleessaayyuu ga'aadha. Dhaloonni hirriba keessaa dammaqe gaaffii gaafata. Gaaffiin gaafatamu kunis gaaffii jijjiramaati. Isaan kanaa wajjiin deemu kan danda'u geggeessaa akkasumaanii osoo hin taanee geggeessaa jijjiramaati. Geggeessaan immoo kan jijjiiramu barnoota geggeessummaa qofa barachuun osoo hin taanee ilaalchaan. Qopheen kanaa booda hayyoota keenya irraa eegamu qophii haasaa jijjirama fiduu haasa'uu qofa miti. Hojii jijjiiramaa hojjechuudha. Daa'imni kaleessa aannaniin sossobamaa ture har'aa ga'eessa lafee alaanfachuu irra ga'e ta'ee jira. Aannan baatanii gara ga'eessa kaleessa daa'ima tureetti adeemuun salphina.Kanaan booda geggeessaa gaaffii gaafatameef deebii itti adeemaa jirraa ni goona jedhu osoo hin taanee godhee agarsiisuu,hattuu nan qaba miti qabee seeraatti dhi'eessuu,ajjeesaa dhaloota akka baalaatti harcaasee nan gaafadhaa dhiisee saba fuulduratti gaafatu fi diimokiraasii dhugaa barreeffamaan dhiisee hojiin achi as baasutu saba kana geggeessa. Kana gochuu kan hin dandeenye tasumaa geggeessaa keenya isa kanaan boodaa ta'uu hin danda'u. Saba jijjiirameetu gaaffii jijjiiramaa gaafata,geggeessaa jijjirama qofatus gaaffii jijjiramaa jechaan dhiisee hojiin deebisa. Hayyoonni keenyallee waliin qophii barbaachisu godhanii geggeessaa akkasii of keessaa baasuudhaan ofitti amanamummaan jiraachuu qabu. Biyyi ilaalchi geggeessaa

isheeti kan warra geggeefamaniin gadi ta'e kufaa jirti malee lafa kuftee ka'aa hin jirtu. Himni kun waa'ee jabina qabaachuu geggeessaa biyyaa dubbata. Eeboon ittiin diina waraananii fi gaachanni jala eeboo diina dhokatan saba Oromoof hayyoota isaa warra akka cirraacha galaanaa kanaadha. Malee kanaan booda lolli saba keenya eeggatu hin jiraatu. Sababni isaa biyya amma jirtu kana kan yoonan ga'e ga'umsa gootota Oromoo fi ga'umsa faradoo isaanii kaleessaati. Isa qabsaa'ee ijaare keessa jiraachu malee ijaarsa kan biraa ijaaruun saba guddaa kana hin barbaachisu. Akkas gaafan jedhu ilaalchi kaleessa inni waa'ee dhimma Oromiyaa duwwaatu nu ilaallata jedhamu bira darbamee ilaalchi keenya bal'aachuu qaba. Sababni isaa biyyi Itoophiyaa jedhamtu kun kan ijaaramte lafee gootota Oromoo kaleessaan ta'uu namni hunduu beeku qaba. Kanaaf nuti immoo bakka lafeen isaanii itti cabe gam tokko bilisoomsinee gama kan biraa yoo dhiisne adaraan isaanii nurratti hafuu isaati. Ammas haayyonni keenya Oromiyaa geggeessuuf osoo hin taanee biyya Itoophiyaa geggeessuudhaan warra kaleessa buddeen jedhee summii ajjeesu nu soore buddeen nyaachisuu qabu. Kana gochuu kan danda'u hayyoota tokkummaa jabaadhaan ijaaramanii fi mata duree tokkummaa isaanii dhaadannoo jaalala jedhu godhatanii dha.

Ormi meesha lolaa fi loltuu kumaatama hiriirsee ittiin saba Oromoo duguuguu yoo qabaates, sabni Oromoo garuu sammuu beekaa meeshaa waraanaa fi waraanni ittin qopheeffame waan qabnuuf, gaafa tokkomnee hidhannoo malee isa hidhannoon jiru hiikkachiisna!

Natti Mul'ata:-

- *Osoo haayyoonni Oromoo warri kaayyoo tokkoof jecha paartii gargarii fudhatanii socho'an hundumtuu yaada isaanii walitti dabalanii tokkumma'aanii.*
- *Guyyaa itti dheebuun sabakoo saba guddaa dhugoomee hayyoonni Oromoo tokko ta'uun isaanii hidhannoo malee diina naasisee barcuma irraa kaasutu.*
- *Yeroo itti hattuun hidhamtee abbaan qabeenyaa hidhaatii hiikamutu.*
- *Bara itti hayyoonni Oromoo dhuunfaadhaan sabakoo jechuu dhiisanii saba keenya jechuudhaan waltajjii tokko irratti waliin fala barbaadantu.*
- *Osoo sabni boo'iichi butuche,inni iyyii isaa gaanfa Afirikaa irraa addunyaatti dhaga'aamu boqotee kolfa dhugaa kolfu.*
- *Utuu ilmaan Oromoo warri biyya abbaa isaanii jiraachuu dhorkaman biyya jirani wal waamani biyyaa abbaa isaaniitti galanii.*
- *Diimokiraasi dhugaa barreeffama bira darbee lubbuu godhatee adeemutu.*
- *Isa Sirni Gadaa itti dabaluu fi irraa hir'isuu tokko malee Oromiyaa irra darbee Itoophiyaa geggeessuutu!*
- *Osoo burcumni biyya keenyaa geggeessitoota imaanaa isaanitti kenname eegaan baatu.*
- *Geggeessaa sagalee dhaadhannoo dhageesisaa saba gidduu asiif achi adeemutu.*
- *Isa sabni biyya kanaaf loltuun biyya kana wal mararfachaa waliin nagaa biyya isaanii eegsiisuuf hiriirantu!*
- *Osoo daangaan geggeessaa fi saba gidduu kaa'amee jiru sun*

diigame garaan geggeessaa fi sabaa tokko ta'u!

- *Isa geggeessitootni jajjaboon Oromoo keessaa ka'uudhaan warra kaleessa summii nu nyaachisee buddeen nyaachisaanii gaarummaadhaan warra hamaa malee gochuu hin beekne gaabbisiisani!*
- *Barri quxisuun angafa,angafni quxisuu jajaa waliin daandii irra adeemanii fi bara itti beekaa fi wallaalaan jabaadhu waliin jechaa isa kaleessa jigu dide dhiibanii waliin jigsantu!*
- ***Natti mul'ata...Natti mul'ata** jijjiirama hundee isa dhugaa barcuma jalaa baasee barcuma irra teesisuu fi sabaf garaa geggeessa saba walitti araarsuutu...**Argaan Jira Natti mul'ata!***

Tokkummaa Saba Oromoo

Saba hayyuun isaa gamtoomeef lallabni tokkummaa jedhu hin barbaachisu. Sababni isaa ilaalee isaan irraa barata waan ta'eef sabni hayyuun isaa waliif gale walii gala.

Oromoon tokkummaa Gadaa irraa barate. Kan akka Oromoon kara karaa yaa'u godhe keessummaa Oromoo warra kaleessa dhufee itti makamee dha. Jarri abshaala. Ofii lolanii injifachuun akka itti ulfaatu waan beekaniif Oromoo fi Oromoo walitti naqani taa'aani ilaalu. Injifannoo haadhoo wal dhaban gidduutti argamuun jiraachuun immoo bu'aa ormi dadhabbii malee argatuu dha. Namni dadhabbii malee faayidaa bare bineensa ajjeesee jiraachuu irraa hin seesu. Baroonni darban bara ormi mana abbaa bulee ka'ee ilma ajjeesuuf haala mijeeffatu,bara diinni mana obboleessaa bulee obboleessa ajjeesuuf haalli mijeeffamuuf ture. Kana irraan kan ka'e boo'iichi

saba guddaa gaanfa Afirikaa kanaa jaarraa lakkaa'e jira. Gaafa sabni Oromoo boo'iicha dhiisee waan biyya kana keessaa dhagaa'amuun sagalee bo'iichaa dhaabbatu natti fakkaata. Sababni isaa ofii boo'uu dhiisnaan orma boossisuuf gara jabina hin qabu sabni kun garraamiidha.

Namoota tokko tokkotti garraamummaan Oromoo gowwummaa itti fakkaata. Gowwaa fi garraamiin garuu gargar yoo gowwaatu akkas jedhee yaada ta'e malee.

Sodaan diina Oromoo tokkummaa saba Oromooti. Sababni isaa sabni kun tokkummaan osoo hin jiraatin iyyuu falmachuu malee callisuu waan hin beeknef,tokko taanaan maal akka inni godhu jarri cimsanii beeku. Dhugaa dubbachuuf tokkummaa keenya kan isaan hin barbaanneef kanaaf malee jibba kan biraa ittiin nu himatan tokko illee hin qaban. Jecha warri adii gaafa Abbaa Gammachiisii wajjin gara Saba Oromoo dhufuu ka'an dubbatan tokko kanaaf ragaadha. "Sabni guddaan tokko gaanfa Afrikaa jira, saba sana yoo qaqqabanne sabni sun immoo adunyaa nuuf qaqqaba" jedhan. Kanaaf durii kaasaani warri Oromoo garboomse jiru tokkummaa Oromoo keessa humni akkamii akka jiru sirriiti beeku. Kanaaf akka inni tokko hin taaneef humna qaban hundumaan kan isaanii hojii saba kana gargar godhu irratti bobbaa'anii jiraniif. Oromoon itti malama malee maltuu of keessaa hin qabu. Sabni bicuun hojiin isaanii mala maluu qofa ta'e garuu saba guddaa akka galaanaa kana bara baayyee ergatan. Ammaan booda garuu eenyullee tokkummaa Oromoo gidduu seenee milkaa'u akka hin dandeenyeef hojiin kaleessa QEERROO biyya kanaatin hojjetame mirkaneesseera. Kanaan booda mootummaa

garboonfataan yoo jiraate bara bulchiinsa isaa dheereffachuuf sabaa fi saba walitti buusuu qofa carraa inni qabu. Kanammoo lammiin Itoophiyaa hunduu waan beekeef carraan inni qabu dhiphaa dha. Daandii bilisummaatti geessuurra adeemu gaafa jalqaban qabsoon godhamuu qabu kallattiidhaan isa nama garboonfate irratti malee isaa wajjin garboomaanii jiran irratti miti. Kanaaf wal dhabdeen sabaa fi saba gidduutti ka'u geggeessaa abbaa irreetiif humna isaati. Kun waan lammiin biyya kanaa hundumtuu beekuu qabuu dha.

Sabni Oromoo gaafa tokko ta'ee kaasee qabeenya isaa eeggata malee balbala irra taa'ee mana namaa eeguun isaa ni hafa!

Fiinfinneen kan Oromooti magaalaa handhuuraa lafa Oromoo irratti ijaaramte. Mana nama baay'ee yoo deemte kan dhufee balbala siif banu Oromoo dha warra mana keessaatu hin beeku malee Afaan Oromoo. Akkas jechuun koo maal jechuu akka ta'e waan siif galuuf kana caalaa ibsa hin laadhu. Jechi an jedhu yoo jiraate garuu hojii guddaan Oromoo balbala namaa irraa kaasuu danda'u tokkummaa qofa. "Walii galan alaa galan" kan Oromoon jedheef yoos kan yoomiitiree?

Saba Oromoo gidduutti tokkummaa jabaan raafamuu hin dandeenye akkamiin dhufa gaaffii jedhuuf tuqaalee barbaachisoon ani lafa kaa'u isaan kanaa dha.

1. Hayyonni Oromoo tokkummaadhaan kaayyoo tokko irratti hojjechuudhaaf saba kana iddoo tokkotti fidanii wajjin qabsaa'u qabu!
2. Paartiin faayidaa saba Oromoo eegsiisuu irratti xiyyeeffate hundeeffame hunduu kaayyoon isaan qabsaa'aniif tokko taanaan

isaanis walitti dabalamu qabu!

3. Geggeessitootni saba kana keessaa ka'an warri saayinsii geggeessumma baratan hundumtuu geggeesummaa sirna Gadaa abbootii Gadaa irraa dabalataan barachuu qabu. Sababni isaa geggeesummaa sirna Gadaa fi kan saayinsii kana gidduutti wanti bakka wal bu'uu hin dandeenye (gap) guddaan uumamee waan jiruuf.
4. Sabni hayyuu isaa, hayyuun immoo saba isaa dhaga'uurra darbee wal hubachuu jabaan riqichi isaa isaan gidduutti ijaaramu qaba!
5. Xiyyeeffannoon sabas ta'e geggeesitoota saba Oromoo gadoo/gumaa kaleessaa baasuuf dogoggora seenaa kaleessaa nu irratti hojjetame irra deebi'udhaan saba biraa irratti hojjechuu osoo hin taanee,hojii seenaa gaarii hojjechuu irratti ta'u qaba!
6. Garaamummaan badhaasa uumaatiin isaaf laatamte yoo ta'e illee sabni Oromoo maal namaa kennuu akka qabuu fi hin qabne adda baasee beekuutu isarra jiraata!
7. Maatiin tokkummaa jabaadhaan hawaasa tokkummaa jabaa qabu uumu qaba. Hawaasni dhugaadhaan tokkoome immoo lammii tokkoome qopheessa!
8. Ulfinako jechuun hafee ulfina keenya,kabajako jechuun hafee kabaja keenya,qabeenyako jechuun hafee qabeenya keenya jechuu danda'uutu saba fi geggeesitoota keenya irraa eegama!
9. Abbootii Gadaa fi Geggeesitoota biyyaa gidduu hariiroo fi walitti dhufeenyi jiru jabaachuudhan,mareen faayidaa saba irratti xiyyeeffate taasifamu qaba!
10. Qabsoon Oromoon godhu hundumtuu kallattii fi geggeessaa qabaachuudhaan isa dhiigni akka salphaatti waan dhangala'uu hin qabneef keessatti dhangala'u ta'uu dhiisuu qaba!

Egaan tuqaalee ani kaasee kana eegnaan injifannoon harka Oromoo jirti. Akkas yoo ta'eedha qabsoo karaa nagaa keessatti injifannoon kan argamtu. Tokkoof tokko qabsoo karaa nagaa injifachuuf qopheen barabaachisu inni jalqabaa qophee tokkummaa sabaa fi hayyuuti. Tokkummaan biyya tokkoof bu'aa meeshaan lolaa gatii guddaan itti ba'e argamsiisuu hin dandeenye argamsiisti.

Tokkummaan meeshaa lolaa jireenyi ittiin injifatamuu fi bilisummaan ittiin argamu baasii hin barbaannedha!

Maaliif amma yoona kanaa meeshaa kana hin qabatin turre kan jedhuuf deebiin isaa asuma kitaaba kana keessa jira. Tokkummaan sabaa argamuuf hundumaa dursee namni dhuunfaa isaatti sammuu isaa keessaa ilaalcha tokkummaa qabaachuu qaba. Ati akkati anaa wajjin walii galteen sochootu sammuu kee keessa wixinee yoo qabaattee,anis siif ulaagaa kana guunnaan anaaf atiyyuu lammiidha. Kanaaf tokkummaan anaa fi si irraa jalqabee bor kan saba guddaa ta'u. Bakka jirtu jiraadhu jireenya tokkummaa jiraadhu lallabaa fi oduu tokkummaa isa arraba nama baayyee malee garaa nama baayyee keessa hin jirre dhiisiiti. Namoota hojiin geggeesummaa itti laatame hojjetan baayyeen isaanii na gaddisiisu. Manaa maatiin isaanii wal hin beeku. Mataama isaaniittillee abbaa manaa fi haati manaa walii wajjin hin dubbatan yaadaan wal dhabanii. Gaafa walga'ii geggeessan garuu 'Tokkummaa' jechi jedhu kun isa isaan itti waltajjii jalqabani cufaniidha. Wanti kana caalaa nama gaddisiisuu maaltu jira? Maatii isaa nama dursuu hin dandeenyen sabni guddaan durfamuu miidhamni caalu kan biraan lafa kana irra hin jiru.

Tokkummaan jiraannan bilisummaan jiraachuu duuwaa miti harka keenya keessa jira,tokkummaan jiraachuudhaa baannaan ammas shakkii kan hin qabne bara garbummaatu dura keenya hafe jira!

Jaalala

Jaalalli hundee nagaan irratti ijaaramuu fi muka firiin bilisummaa irraa ciramu kan ittiin diina ofii fira godhatanii jiraatan bidiruu jireenya dhala namaati!

Tokkummaan inni nuti baayyee barbaachisaadha,meeshaa lolaa ittiin jireenya injifatanii fi bilisoomaniidha jenne illee bakka jaalalli hin jirretti hin yaadamu.

Jaalalatu ba'aa walii akka baatan,dhiifama akka waliif godhan,gaarii akka waliif yaadan nama godha. Bakka jaalalli hin jirre gammachuuf nagaan dhaqee ol hin seenu. Yaada walii hubachuunii fi walii yaaduun achitti hin argamu. Erga akkas ta'ee diinni tokkommaa,nagaa fi gammachuu jibba jechuu dha. Sababii jaallatuuf malee jibba maqaa dha'ee kennaa nama walii kennu argee hin beeku amma yoonaatti. Karaa biraa wanti gaariin jibbaan argamu tokkollee hin jiru jechuu dha. Jaalalli isa waan hundumaa raawwachuu danda'uudha. Boqonnaa inni namaaf laatu qarshiin, manni, konkolaataan, bakki jireenyaa gaariin namaaf laachuu hin danda'u. Isa osoon siif godhee jaallattu sana naafis godhi. Anis waan yoo ati naaf goote na gammachisun siif godha. Jaalala jechuun kan akkasiiti malee gatii wal baasisaa jiraachuu jechuu miti. Jaalalli garaa maatii,sabaa fi geggeessaa tokko godha. Ilaalcha anatu caala jedhu sana, isa nama kan biraa ofii ofiitiin gadi godhanii ilaalan jaalalatu hundeedhaan buqqisee balleessa. Isa yaada wanti gaariin hundumtuu anaaf malee haadhoo koof hin ta'in jedhu sana nu keessaa balleessuu kan danda'u.

Namichatu obboleessa isaa hin jaallatu jedhan. Gaaf tokko jireenya gaarii isa dhalli namaa jiraachuu jaallatu argachuuf dheebote. Innis dura isaa jilbeenfate waan barbaade sana akka inni kennuufiif waaqa kadhate. Waaqayyos akka inni obboleessa isaa jibbaa jiru waan beekuuf akkas ittiin jedhe. "Tole kan ati jette kana hunda siif nan godha. Garuu waanan siif godhu hunda isaa obboleessa kee isa jibbituuf immoo dachaa laman godhi" isaan jedhe. Namichis deebisee Waaqayyoon akkas jedhe. "Erga akkas ta'eemmoo ijakoo tokko jaamsiitii,kan obboleessa kootii immoo lamaan isaa ha jaamuu"jedhe jedhama.

Jibba jechuun amma kana hamaa nama godha. Waaqayyo kan keen kennaaf hin jenneem. Isan siif kennun dachaa lama kennaaf jedhe malee. Inni garuu sammuun isaa jibbaan waan adoochifameef naaf ifa xinnoo hanbisiitii haadhoo kootti immoo dukkaneessi jedhee kadhata. Ni dhokfanna malee meeqan keenyatu dhukkuba akkasi garaatti baate jiraata laata? Ni jira akka diinaatti milkaa'insa isaa caalaa kufaati obboleessa isaa kan gammadu. Dhibee hamaan kun eessaa akka dhufe wallaalus,dhibeen kun biyya hundummaa akka jiru cimseen beeka. Akkuman mataa duree irratti ibsuu yaale jaalalli bidiruu jireenya dhala namaati. Bidiruun kan ittiin laga ce'anii dha. Galaanaan nyaatamu nama oolcha. Bineensa hamaa galaana sana keessa jiraatuun miidhamuu irra nama eega. Ta'us balaan gaafa bidiruun kun rakkoo godhate nu mudatu baayyee guddaadha. Balaan gaafa jaalalli nu gidduuti miidhame nu mudatu immoo isa sanarra hamaa dha.

Jaalalli Wal Nama Dandeessisa

Jaalalli isa tokko quufsee isa kaan immoo hin beelessu, tokko mana bulchee isa kaan daandii irra hin bulchu, tokko hidhaa inni kan biraan immoo hidhamaa hin ta'u. Madaala hariiroo durreessaa fi hiyyeessaa, beekaa fi wallalaa gidduu jiru sirreessa malee wal hin caalchisu. Herrega jaalalaa keessatti garbii fi garboomfataan, wal kabajuu malee wal sodaachuun hin jiru.

Jaalalli jiraachuudhaa yoo baate haadhootu wal dadhaba,lafa bal'aatu isaan hankaaka. Sababni isaa akka namni wal danda'u kan godhu lafti bal'aan jiraachuu osoo hin taanee jaalala waan ta'eef. Akkasitti anaaf ati walii wajjin jiraachuu hin dandeenyu jecha jedhu obbolaa gidduutti,haadha manaa fi abbaa manaa gidduutti yeroo baay'ee deddeebinee dhageenya. Walii wajjin jirachuu hin dandeenyu erga jedhee namni wal danda'uu dhiise jechuu dha. Wal danda'uun jara gidduu hin jiru taanaan immoo jaalalatu hin jiru jechuudha. Wanti ittiin jiraatan hundumtuu alaa fi mana guutee utuma jiraatee iyyuu jaalalli hin jiru taanaan namni wal danda'ee walii wajjin hin jiraatu. Jaalalatu wal nama dandeessisa. Namni jaallatu ilaalcha sirrii qaba.

Wal danda'uun meeshaa qabsoon karaa nagaa ittiin galma ga'u keessaa isa tokkoodha. Inni jiraachuuf immoo inni wal nama dandeessisu jaalalli jiraachuun dirqama!

Jaalalli Hin Hinaafu

Hinaaffaan jibbuutti, jibbuun immoo ajeessuutti nama geessa. Kanaaf dhukkuba hinaaffaattii fayyuuf daawwaan isaa jaalala.

Hinaaffaan funyoo du'aa namni osoo hin beekin ittiin of ajjeesuudha. Kiyyoo ittiin nama kaayyoo sakaalanii ofis sakaalaniidha. Jaalalli keessa namaatii dhibuun dhibee hinaaffaa jedhamu nama qabsiisa. Gaafa gaarii nama kan biraatiif ta'uu fi milkaa'insa isaa hinaafu eegltee kaastee nama sana jibbuu eegalta. Milkaa'insa immoo namni kamiyyuu ni jaallata. Garuu sababii hinaaffaa irraan kan ka'e diina milkaa'insa nama kan biraa waan inni ta'eef milkaa'insi diina isa godhatti. Yaada armaan oliitti eerame cimsuuf wanta qabatamaa hawaasa keenya keessa jiru fakkeenyaan ibsuun barbaada. Warri daldalan osoo isaan kiiloo bunaa irra, kiiloo xaafii irra qarshii kaa'ee biteen akka daldalaan/tun biraa harka maratee/ttee taa'aa oolu/tu godha jedhanii dubbatanii dhaga'ee beeka. Barattoonni dubbisanii kitaaba wal jalaa dhoksu. Hojjettoonni mootummaa sadarkaa guddinaa dhufe carraa isaa wal jalaa kuffisu. Qonnaan bulaan kan isaa irraa qabee lolaa midhaan haree deemu kan nama cina isaa jiruu keessa baasa. Kana irraan kan ka'ee namni diina milkaa'insa walii isaa waan ta'ef, guddachuu walii isaati waan hinaafuuf miidhamaa ta'ee jiraata. Akka inni kana godhu kan isa godhe immoo jaalalli hinaaffaa irraa isa eegu keessa isaatii dhibuudha. Gaafa hinaaffaan keessa isaatii hojii eegale kaayyoon namaa dhukkubsataa ta'a. Hinaaffaadhaan wal miidhuun baayyee waan isa milkeessuuf osoo hin taane ,namni hinaafaan miidhama nama kan biraatiin waan gammaduuf kana godha. Fakkeenya an gubbaatti siif kaasee ture waa'ee namicha isa Waaqayyo isan siif

godhe obboleessa keef dachaa laman godha jedhee sana yaadadhu. Jaalalli garuu hin hinaafu. Hinaaffaa dhiisuu barbaadda yoo ta'e nama itti hinaafaa jirtu sana jaalladhu. Ergasiin booda hinaaffaa barbaaddee of keessaa dhabda. Yeroo baay'ee hinaafuun kee gufuu milkaa'insa nama itti hinaaftuu caalaa gufuu milkaa'insa keetiiti. Hinaaffaattii fayyi yoos fayyaa milkaa'insi kee inni okkole.

Hinaaffaan keessa kee waan guuteef obboleessa kee,hidhata hojii keetii isa siin dorgomu danqitee milkaa'insa dhorkaa jirta taanaan ofii keetiifis hin milkooftu. Ati isa hiite jirtu hiiki inni si hidhee jirus yoos gadi si dhiisaa.

Jaalalli keessa kee waan hin jirreef hinaaffaadhaaf garboomtee jirta taanaan baayyee nama gaddisiista. Sababni isaa amma gaafa obboleessa kee isa danqaa jirtu jalaa danqaa kaastuutti bakka amma jirtu kanaa faana tokko siquu hin dandeessu. Dura isa gadi dhiisi, inni si qabee jiru sun immoo dabaree isaa gadi si dhiisaa.

Jaalalli Of Hin Jaju

Amma hin geenye nan ga'a jechaa,waan hin beeknes nan beeka jechuun jiraachuun of goyyoomsuu dha!

Namni tokko tokko kaleessuma awwaara keessaa ka'ee gaafa nama dubbisee raawwatu harka isaa immoo sooftiin haxaawwata. Maal kana qofa lakkoofsi namoota kaleessuma uffannaa waan jijjirrataniif abbaaf haadha irraa dhalatan dhoksan illee laayyoo miti. Dhugaa dubbachuuf daandii kana irra gaafa deemtu namoota yoo hubannoon ilaalte kaan isaanii akka waan baallen ka'uuf jedhaniitti harka bal'isuu gamaa gamanatti. Tarii akkas gootee beekta laataa ati? Of

jalqabnee keessumaa facebook kana banannee teenyee nama qeeqamuu hin qabnetti qeeqa roobsina. Isa jajjabbeffamuu qabu jechaan dhoofne mogolee buufna, isa qeeqamuu qabu immoo ni faarsina. Qeeqni ni barbaachisa. Kan baayyee keenyaa garuu qeeqa osoo hin taanee lafafuu dha. Warri amalli isaanii lafafuu ta'e gurraacha addeessu,adii cilee dibanii gurraachessu. Dhukkubni hamaan akka nama lafafuu hin jiru. Namni dhukkuba nama lafafuu kanan qabamee hirriba illee hin qabu. Taa'ees hin boqotu yaadaan of dhamaasa. Daawwaan dhibee kanaa mana yaalaa kamii illee hin argamu. Daawwaan isaa tokkoo fi tokko innis jaalala duwwaadha; jaalalli hin lafafu waan ta'eef.

Abdii

Abdiin kan miidhama kaleessaa keessaa ittiin jabaatanii kaa'an, humna har'a immoo nuffii malee ittiin adeemsa kaayyoo adeemaanii fi daawwitii egeree ofii keessatti ilaalaniidha!

Sabni abdii hin qabne moo'amaa dha. Si'i tokko tokko abdii awwaallee awwalcha abdii irra jiraachuuf yaalla. Nama abdii isaa awwaale irraa immoo isa du'ee awwaalame wayya. Kolfi nama abdii kutatee ilkaan duwwaadha malee garaa hin dabalatu. Kanaaf kolfi qeerroo abdii hin qabne kan inni beera fakkaatuuf. Abdiin lafaa nama kaasa. Nama abdii qabutu waa'ee injifannoo dubbata. Loltuun nan injifadha jedhee hin abdatin meeshaa lolaa baatee yoo jiraate illee hin injifatu. Dhoksaa injifannoo inni guddaan meeshaa lolaa qofa baatanii deemuu miti; abdii qabaachuu dha. Baroota fuula keenya dura jiran keessatti kaleessa sagaleen ululee gaddaa naannoo keenyaa waan dhaga'amuuf isuma eeggachuu hin qabnu. Jireenya

abdachuu qabna. Ulfinnii fi kabajni akkasumas gammachuun yoo nuti of duratti raajaa adeemnee duwwaa nuuf argamu. Haati jiraachuudhaa yoo baatte ilmoon eessaa baati? Namnis waan hin abdatin tokko eessaa argata? Qabsoon keenya abdii bilisummaa of keessa qabaachuudhaa yoo baate joormaa akkasumaanii ta'ee hafa malee homaattuu bu'aa nuuf hin buusu, bilisummaas ijaan arguu hin danda'u.

Qabsoon kan eegalamu bilisummaa abdachaadha malee du'a sodaacha miti. Sabni abdii kutatee qabsoo dhiise ilmaan isaa garbummaa dhaalchisa, kun wal nama hin gaafachiisu.

Egaa saba abdii hin kutannetu ofii darbee seenaa hin darbine dhalootaaf olkaa'a jechuu dha. Tasumaa abdii hin kutatin. Haalli ulfaataan abdii si kutuuf wal'aansoo si qabu yoo jiraate immoo tasumaa waa'ee abdii kutachuu keeti garee kee sanatti hin dubbatin. Yoo duute illee namoota lubbuun hafiniif abdii dubbachaa du'uutu sirra jiraata. Warri ijoollee qabdan ijoollee keessan bira teessanii, qeerro fi qarreen walii walii keessan bira teessanii abdii kutachuu keessan hin dubbatinaa. Geggeessaa yoo taatee tarii haalli ulfaataan dura keessan jiraachuu gaafa argitu ofii keetii abdii kutannaan sitti dhaga'amuu danda'a. Sabatti garuu abdii dubbachuutu sirra jiraata. Sababni isaa abdiin geggeessaa gaafa kufu balaan uumamu salphaa miti. Geggeessan tasumaa abdii hin kutatu amma du'aatti. Namni injifachuu barbaadu hundumtuus kana haa dhaga'u abdii...abdii...tu si injifachiisa abdii hin kutatin. Kaayyoo tokkoof walii wajjin qabsooftanii yoo miiltoon kee si biraa deebi'es, si biraa kufee du'es ati kaayyoo kee irraa akka adda hin baane sammuu kee wajjin waadaa seenu qabda.

jajuu keessa oftuulummaa isa amma tulluutu jira. Oftuulummaan immoo jalqaba kufaatiiti. Kufuun kee immoo siin miidha malee warra ati duratti of jajju sana miti. Kanaaf karaa gabaabaa waan sabni si jaallatuuf,waan dubbiin kee dhaga'ama qabuuf of jajja tanaan booda bowwaa oftuulummaa keessa buutee kufaatii hin kaanee kufuuf akka jirtu beeki. Nama biraattillee kana naaf himuu hin dhiisin kun dhugaa dha. Namni jaalalli keessa isaa jiru,innis jaalala bidiruu godhatee keessa jiraatu of hin jaju. Jaalalli of jajuu isa jalqaba kufaatii ta'e oftuulummaa irraa nama eeguu dha.

Kufaatii irraa ooluuf oftuulummaa dhiisi, oftuulummaa dhiisuuf immoo of jaja dheessi, kana hundumaa irraa ooluuf immoo jaalladhu!

Jaalalli Hin Dallanu

Jireenya keessatti balaa guddaa kan uumu dallannee waan dallanne sanaaf jaalalan dhiifama namaa gochuu dadhabuudha!

Dallansuu jechi jedhu kun nama hundumaa biratti beekama dha. Keessa darbanii namoonni dallansuun anaafoo amaluma kooti jedhan yeroo baayyee nama mudatu. Maal amalli dhibnaan kana amala keenya godhannee sanarratti iyyuummoo himanna? Maatiin, hayyoonni fi geggeesittoonni kaleessa jaalala ho'aadhaan wal mararfachaa waliin jiraatu. Har'a immoo wal dhabdee xinnoo tokkoon jaarsummaa waammatu. Sababni isaa dallansuu kanatu isaan gidduutti mataa ol qabate. Bakka jaalalli jirutti garuu dallansuun isa jaarsummaa barbaadu hin ta'u. Jireenya keessatti wal dhabdee walitti nama dallansiisutu dhiba osoo hin taanee jaalalatu waan dallanne sana akka dhiifama goonu nu godha. Warri dur sababii walitti

gadditaniif jaarsummaa malee dhiifama walii hin goone maaloo dhiisaa jaalalli jaarsummaa hin barbaadu guutuudha. Si'a tokko tokko abbaan manaa illee isa dur yoo haati manaa gufatte anaa haa cabsu jedhu,gaafa jaalalli keessa isaa hin jirre dallanee cabi si haa cabsu jedha taa'ee ilaalee. Maal kana qofa,isa walitti dallantan waliif dhiisaa yoo maanguddoon biyyaa jedhe kanallee hin dhiisu utuun du'ee biyyoo nyaadheyyuu yeroo jedhan dhageenya. Sanas ta'u kanas dhiifama hin gootu taanaan illee silas biyyoo nyaatteetta ganaa nyaatta miti. Hayyuu irraa waan akkasii hin eegne irraallee osoo isa kaleessa itti dallanneef jecha yoon akka isheen na salphiste ishee hin salphisu ta'e jedhu dhageessa. Jaalalli dallansuu keessa keenya jiru dhiisee waan gaarii akka nuti yaadnu godha. Namni jaalalli keessa isaa jiru dafee hin dallanu,yoo dallanes ni dhiisa.

Nama hin lafaafu

Lafafuun amala nama garaa jaalalaa hin qabnee isa beekamaadha. Nama kanatti dadhabina malee ciminni nama kan biraa hin mul'atu!

Namoonni jaalalli keessa isaanii hin jirre gaafa hundumaa haasaan isaanii 'Waa dhageessettaayii?' jedhee jalqaba. Gaafa hundumaa waa'ee abaluu maalan jedhan jechaa waan jiraataniif isaan yeroo hundumaa hojii dhimma hin baasneen ko'oommatu (busy) ta'u. Bara kana fuula toora interneetii yookiin marsariitiiwwan garagaraa irratti hayyonni keenya wal lafaafuun ala hojii biraa dhiisan yeroo baay'ee ni argina. Bakka namni oolee fi hojii namni hojjechaa oole warra nama lafaafan kana irraa dhageessa. Akka itti wal lafafan mijeeffachuuf illee maqaa itti baasu. Baay'een keenya immoo erguma teekinoolojiidhaan hammayyoomnee interneetii fayyadamuu

Kaayyoo amma du'aatti of laattuuf tokko qabachuudhaa yoo baatte, jiraachuun kee akkasumaan malee hoomaa tokkoyyuu bu'aa siifis dhalootaafis hin buusu!

Kaayyoo amma du'aatti of laatteef yoo qaabattee garuu yoom illee isaaf jiraadhu. Waa'ee kaayyoo keetii sanaaf abdii hin kutatin. Waan qabdu lakkaawachaa, isa hin qabne immoo qabaachuufan jira jedhi abdadhu. Abdachuun daandii gara injifannootti nama geessuudha. Nama abdii qabutti gaafa hundumaa injifannootu mul'ata. Dura isaatti milkaa'insa malee kufaatii ilaalee of hin yaaddeessu. Abdiin humna namatti godha. Bakka kufanii ka'uuf, isa kaleessa biraa hafan fiiganii qaqqabuuf abdiitu barbaachisa. Abdiin miiltoo mo'attootaati malee nama moo'amee moo'uuf yaaluu dhiise bira hin jirtu. Qabsoo jalqaban fiixaan baasuuf, wal'aansoo jalqaban injifannoon raawwachuuf abdiin waan hundumaa irra isa barbaachisaadha. Kan abdii qabu yoom illee jireenya qaba.

Nama abdii hin kutanneef milkaa'insa injifannoo gurguddaa of keessaa qabutu dura isaa toora galaniifii arga malee inni tasumaa kufaatii hin argu. Yoo kufes abdii waan qabuuf akka ka'u beeka!

Nama abdii hin qabneef kufaatiin bakka awwaalcha isa dhumaati. Sababni isaa namni kufe tokko ka'uu dursee kan inni keessa isaatti dhaga'uu qabu 'jabaadhu ni kaataa' kan jedhu sagalee abdiiti. Saba abdii bilisummaa qabuu duuti qabsoo hin dhaabsisuu, hacuuccaanis falmachuu hin dhorku. Abdiin waan amma hin qabne bor nan qabaadha jettee akkati dubbattu si gooti. Kanaaf wanti baay'ee barbaachisaan saba cunqurfamaa irraa addaan ba'uu hin qabne abdiidha.

Nagaa

Nagaan bu'aa misoomaa miti misoomatu bu'aa nageenyaati malee. Geggeessaa sirriinis misooma biyyaa dursee nageenya biyyaa irratti hojjeta.

Warri moo'atan nagaa lallabu, nagaan hojjetu nagaaf hojjetus. Gatiin nagaa jireenya. Jireenyi biyyaa fi sabaa kan goolamu gaafa nagaan dhibe waan ta'eef. Bu'aan nagaa gammachuu, guddinaa fi jireenya gaariidha. Kanaaf gatiin nagaa jireenya kanan jedhuuf. Gaafan jedhu gatiin tilmaamuu danda'u ol ka'uu fi gadii bu'uu dolaara Ameerikaa isa dinagdee biyya keenyaa irratti dhiibbaa uumu miti. Nagaan gabaa eessatillee hin argamu. Qabeenyi nagaan ittiin jijjiiramus hin jiru. Nagaan angafa misoomaati. Nagaan angafa waan jireenyaaf dhala namaa barbaachisu hundumaati. Wanti jireenya dhala namaatiif barbaachisu hundumtuu kan inni argamu nagaan booda. Sabni qabsoo karaa nagaatti amanu ofii isaatii nagaa biyyaa eega malee nagaa biyyaa shakkii keessa galchu hin qabu. Nagaan jiraannaan wabii jireenyaatu jira jechuu dha. Nagaan kan dhufu loltuun biyyaa daangaa biyyaa irraa dhaabachuu isaatiin miti. Nama yakka hojjete jedhames ajjeesuudhaan nagaan hin kabajamu. Nagaan biyya, sabaa fi geggeessaa waliif gale gidduudhaa burqa. Isaantu madda nagaati jechuu koo osoo hin taanee, isaantu walii galee madda nagaa sanaa eegsifata jechuu kooti. Qabsoon karaa nagaa injifannoon raawwachuuf qabsoo taasifamaa jiru sana keessatti nagaan of eegannoodhaan eegamuu qaba. Kana ta'uudhaa yoo baate garuu qabsoon sun boo'icha malee gammachuu hin qabaatu. Dhaadannoon qabsoo karaa nagaa, nagaa...nagaa...nagaa...nagaa kan jedhu ta'u qaba. Dhaadhannoon gurraachota Ameerikaa *"Aarii guddaa irraan kan ka'e ijaa nu ba'uuf warri nu cunqursan tarkaanfii nurratti*

fudhachuu danda'u, nuti garuu hammeenyaan gatii isaanii deebisuufiidhaan qabsoo karaa nagaa isa qabanne kaane kana gufachiisu hin qabnu. Miidhama isaan nurraan gaa'aniif aariidhaan yoo deebii laanne, qabsoon keenya ugguramee qabsoo karaa nagaa jedhamuun isaa hafa waan ta'eef dhiisuu fi danda'uu qabna" kan jedhu ture akka kitaabni seenaa jedhutti.

Diinni fi garboomfataan qabsoo karaa nagaa hin jaallatu, qabsoo sana guffachisuuf jecha ajjeechaa, reebichaa fi dararaa hidhaa guddaadhaan tarkaanfii fudhata.

Injifannoo

Injifannoon bu'aa herrega ti. Tokkkummaa, jaalalli, abdii fi nagaan idaa'amanii addunyaa amma keessa jiraannu kana nu injifachiisu. Tokko keessaa yoo hir'ate injifannoon hin argamu.

Kaayyoon qabsoo karaa nagaa guutuu kan ta'u injifannoodhaan osoo hin taanee idaa'ama injifannootiini. Akkas gaafan jedhu sabni qabsoo karaa nagaan nan bilisooma jedhee itti amane, injifannoo si'a tokko waan argateef qabsoo dhaabuu hin qabu. Injifannoo si'a tokkoon gaaffii baay'ee keessaa muraasni deebi'a. Inni waan deebi'eef waa'een gaaffii isa hafee dhiifamu hin qabu. Gaaffiin itti fufee jechuun immoo qabsoon itti fufe jechuudha. Qabaa milkaa'insa argamee wallaaluun milkaa'insa isa itti aanu balleessa. Qabsoo karaa nagaa keessatti milkaa'insi argame eegannoodhaan gara isa itti aanuutti ceesifamu qaba.

Geggeessaan qabsoo karaa nagaa ga'umsa ittiin fageessee ilaaluu qabaachuudhaa yoo baate, milkaa'insii fi injifannoon argame diina milkaa'insa isa fuuldura jiru ta'a!

Kanaaf qabsoo karaa nagaa keessatti bakka itti of eeggannoo cimaa gochuun barbaachisu tuqaa injifannoon irratti argame kana irratti. Sababni isaa eegannoon jiraachuudhaa yoo baate injifannoon qabsoodhaan argame kun badee qabsoon gara dugda duubaatti deebi'a. Dogoggorri si'a tokko qabsoo karaa nagaa keessatti uumamuu bara garbummaa waggaa tokkoo ol nama irra dheeressa. Qabsoo karaa nagaa keessatti wanti hundumtuu of eegannoodhaan godhamuu qaba. Daandii gara bilisummaatti geessu keessaa qaxxaamurri/kutaan hin jiru. Joormaa fi itti naanna'uu baayyee of keessaa qaba. Kana immoo warri qabsoo sana dursan uummatatti himaa adeemu qabu. Qabsoo jechuun rakkinni waan jiruuf iyyuu jechuu osoo hin taanee kallattii furmaata rakkina nama mudate furuutti nama geessu argatanii irra bu'uu jechuu dha.

Beekaa dhaga'uu osoo hin taanee beekaa dhaga'anii waan inni jedhe sana hojii irra olchuudhaan injifannoon argama!

Abbaa gaarii ilma isaatiif qabeenya guddaa orma jalaa dhokṣee kaa'e tokkotu furtuu waan kaa'eefi sana ogummaadhaan kenneefi du'aan lafa kana irraa boqote. Dhokṣaan furtuu inni laateefi immoo gorsa inni gorse keessa kan jiru ture. Abbaan isaa ilma isaa kanaan akkana jedhee gorse, " 1 ffaa Yaa dhalako mee gorsako kana yaadatti qabadhu. Bara jiraattu hundumaa keessatti karaa qaxxamuraa argatteef irra hin adeemin. Daandii kutaa irra waan morma nama irraa kutu baayyeetu jira. 2 ffaa Waan sin galchine keessa ariifattee hin

seenin balaa lubbuukee balleessu of keessaa qaba. 3ffaa Beekaa ta'i, beekaa ta'uudhaa yoo baatte immoo beekaa dhaga'i" jedhee gorse. Mucichis guddatee ga'eessa ta'e. Guyyaa tokko hiriyyoota isaa wajjin daandii dheera deemaa waan turaniif dadhabanii hiriyyoonni isaa karaa kutaa kana irra baana jedhanii waliif galan. Inni garuu gorsa abbaa isaa waan yaadateef isaan duukaa hin deemne. Yeroo dheera naanna'ee gaafanni galu daandii kutaa sana irratti hiriyyoota isaa akka leenci foon isaanii kukkutee nyaate itti himan. Innis du'a miiltowwan isaatif yoo gaddellee gorsi abbaa isaa du'a isaa waan oolcheef abbaa isaa galateeffate. Guyyaa itti aanu immoo bakka biraa deemuuf manaa ba'ee osoo deemuu aduun daandii irratti itti dhiite. Mana namaa argatee buluuf isaanitti gore. Isaaniis manni kan Waaqi buli isaan jedhan. Mana sana keessa kan jiru abbaa manaa fi haadha manaa qofa. Haati manaa namicha sanaa baayyee fokkistuu turte. Kanaaf namichi gaafa hundumaa keessummaa mana isa bulu nyaachisee, obaasee erga raawwateen booda sitti toleeraa nyaannii fi dhugaatin? "Haati manaa ko akkami?" jedhee gafaata. Mucaa sana dura keessummaan mana sana deeme hundumtuu dhangaa mana sanaa nyaate jajee haadha mana namichaa waan tuffatuuf namichi ni ajjeessa malee gadi hin dhiisu. Mucaan gorsa abbaa argate kun garuu ganama gaafanni gaafatu, "Nyaanni keessan dhangaadha, isin gooftaa haati manaa keessan giiftiidha" jedhee namicha garaa ciibse. Namichis deebisee "Waan sin ilaalanne keessa waan hin galiiniif nagaan gali" jedhee geggeessee bira deebi'e. Gurbaan kun kanaan du'a lamaffaa oolu isaati. Erga abbaan isa du'ee waggoota baayyeen booda immoo warri ollaa "Abbaan kee qilxuu gamaa sana jala warqee siif kaa'eera. Bakka inni kaa'e garuu namni beeku hin jiru" isaan jedhan. Gaafani dhaqee ilaalu warra inni dhaamsa itti dhaameef soqanii warqee isaaf kaa'amte kana dhabanii dhiisan waan ta'eef qilxuun sun jalli bakki hundumtuu boolla ture. Bakka sanaa akkuma galeen beekaa tokko bira deemee waan ta'e kana hundumaa itti hime. Beekaan sunis "Galiitii gaafas abbaanko eessa taa'ee dubbate jedhii jara gaafadhu. Bakka isaan sitti agarsiisan sana

soqii ilaali, warqeen abbaan kee siif kaa'e achi jira" isaan jedhe. Galee gaafa inni gaafatu jarri itti agarsiisnaan soqee warqee isaa baafate.

Seenaan sitti hime kana keessaa wantoota gurguddaa namni qabsoo beeku qabutu jira. Isaanis nama hubataadhaaf malee hin galan. Ta'us garuu qabsoo karaa nagaa keessatti akkaataa itti bilisummaan argamuu fi waan namni beekuu qabuu fi dagachuu hin qabnee dha.

Qabsoo karaa nagaan bilisoomuuf:-

- *Daandii gara bilisummaatti geessu keessa qaxxaamurri/kutaan akka hin jirree fi yoo jiraates balaa akka hin dhabne beekuu qabna.*
- *Qajeelfamni qabsoo wal jala fuudhamuun balaa akka uumuu fi waan qabsoo sana hin ilaalanne keessa galuun gufuu injifannoo akka ta'u beekuu qabna.*
- *Qabsoo sana keessatti beekaa qabsicha geggeessu ta'u yookaan beekaa qabsoo sana geggeessu dhaga'uu qabna.*

Kun eegamuudhaa yoo baate qabsoon jira garuu firiin qabsoo hin jiru. Firiin qabsoo yookaan injifannoon jiraachuudhaa yoo baatemmoo hiikni qabsoo maaliree? Tartiibni qabsoo karaa nagaa wal keessa fuudhamnaan dhalootarra miidhama guddaatu ga'a. Injifannoon hafee dirree hundumaatti akka injifataman nama godha. Eegannoon godhamuu qabu duraa duuba gochaa qabsoo keenyaa kan milkaa'aa godhaniidha.

Jireenya bilisummaatu minyaa'a malee qabsoo bilisummaan ittiin argamtu ni hadhoofti. Kanniisaan hiddamuu dandaa'anii darbuun damma akka nama nyaachiisu kan beekutu ciniinnate bilisummaaf qabsa'a.

Qabxiilee ijoo boqonichaa

- Tokkummaan meeshaa qabsoo guddaa ittiin raayyaa waraanaa hidhannoo guddaan jiru harka duwwaa injifataniidha.
- Maaddiin maatii erga gargar baate garaan maatiis gargar baate. Kottaa tokkummaa kana maaddii maatii tokko gochuurraa eegalla wal ga'ii keessatti eegalurra.
- Hayyuu baayyee qabachuun,geggeessitoota yaada qajeelaa qaban hedduu horachuun biyya tokkoof eebba waaqati malee abbaarsa miti. Ilaalchaa fi yaada qabaniin gargar nu qoqqoddachuun isaanii garuu abaarsa guddaadha.
- Hayyoonni tokkooman jechuun ilaalcha,dandeettii fi yaada tokkoo qabaatan jechuu miti. Ida'aama ilaalchaa,dandeettii fi yaadaa isaanii isa irratti walii galan raafamuu hin dandeenyetti dhufan jechuudha malee.
- Diinni kaleessa haayyuu Oromoo tokkicha tuuta keessatti yookaan fageenya irratti sodaatee raafamu,osoo haayyoota Oromoo bakka tokkotti argee immoo raafamee hin dhiisu kufaati baddu baasaa kufa.
- Leenci kophaa deemu Waraabeessa gamtoome sodaata,gootni kophaa isaa deemus lugna yookaan dabeessa tokkummaan jiruuf jilbeenfata...kanaaf tokkommaa..tokkummaa...!
- Gamtaa Afirikaa fi Awurooppaa osoo hin taanee gamtaa haayyoota Oromootu abjuu saba Oromoo irra darbe kan biyyaa Itoophiyaa guutuu dhugoomsa.
- Saba hayyuun isaa gamtoomeef lallabni tokkummaa jedhu hin barbaachisu. Sababni isaa ilaalee isaan irraa barata waan ta'eef sabni hayyuun isaa waliif gale walii gala.
- Namoota tokko tokkotti garaamummaan Oromoo gowwummaa

itti fakkaata. Gowwaa fi garraamiin garuu gargar yoo gowwaatu akkas jedhee yaada ta'e malee.

- Sabni Oromoo gaafa tokko ta'ee kaasee qabeenya isaa eeggata malee balbala irra taa'ee mana namaa eeguun isaa ni hafa.
- Tokkummaan meeshaa lolaa jireenyi ittiin injifatamuu fi bilisummaan ittiin argamu baasii hin barbaannedha.
- Tokkummaan jiraannan bilisummaan jiraachuu duwwaa miti harka keenya keessa jira, tokkummaan jiraachuudhaa baannaan ammas shakkii kan hin qabne bara garbummaatu dura keenya hafe jira.
- Jaalalli isa tokko quufsee isa kaan immoo hin beelessu, tokko mana bulchee isa kaan daandii irra hin bulchu, tokko hidhaa inni kan biraan immoo hidhamaa hin ta'u. Madaala hariiroo durreessaa fi hiyyeessaa, beekaa fi wallalaa gidduu jiru sirreessa malee wal hin caalchisu. Herrega jaalalaa keessatti garbii fi garboomfataan, wal kabajuu malee wal sodaachuun hin jiru.
- Jaalalli hundee nagaan irratti ijaaramuu fi muka firiin bilisummaa irraa ciramu kan ittiin diina ofii fira godhatanii jiraatan bidiruu jireenya dhala namaati.
- Wal danda'uun meeshaa qabsoon karaa nagaa ittiin galma ga'u keessaa isa tokkoodha. Inni jiraachuuf immoo inni wal nama dandeessisu jaalalli jiraachuun dirqama!
- Hinaaffaan jibbuutti,jibbuun immoo ajeessuutti nama geessa. Kanaaf dhukkuba hinaafaatti fayyuuf daawwaa isaa jaalala fudhadhu!
- Hinaaffaan keessa kee waan guuteef obboleessa kee,hidhata hojii keetii isa siin dorgomu danqitee milkaa'insa dhorkaa jirta tanaan ofii keetiifis hin milkooftu. Ati isa hiite jirtu hiiki inni si hidhee

jirus yoos gadi si dhiisaa!

- Amma hin geenye nan ga'a jechaa,waan hin beeknes nan beeka jechuun jiraachuun of goyyoomsuu dha.
- Kufaatii irraa ooluuf oftuulummaa dhiisi,of tuulummaa dhiisuuf immoo of jaja dheessi, kana hundumaa irraa ooluuf immoo jaalladhu!
- Jireenya keessatti balaa guddaa kan uumu dallannee waan dallanne sanaaf jaalalan dhiifama namaa gochuu dadhabuudha.
- Lafafuun amala nama garaa jaalalaa hin qabnee isa beekamaadha. Nama kanatti dadhabina malee ciminni nama kan biraa hin mul'atu!
- Abdiin kan miidhama kaleessaa keessaa ittiin jabaatanii ka'an,humna har'aammoo nuffii malee ittiin adeemsa kaayyoo adeemaanii fi daawwitii egeree ofii keessatti ilaalaniidha!
- Qabsoon kan eegalamu bilisummaa abdachaadha malee du'a sodaacha miti. Sabni abdii kutatee qabsoo dhiise ilmaan isaa garbummaa dhaalchisa.
- Kaayyoo amma du'aatti of laattuuf tokko qabachuudhaa yoo baatte,jiraachuunkee akkasumaan malee hoomaa tokkoyyuu bu'aa siifis dhalootaaf hin buusu.
- Nama abdii hin kutanneef milkaa'insa injifannoo gurguddaa of keessaa qabutu dura isaa toora galaniifi arga malee inni tasumaa kufaatii hin argu. Yoo kufes abdii waan qabuuf akka ka'u beeka.
- Nagaan bu'aa misoomaa miti misoomatu bu'aa nageenyaati malee. Geggeessaa sirriinis misooma biyyaa dursee nageenya biyyaa irratti hojjeta!
- Diinni qabsoo karaa nagaa qabsoo sana guffachisuuf jecha ajjeechaa,reebichaa fi dararaa hidhaa guddaadhaan tarkaanfii

fudhata.

- Injifannoon firii qabsoo karaa nagaa kallattii sirriin taasifameeti. Bilisummaan immoo ida'ama injifannoowwan qabsoodhaan argamaniiti!
- Geggeessaan qabsoo karaa nagaa ga'umsa ittiin fageessee ilaaluu qabaachuudhaa yoo baate,milkaa'insii fi injifannoon argame diina milkaa'insa isa fuuldura jiru ta'a!
- Beekaa dhaga'uu osoo hin taanee beeka dhaga'anii waan inni jedhe sana hojii irra olchuudhaan injifannoon argama.
- Qabsoo karaa nagaan bilisoomuuf:-
  - *Daandii gara bilisummaatti geessu keessa qaxxaamurri/kutaan akka hin jirree fi yoo jiraates balaa akka hin dhabne beekuu qabna!*
  - *Qajeelfamni qabsoo wal jala fuudhamuun balaa akka uumuu fi waan qabsoo sana hin ilaalanne keessa galuun gufuu injifannoo akka ta'u beekuu qabna.*
  - *Qabsoo sana keessatti beekaa qabsicha geggeessu ta'u yookaan beekaa qabsoo sana geggeessu dhaga'uu qabna.*
- Jireenya bilisummaatu minyaa'a malee qabsoo bilisummaan ittiin argamtu ni hadhoofti. Kanniisaan hiddamuu danda'anii darbuun damma akka nama nyaachiisu kan beekutu ciniinnate bilisummaaf qabsa'a.
- **Tokkummaa + Jaalala + Abdii + Nagaa = Injifannoo**
- **Injifannoo qabsoo + Injifannoo qabsoo + Injifannoo qabsoo + … = Bilisummaa**

BOQONNAA AFUR
RAKKOO SABAA OROMOO KAN FURU HAYYUU BAAYYEEDHA MALEE, PAARTII SIYAASAA BAAYYEE MITI

"The only place success comes before work is in the English dictionary!" Bakki itti milkaa'insi hojii dura dhufu galmee jechootaa afaan Ingilizii irratti qofa!"
Doonaaldi Keendaal

Hayyuu ga'umsa geggeesummaa qabu dhibba tokko qabaachuun Oromoof jabina guddaadha. Paartii siyaasaa dhibba tokko qabaachuun garuu citaa mana tokkoof barbaachisuun mana dhibba tokko ijaaruudha.

Hima kana baayyeen jaalladha. Namni dubbiin galuuf immoo kana irraa kitaaba tokko barreessu ni danda'a. Nama cinaan dubbachuun hin galleefiif garuu hima salphaa fakkaachuu danda'aa. Citaa mana tokko qofa ga'uun mana dhibba tokko yoo ajjeerte,ati akka nama mana tokkoyyuu hin ijaariniiti. Sababni isaa manni sun hunduma isaatu dhimmisa yookaan bokkaa of keessaa dabarsa. Paartiin siyaasaa geggeessitoota jajjaboo irraa ijaarame jiru kunis akkasuma. Dhimmi isaanii dhimma Oromooti. Oromoon isaan dubbataniif kun immoo tokkicha. Isaan garuu dhibba tokko. Baayyinni saba Oromoo miliyoona shantamaa ol akka ta'e nuu mitii ormatu diidaa dubbata. Baayyina Oromootu amma kana malee paartileen siyyaasaa Oromoof dhaabbatan gaafa gargar nu qooddatan garuu akkuma saba bicuu biyya kana keessa ta'a baayyini keenya. Kanaafi saba guddaa gargar qoqqodame kana sabni bicuun bakka tokko jiru,dubbii tokko dubbatu, nama tokko of dura buusee socho'u

bara baayyee kan garboomseef. Dhoksaa garbummaa Oromoo jaarraa lakkaa'eef sababni guddaan tokko isa kana. Anaa fi obboleessa kootu mana keessa taa'ee paartii isa tokko gaafan jaju inni isan jaju waan tuuffatuuf waliin oodaa jiraanna. Siif anatu osoo paartilee siyaasaa Oromoo wal dorgoomsiisnu yaadaan wal dhabna. Umrii daa'imummaa kootti sirbi artisti ***Ilfinash Qannoo*** sirbite sammuu koo keessatti na hafe tokko jira.

"...Finfinneedhaan Addis Ababaa jedhanii
Tolosaa fi Badhaasaan kirsinnaa kaasanii
Ijoollee abbaa tokko addaan nu baasanii" jetti.

Waan waliin dhabneef wal dhabuun hiikni isaa maali? Maal ta'a laata Tolosaaf Badhaasaan kirisinnaa kaasuu dhiisne, isa waliin taanee ta'u qabnu yoo taanee? Paartileen siyaasaa hundeeffamuun Oromoof dinqii miti. Baayyeen isaanii kaleessa turaniiru ammas jiru. Kaan immoo waa'ee qabsoo iyyuu dhiisanii hojii isaanii hojjetachuu eegalaniiru. Waajirri isaanii kaleessa har'aa eessa akka jiru hin beeku. An umriin daa'ima waanan ta'eef yoona mucaan kun waa'ee kana dubbachuu irra hin geenye namni jedhu jiraachuu danda'aa. Nama akkas jedhutti hin aaru wallaalaadha ganaa bara waan ta'eef. Sababni isaa osoo beekaadha ta'e beekaadhaaf dhimma kan baasuu haasaa beeka qofa dhageeffachuu mitikaa.

Hayyoonni Oromoo jaallatanis,jibbanis bilisummaan saba Oromoo inni isaan umurii isaanii guutuu qabsa'aa jiraniif,inni lafeen gootaa meeqa itti cabe,inni kichuun meeqa itti cite kan argame tokkummaa isaaniin booda.

Maanguddoo beekaa tokkotu qeerroo kudha lama mana keessaa qabu jedhan. Akka carraa ilmaan isaanii kana keessaa lugni/dabeessi tokko illee hin jiru. Gaaf tokko garuu osoo warreen kudha tokkoo mana hin jiraatin ormi dhufee isa tokko maasii abbaa isaanii keessatti reebee salphisee deeme. Obbolaan isaa reebamuu obboleessa isaanii dhaga'anii baayyee gaddan. Erga baayyee isaan aarseen booda inni tokko hunduma dursee diina obbolaa isaa miidhan kana haaloo ba'uuf faana dha'e. Isas qabanii itti taphatan. Inni kan biraaniis fiigee gaafa qaqqabu obboleessi isaa inni dura diina bira ga'e kufee lafatti isa arge. Ammas ormi silaa namaa hin dhiigu isattis garagalanii akkuma warra duraa godhan. Kanaan booda abbaan isaanii garmalee aare. Maal gochuu akka qabus yaadee falli itti yarate. Galgala ciisee osoo dhiphatuu,akkamiin ijoollee koo ormi dhufee qe'ee abbaa isaanii irratti reebee deema jedhee osoo aaduu bule. Ganama hirribaa ka'ee hundumti isaanii ulee tokko tokko akka itti fidaniif ajaje. Isaanis ulee kudha lama itti geessan. Sanan booda harkaa fuudhe ulee sana bakka tokkotti walitti hidhee isa angafatti kennee cabsii jedhe. Innis tasumaa akka inni cabuu hin dandeenye itti hime. Inni lammaffaas fuudhee yaalee cabsuu dadhabe. Kudha lamaan isaanii erga cabsuu dadhabaniin booda ulee keessan fuffudhaa jedhe. Abba abbatu harka isaatti ulee isa qabatee dhaabbate. Mee amma cabsaa jedhe gaafanni isaan ajaju wal faana cabsan. Abbaan isaaniis hiika isaa itti himu dhiisee yaadatti qabatee isaan geggeesse. Ilmaan maanguddoo ogeessa kanaas akka inni injifannoon, caalanii argamuun bu'aa tokkummaa ta'uu isaa isaan barsiisuuf kana godhe hubatan. Guyyaa itti aanu kudha lamaan isaanii gaafa waliin daangaa lafa abbaa isaanii irra dhaabbatanii eegan arge diinni lola dhiisee isaan dheesse.

Si'a tokko mo'amuun isa itti aanu injifachuuf qophii barbaachisuu akka godhaniif nama gargaara. Rakkoon bakka takkaa moo'amanitti lammaffaa akka moo'aman nama godhu garuu sababii kaleessa moo'amaniif sana wallaaluudha.

Gara fuul-duraattillee paartileen siyyaasaa saba Oromoof karaa naga qabsaa'anis ta'e hidhannoon kan jiran tokko ta'uudha hawwiin koo. Akkas ta'uudhaa baannaan, saba miliyoona shantama kanaaf paartii siyyaasaa shantama dhaabnaan, gaafa isaan gargar nu hiratan paartii tokko miliyoona tokko tokko qofa wal geenya. Kana jechuun bilisummaan hafee nuti abjuu bilisummaa abjoochaa darbina.Ijoolleen keenyas waanjoo garbummaa nu eelche sana dafanii baachuuf jiru jechuudha. Maaliif jettee akkati nan gaafanne nan beeka. Biyya kana keessa sabni baayyinni isaa xinnoodha jedhamu miliyoona tokko gadi jiraaree isa kam injifannaa? Yaa geggeessitoota Oromoo na dhaga'aa,kun ta'ee arguudhaa yoon baadheellee dhugaa isinitti himeen seenaa ol kaa'ee du'a. Gargar nu hirattanii hin dandeessan nu bilisoomsu. Ilaalchaa fi ejjeennoo qabdan mata mataatti qabattani dhuftanii saba garbummaan joorse kana hin joorsinaati, tokko ta'aa kottaa. Hayyuu baayyee qabaachuu keenya malee paartii siyyaasaa baayyee qabaachuutti amanuu dhiiseera sammuun qeerroo, kan qarree, kan abbootaa fi haadhootaa. Kana ta'uudhaa baannaan bara baraan ilmaan keenya abdii borii awwaale,awwaalcha isaanii irra immoo dhaabbannee jecha baratame tokko isa 'Qabsaa'an ni kufa,qabsoon itti fufa' jedhu jechaa jiraanna. Qabsoon waan jiruuf kufe qabsaa'an. Hammi kufuu hin qabne wal faana kufee mana hundumaatti sagaleen bo'iichaa dhaga'amuun garuu miidhama. Jireenya keenya kanaan boodaa keessatti reeffa nama du'ee lakkaa'aa jiraachuun dhaabbachuu qaba. Kun immoo kan ta'u yoo isin tokko taatanii,saba qabsoo dhiigaan tokko ta'e kana gargar hirachuu dhiistanii dha. Barri kun bara duuti illee nama naasisuu dhiisee hunduu isa du'e awwaallatee isa jiru waamee qabsootti fiiguudha. Ta'us injifannoon amma argamu qabu

argameera gaaffii jedhuuf deebiin hin argamne kan jedhuu dha. Rakkinni isaas sagalee keenyatu al tokkicha waan tokkichaaf dhaga'amaa hin jiru. Sababni isaa paartii **siyyaasaa** keenya isa har'aa boruu dabalamee baayyachaa jiru duukaa gargar hiramuun keenyaan hammaachaa deeme. Kanaan booda paartiin siyyaasaa na duukaa kottu jedhee saba Oromoo dibaabee tokko jalatti sassabame kana gargar waamu yoo jiraate,inni hayyuu saba kana osoo hin taanee diina saba kanaati. Kanaaf seerri gaafatu jiraachuudhaa yoo baateellee seenaatu nuuf gaafata warruma haadha keenya harma mure harka mure wajjin. Yakkamaan seera jalaa ba'e seenaa jalaa akka hin baane immoo kitaaba kana keessatti irra deddebi'ee dubbadheera.

Mukti tokkichi damee baayyee waan godhateef, muka jedhamuun isa hafee mukkeen hin jedhamu.

Hundeen isaa tokkicha. Dameen muka sanaa inni baayyeen immoo bu'aa dhaqna isaatiiti. Namni guutuun tokkos bu'aalee qaama garaagarii qaba. Dhaqni inni tokko isa kan biraatin ati na hin barbaachistu jechuu hin danda'u. Iji gurraan,miilii immoo harkaan na hin barbaachistu jechuu hin danda'u. Sababni isaa dhaqni tokko kan baayyate garuu bu'aa dhaqnaati. Bu'aaleen dhaqnaa kun guutummaatti fayyaa yoo taa'aniidha namni tokko nama guutuu kan jedhamu. Osoo sombi hojii onnee hojjechuu ni dandaa'a ta'ee waaqayyo sombaa fi onnee wal cinatti hin uumu ture. Sombi hojii sombaa, onneen hojii onnee hojjechuu waan qabaniif wal bira kaa'aman. Kanaaf nuti jiraachuuf isaan akka jiraachuu qabanitti walii wajjin fayyaa isaanii taa'anii nu keessa jiraachuu qabu. Kana

ta'uudhaa baannaan nuti fayyaa miti dhukkubsataa taana. Oromiyaanis tokkittii dha. Hayyuun ishee irraa marge garuu danuu dha. Isaan akkuma bu'aa dhaqnaa kanaati. Walii wajjiin malee fayyummaa Oromiyaa guutuu gochuu tasuma hin dandaa'an. Ameessa tokko elmanii mana gargariitti raasuun kun gaafa hafe bilisummaan harka keenya jirti. Geggeesitoota Oromiyaa irra darbanii Itoophiyaa bilisa baasantu Oromoo keessa jira. Kanaaf ana miti addunyaan diimokiraasii nurra bareyyuu ragaadha.

Harmee haadha ilmaan baayyee tokkotu dhukkubsate. Dhukkubni ishee baayyee ulfaataa waan ta'eef ilmaan ishee hundumtuu bakka jiranii isheedhaaf birmatan. Jaalala isheef qaban irraa kan ka'e hundumti isaanii dabaree ishee dhungachaa lafaa ol ishee fuudhan. Hundumtuu dirqama jaalala haadha ba'uu waan qabaniif falmii an dhibee harmee nan wal'aana anatu wal'aana jedhutu eegale. Garuu hundumti isaanii anaan wayya anaan wayya anatu wal'aana osoo jedhani wal harkatti qabanii haati isaani isaan harkaa kufte. Dhukkubni ishees kan durii irra itti hammaate. Sanaan booda eenyuuyyuu isaan keessa mana yaala geesse wal'aansisuuf akka fuudhe hin kaane jala murtee isaanitti himte. Isaaniis wal duuka "Maaliif harme? gaaffii jedhu gaafatan. Isheeniis "Wal harkaa na butuun keessan,wal harkatti na qabuun keessan dhukkuba koo caalaa waan na miidheef" isaaniin jette. Ergasiin booda haadha isaanii biraa achi deebi'anii maal gochuu qabna jedhanii waliin maree eegalan. Dhuma irrattis nu keessaa namni tokko ishee wal'aanuu haa eegalu. Nuti warri hafne immoo hundi keenya isa harmee gargaaru sana gargaarra jedhanii waliif galan. Gaafa isaan ol deebi'an garuu haati isaanii duutee isaan eegde. Hundumti isaanii reeffa harmee isaanii irra naannaa'anii osoo bo'aa jiranii waraqaa xinnoo dhaamsi irratti isaaniif barreeffamte harka haadha isaanii keessatti argan kan isheen barreessaa duute. Innis akkas jedha. Ijoolleekoo mareen kun

kan inni dhimma baasuu fi lubbuu koo du'a irraa isiniif hanbisuu danda'u duraan ture. Isiniif galuun isa kan hin hafne utuu dursee isiniif galeera ta'ee? kan jedhu ture.

Akkuma kana ijoolleen Oromiyaas baayyatanii jaalala isheetiif jecha waan gaarii isheedhaaf gochuuf wal harkatti qabaa jiru. Kan Oromiyaan barbaaddu garuu wal harkatti qabuu isaanii osoo hin taanee walii galanii wal'aanuu isaaniiti. Kanaaf dhaamsi ani hayyoota keenyaaf fakkenya kana duukaa dhaamu isa kana. *'Dhukkuba harmee caalaa wal harkaa butuun, wal harkatti qabuun keessan akka harmee nu jalaa hin miine harmeedhaaf of nuuf eeggadhaa. Walii galtanii nuuf hin wal'aantan taanaan wal harkatti qabdanii nu jalaa hin miidhinaatii suuta jedhaa lafa nuuf kaa'aa gaafa waliif galtan qorichi dhukkuba isheetii haa barbaadamuufi'* kan jedhun dhaamaaf.

Dirree qabsoo ormi keessatti Oromoo injifate tokko illee hin jiru hamman beekutti. Oromoo Oromoo wal'aansoo qabsiisuudhaan garuu ormaaf dirree baayyee irratti injifannoon argameera.

Beekaan Oromoo beekaa Oromoo isa kan biraa tuuffachuun,gootni goota isa kan biraa humna buusuun hunduma keenya moo'amuuf qopheessa. Ammaan booda beekamuu wanti qabu wallaalaan keenya gorfamee,beekaan keenya kabajameetu kan nuti isa itti aanuutti ce'uu dandeenyu. Malee wal hadheessuu yoo ta'een ala wal hammeessuun hoomaa tokkoofiyyuu dhimma nuuf hin baasu. Paartile siyyaasaa hedduu qabaachuun kan inni dhimma baasu saba gosa tokkoof osoo hin taanee sabaa fi sab-lammoota biyya tokkootiifi. Dirreen

diimokiraasii bal'ate paartileen morkattootaa biyya Itophiyaa keessa jirachuun geggeesittoota ga'umsa guddaa fidan argachuuf ishee gargaara. Paartii biyya bulchu cinaan paartiin siyyaasaa ka'ee dhaabbatu yeroo baayyee yaada paartii biyya geggeessaa jiru irra faayadamummaa saba giddu galeessa godhate of keessaa qaba. Kana irraas darbee ga'umsa isa jiruu irra caalaa jedhaniin qopha'anii waan ka'aniif ciminaa fi dadhabina paartii biyya bulchaa jiru sirriitti beeku.

Baayyachuun paartilee siyyaasaa biyya tokkoof geggeessaa dhimma baasu argachuuf carraa bana. Saba sanyii tokko keessatti garuu bu'aan inni buusu baayyee natti hin mul'atu!

Saba Gosa Tokko Keessatti Paartileen Siyyaasaa Garaa Gari Baayyachuun rakkoo Maalii Fida?

1. Humna guddaa yoo tokko ta'e gaara guddaa diiguu danda'u gargar baasee humna bicuu dhiibba geggessuu hin dandeenye godha!
2. Qabeenya osoo walitti dabalamee jijjirama fiduu danda'u kan waajjira gargariitti waraqaa fi komputera bituu irra hin darbine godha!
3. Yaadaa fi dandeettii yoo walitti dabalame ijaarsa jabaa ijaaree raawwachuu danda'u,hundee ijaarsa jabaa kaa'uu akka inni hin dandeenyeef dadhabsiisa!
4. Akka ijoolleen abbaa tokkoo warri kaayyoo tokkoof manaa ba'ee jabina isaanii dhiisanii dadhabina walii isaanii dubbatan taasisa!
5. Yaadaa fi ilaalcha saba gargar baasuudhaan hundee tokkummaa saba gidduutti raasa. Kallatti adeemsa sabaaas gargar baasuun

kopha kophaatti diinaan rukutamuu sabatti fida!

6. Waliin mo'achuu osoo hin taanee wal mo'achuuf dorgommii irra waan jiraniif kufuun isa tokkoo isa kan biraatiif gammachuu dha!
7. Ormoota walitti bu'uu sabaa gidduutii bu'aa argachuun jiraataniif haala mijeessuu isaa irra darbee mata-duree ittiin walitti buusan akka isaan qabaatan godha.

Qabxiilee Ijoo Boqonnichaa

- Hayyuu ga'umsa geggeesummaa qabu dhibba tokko qabaachuun Oromoof jabina guddaadha. Paartii siyaasaa dhibba tokko qabaachuun garuu citaa mana tokkoof barbaachisuun mana dhibba tokko ijaaruudha.
- Hayyoonni Oromoo jaallatanis,jibbanis bilisummaan saba Oromoo inni isaan umrii isaanii guutuu qabsa'aa jiraniif,inni lafeen gootaa meeqa itti cabe,inni kichuun meeqa itti cite kan argame tokkummaa isaaniin booda.
- Si'a tokko mo'amuun isa itti aanu injifachuuf qophii barbaachisuu akka godhaniif nama gargaara. Rakkoon bakka takkaa mo'amanitti lamaffaa akka mo'aman nama godhu garuu sababii kaleessa mo'amaniif sana wallaaluudha.
- Mukti tokkichi damee baayyee waan godhateef,muka jadhamuun isa hafee mukkeen hin jedhamu.
- Dirree qabsoo ormi keessatti oromoo injifate tokko illee hin jiru hamman beekutti. Oromoo oromoo wallaansoo qabsiisuudhaan garuu ormaaf dirree baayyee irratti injifannoon argameera.
- Baayyachuun paartilee siyyaasaa biyya tokkoof geggeessaa dhimma baasu argachuuf carraa bana. Saba sanyii tokko keessatti garuu bu'aan inni buusu baayyee natti hin mul'atu.

BOQONNAA SHAN
SABBOONUMMAA, AADAA FI AMANTII

"Wantonni booda keenyatti dhiisnee dhufne yookiis wantonni fuula keenya duraa nu eegatan; isa keessa keenya jiru waliin yeroo wal bira qabaman baayyee xixiqqoodha!" Maayels Munroo

Amantii

Amantiin sabboonummaa miti, aadaas miti filannoodha kan abbaan dhuunfaa isaatti qabu.

Kaleessas waan tureef sichis sodaan ani qabu warri kaleessa bu'aa walitti bu'uu keenya gidduutti argamuun jiraatanii baran karaa amantii waa kaasuuf yaalinnuu kan jedhuudha. Haa badan tasumaa kun Oromoo gidduutti waa kaasuu hin qabu. Tokkummaan uummata Oromoo jabaatee isa kana bira kan darbe ta'uu qaba. Amantiin kan dhuunfaa keenyaati, Oromummaan garuu kan nuti waliin qabnuu dha. Amantii malee Oromummaa jijjirrachuu hin dandeenyu inni dhiiga keenya. Oromoon waaqeffataadha amantii bira hin qabu, Oromoon Kiristiyaana Isalaamni keessa hin jiruu fi kan kana fakkaatan dubbachuun wal burjaajjessuudha. Boris kan balaa guddaan saba kana gidduutti uumamu yoo amantiin tokko akka amantii Oromootti dhaadatamu jalqabeedha. Akkas yeroon jedhu lallaba amantiitu dhaabbata jechuu miti. Waa'ee amantii keenya lallabuu dandeenya,dhugaan nuuf galee jennaan amantii sana hordofaa jiru walitti ni himna, garuu amantii fi Oromummaa walitti hidhuutu gooli kaasa. Sababni isaa anaaf amantiin koo isan filadheedha, siif amantiin kee isa atti filatteedha. Oromummaan

keenya immoo waliin kan nuuf laatame baadhaasa uumaati. Kan jaallatu silayyuu Oromummaaf lubbuu isa laate. Kan jibbus of irraa molquu hin dandeenye, mee seenaa qoradhu.

Hordofaa amantii kami iyyuu taatee sabboonummaa dhugaa keessa jiraachuu ni dandeessa garuu kan rakko kaasu hiika sabboonummaa wallaalu dha.

Amanti tokko tokko keessatti jireenya sabbonummaa jiraachuu kee gaafa argan kun si irraa hin eegamu kan siin jedhan baayyeedha. Ta'us namoota akkasitti aaruun hoomaafuu nama hin gargaaru. Sababni isaa nama sana osoo hin taanee hiika sabboonummaa isa sammuu nama sana keessa jirutu sirrii miti. Saboonummaan hojii dogoggoraa yookaas cubbuu kan ta'e miti waan ta'eef dhaaba amantii kamiin iyyuu kan mormamu miti. Kanaaf dursa beekamuu kan qabu hiika sabbonummaa dhugaa waan ta'eef isa kaaseen amantii wajjin akka isaan wal hin faalessine dhugaa jiru lafa kaa'a.

Sabboonummaa fi Amantii

Sabboonummaan of ta'uu dha. Amantiin of ta'uu keetiin mormu jiraannaan inni anaaf garbummaadha malee amantii miti.

Tasumaa amantiin sabboonummaa dhugaadhaan mormu hin jiru, jiraachuus hin qabu. Kun nama hiika sabboonummaa isa sirrii beeku biratti malee nama hiika sabboonummaa isa sirrii hin beekne biratti hin hojjetu. Anaaf hiikni sabbboonummaa inni dhugaan isa kana.

Sabboonummaan:-

- *Aadaa saba ofii isaa ibsituu eenyummaa ofii ta'e ibsaa ykn calaqqisiisaa jiraachuu fi jaallachuu dha.*
- *Seenaa fi afaan saba ofii jaallachuuf ittiin boonu dha.*
- *Walabummaa saba ofiitiif itti gaafatamummaa nama irraa eegamu ba'uu dha.*
- *Eenyummaa ofii kabachiifatanii, eenyummaa nama kan biraa immoo kabajuu fi jaallachuu dha.*
- *Faayidaa dhuunfaa ofii irra kan sabaa caalchisanii ilaaluu fi faayidaa sabaatiif dursa kennuu dha.*

Amman beekutti dhaabbanni amantii kanaan mormu hin jiru. Yoo jiraate garuu namni amantii akkasii keessa jiraatu garbummaa keessa jira jedheen ibsa. Anaan yeroo tokko tokko namoonni waa'een siyyaasaa siin hin ilaallatu dhiisi naan jedhu. Kan isaan akkas jedhaniif amala sabboonummaa waan narratti arganiif waan inni guufuu amantii kootii natti ta'u itti fakkaata. An garuu eenyuummaa kooti waan ta'eef tasumaa dhiisuu akkan hin dandeenyen jala mure itti hima. Namoota akkasii kana osoon hiika sabboonummaa hin gaafatin dhiisee hin beeku. Garuu rakkoon isaanii akka hiika sabboonummaa wallaaluu ta'e ergan hubadhee booda waan naaf gale kana itti himeen biraa deema. Kanaaf sabboonummaa fi amantiin kan wal dhiibanii fi gufuu walii taa'an nutti fakkaachuu hin qabu. Sabboonummaadhaan ala amantii koo hordofaan jiraadha yoo jette, Afaan Oromoo gannee, aadaa Oromoo gannee, seenaa Oromoo keessaas ba'een jiraadha jechaa jirta. Ilmi Oromoo tokko kana keessaa ba'eemmoo akkamiin jiraataree? Akkasittiin eessa jiraata? Garaa lafa jala akka hin jenneef lafeenkellee lafa keessa jiraatee

Oromoodha. Dhugaan isa kana. Oduu kan biraan sabboonummaa wajjin wal fakkaatee dhufu ragaa kan hin qabneedha ittiin of hin joorsin.

Amantii fi Aadaa

Aadaan Oromoo ilma Oromootiif Oromummaadha ibsituu eenyummaa isaati,garuu aadaan amantii ta'u hin danda'u kan namni dhuunfaa isaatii filannoo ofii isaatiin qabaatu.

Aadaa fi amantiin kan walitti makamu miti garuu gargar baasuun ni ulfaata. Maaliif aadaa fi amantii gargar baasuun ulfaata gaaffiin jedhu jiraachuu mala. Sababni isaa aadaan eenyummaa nama tokkoo isaanii uumaan gonfate yoo ta'u, amantiin immoo filannoo isaa isaanii jaallateedha. Lamaan isaanii qabeenya namicha kanaati. Kanaaf oogummaadhaan wal faana fudhatanii deemuutu nama irraa eegama. Amantii kam keessaallee haa ta'u qajeelfama jireenyaa, abboommii fi safuutu jira. Aadaan keenyas kana hin cabsu. Aadaa jedhamee waan lafa kaa'amee keessaa kan amantii kee dhiibuu fi seera uumaa cabsu jiraannaan qixaatitti galfamuu ykn qajeelfamuu qaba. Kanaan ala amantii fi aadaan wal dhiibee, wal mormee, wal xinneessuu kan inni danda'u ilaalchi keenya gaafa dogoggora ta'u qofa. An amantii nan qaba. Akka aadaa Oromoo na jala hin cabsinettan waaqeffadha. Afaan Oromoon, Oromoo wajjiin kanaan ala immoo afaan naaf galuunan waaqeeffadha. Aadaa nan qaba. Aadaan koo aadaa saba Oromooti. Garuu amma guyyaa har'aatti aadaa fi amatiin walitti na jalaa makamee ykn wal dhiibee na danqee hin beeku. Siif immoo akka itti yaadduutu hiika amantii fi aadaa kanaadha. Si'a tokko tokko osoo namoonni aadaa fi amantii kana gocha isaaniin walitti buusanii, sammuu namaa keessa hiika hin

taane kaa'an ni jira. Dhugaa dubbachuuf garuu namni hubataan amantii fi aadaa isaa osoo rakkoon isa hin mudatin wal faana fudhatee adeemuu danda'a.
Waaqeffannaa sirrii karaa sirrii ta'een aadaa keetiin waaqeffachuu dandeessa.

Namni aadaa isaa sirriitti beeku akkamitti akka amantii isaa wajjin wal faana fudhatee adeemuu danda'us ni beeka.

Waa'ee aadaa fi amantii irratti ilaalchi namni qabu jijjiiramuu qaba. Umurii koo keessatti osoo namoonni baayyeen waa'ee amantii fi aadaa kanaaf rakkachaa jiraatanii argeera. Gaaffii kana ofiima ofiitti deebisaa jiraachuu qabna. Amantiin maal jedha? Aadaan saba kootihoo akkami? Waan ittin wal faallessan qabumoo hin qaban? Gaaffilee kana sadan deebisnaan sammuun kee nagaadha. Deebii isaa siifan dhiisa garuu osoo hin deebisin bira darbuu hin qabdu. Walumaa galatti wanti an jedhu tokko garuu amantii keenyaan aadaan keenya, aadaa keenyaan immoo amantiin keenya ibsamuu malee awwaalamuu hin qabu kan jedhuudha.

Aadaan:-

- Jiruuf jireenya hawwaasa guyyaa guyyaaniiti!
- Ibsituu(calaqqistuu) maalummaa uummata tokkooti!

Oromoon aadaa fuudhaa fi heerumaa, nyaataa fi dhugaatii, uffataa, waliin jireenyaa fi taphoota garagaraa waliin qaba. Kun hundumtuu warra uummanni oromoo waliin qabuudha. Kana immoo hordofaa amantii kamii yoo taatellee eenyuun iyyuu sirra molqamuu kan

danda'u miti. Oromoo waan taateef qofa qabeenyi Oromoon waliin qabu kun hundi siifis qabeenya keeti ykn ibsituu keeti. Aadaa keetu si ibsa, situ aadaa kee ibsa wal malee hiika hin qabdan. Namni aadaa isaa malee wanta ittiin isa ibsantuu dhibama. Aadaan kee isa ati ittiin ibsamtuudha, sirraa adda banaan atis aadaa malee,aadaan kees si malee ibsamuu hin dandeessan. Aadaan kee si ibsuuf erga bakka si bu'ee aadaan Oromoo Oromoo bakka bu'ee saba guddaa kana ibsa. Dur aadaa kana jalaa balleessuuf yaaliin mootummaa abbaa hirreen uummata oromoo irra ga'e guddaadha. Ta'us aadaan oromoo amma beekamuu qabu akkanni hin beekamne godhe malee hacuuccaan kun aadaa oromoo balleessuu hin dandeenye. Ammanni beekamuu danqamee bakka tokko dhaabbatee ol kaasnee addunyaatti beeksisuun dirqama oromummaati. Siin ala eenyullee aadaa kee guddisuu hin danda'u. Situ beeka, situ bareechata, situ ittiin guddata aadaa keen. Aadaan Oromoo Oromoo wajjin hacuuccaa jaarraa baayyee baatee bara baduu qabu hin badin erga hafee, anaaf si bira ga'ee baduu miti tuqamuun isaa salphina. Aadaa fi duudhaan oromoo saba kan biraa biratti amma beekamuu qabu hin beekamne. Kaleessa caba lafee goototaatiin, dhangal'uu dhiiga dhalootaatiin oromoonis ta'e aadaan oromoo har'a ga'eera. Guddisuu fi beeksisuun immo ga'ee keenya. Dhaloonni qubee hojii kana hojjechuuf carraa argachuu keenyaaf ni ayyaanomne. Aadaan uummata guddaa kanaa guutuudha. Guddisuu qofa miti beeksisuu barbaada aadaan. Kanaaf karaa nurraa eegamu hundaan guddisaa beeksisuutu nurra jira. Aadaan erga kana ta'e amantiinoo?

Amantiin:-

- *Na gargaara jedhanii filachuudhaan waan filatan sanatti amanuu fi sagaduufiidha. Itti amanuu fi sagaduu kana keessa immoo; seera isa amananii eeguu, waa'ee isaa leellisuu fi nama biraaf illee dabarsanii ibsuu of keessaa kan qabuudha!*

Hordofaa amantii garaa garaa ta'uun garaagarummaa Oromoo miti. Oromoon akkasitti yaadu yoo jiraate barsiifamuu qaba. Kanaan booda tooftaalee diinni fayyadamuun Oromoo gargar baasuu fi walitti buusu waan muraasa. Isaan sana irratti immoo bareessitoonis ta'e artistoonni Oromoo gama hundaan hojii dursee hojjetamuu qabu hojjechuutu nurra jira.

Kanaan booda gufuu tokkummaa Oromoo ta'innaa jedhee kanan sodaadhu:-

- *Injifannoo argameef abbaan injifannoo kanaa ana jechuudhaan itti waamamsa injifannoo argamee wal saamuu!*
- *Garaagarummaa amantii akka garaagarummaa uummata Orommoo godhanii leellisuu fi amantiin Oromoo isa kana jedhanii maqaa dhaaba amantii tokkootiin Oromoo waamuu!*

Tarii tuqaalee kana akka salphaati ilaaluu dandeenya ta'a. Dhugaa dubbachuuf garuu balaan isaan kanaan ka'u salphaa hin ta'u uummata Oromootiif. Maaltu godhamuu akka qabu of gaafachuu kan qabu eenyuun iyyuu miti, saba Oromoo guutummaa dha. Tasumaa....tasumaa gama kanaan qaawwaa argatee diinni nu gidduu seenuu hin qabu...hin qabu...hin qabu...dura dhaabbatamuu qaba.

Bakka kam jiraadhu, amantii kam keessas jiraadhu, garuu Oromoo kamii wajjin nagaan jiraachutu sirra jira isin tokko waan taatanif.

Kanatti dabaluudhaan wanti ulfaatan gaaffii namoota baayyee ta'e jiruu tokkommoo waa'ee aadaa fi amantii ta'uu ***irreecha(irreessaati).*** Waa'ee aayyaana irreechaatiif waan beekamu qabu osoo hin kaasin dura hiika isaa kaasuun gaariidha.

Irreechi(Irreessi):-

- *Guyyaa itti Oromoon malkaa ykn tulluutti ba'ee Waaqa isa uume, waa'ee waan argateef galateeffatuu fi waa'ee waan fuula isaa duratti hawwuu fi barbaaduf immoo kadhatuu dha.*
- *Ayyaana Oromoon ittin beekamu, mallattoon Oromummaa fi eenyummaa isaa ittin ibsamu, calaqqee aadaa fi duudhaa Oromoo akkasumas godambaa yookaan kuusaa seenaa uummata Oromooti.*

Hiikni irreecha inni dhugaan isa kana erga ta'ee kan namni waa'ee irrechaatiif mataa wal dhukkubsu maaliif laata? Irreechi tasumaa kan dhaaba amantii tokko ta'uu akka hin dandeenyee cimsee dubbachuun barbaada. Sababni isaa amma yoona kanaatti umriikoo kanaan barruun waa'ee isaa irraa hubachuuf dubbise irratti irreechi aadaadhaan adda ba'ee utuu inni ibsamuu, kan dhaaba amantii tokkootis jedhamuu hin argine. Yeroo dheeraadhaaf gaaffii dhalootaa ta'ee kan jiruu garuu waa'ee kanaati. Namoonni baayyeen yoo waa'ee irreechaa gaafattee, maaliif hin deemtu yoo ati jette deebiin isaan kennan wal fakkataadha. Innis amantii kootu dhowwa kan jedhuudha. Irreechi amantii biraadha jechuu irra darbee kan Oromoo

amantii waaqeffataa hordoofuuti sadarkaa jechuurra jiru. Hayyoonni Oromoo, barreessitoonni fi abbootiin Gadaa kan jedhan garuu irreessi aadaadhaan addaa ba'ee ibsamuu hin danda'u kan jedhuudha. Aadaa keenyaa wajjin walitti hidhata erga ta'ee amantii kamii wajjin walitti hidhuun hafee, kan Oromoo hundumaa of keessatti hammatu ta'u qaba. Guyyaa tokko namni tokko akkas jedheetu waa'ee irreessatiif hubannoo sammuu isaa keessa jiru naaf ibse. Bakka irreechatti wanti godhamaa jiru hundumti isaa amantii waaqeffataa keessatti godhamaa kan jiru qofa. Kanaaf lammata bakka sana deemna naan hin jedhin naan jedhe. Ilaalchi kun sammuu isaa keessatti moo'ee innis ittin moo'amuu isaatiif baayyeen gadde. Sababni isaa dhaloonni nu boodaan dhufaa jiru hiika namni kun irreechaaf laate kana akkasiin yoo qabatee tokkummaa Oromootif balaa guddaadha. Sababni isaa Oromoon waaqeffataa duwwaa mitikaa, hordoftoota amantii baayyeetu keessa jira. Aadaadha erga jennee aadaa uummata miliyoona shantamaa olii fuunee kan dhaaba amantii tokkoo goonee ilaalla taanan rakkoodha. Kanaatiif waa'ee kanaa irratti ani hojii manaa guddaa abbootii Gadaa fi abbootii amantaa hundumaatti adaraa kennuun barbaada.

Dhaamsa!

Irreechi amantiidha taanan silayyuu kan hordoftoota amantii sanaa qofa. Aadaa Oromoo wajjiin walitti hidhata taanan garuu kan Oromooti. Kanaaf dhaamsi guddaan ani abbootii Gadaa fi abbootii amantii biyya kanaa keessa jiraniif dhaamuu, ilaalcha dhaloonni waa'ee irreechaatiif qaburratti hojjetamuudhaan jijjiiramu qaba kan jedhuudha. Akkam ta'ee kan jedhuuf immoo seerrii fi heerri isaa osoo hin cabin irreechi dhaaba amantaa kamiyyuu hirmaachisuu

akka danda'uf hojii hubannoo guddaan irratti hojjetamuu qaba. Ayyaana irreechaa irratti argamuu kan qabu waaqeffataa qofa miti, Kiristiyaana qofa miti, Isilaama fi dhaaba amantii kan biraa tokko qofa miti, Oromoo hunda male. Kanaaf abbootiin Gadaa fi abbootiin amantii Oromoo miidiyaadhaanis haata'u waltajjii marii kam irratille waa'ee kanaa ibsuudhaan karaa kanaa rakkoo Oromoo gargar qooduuf achii as adeemu maqsu qabu. Dhugaa dubbachuuf kana irratti hojii guddaan hojjetamuudhaa yoo baate, irreecha kan dhaaba amantii tokkoo gochuuf yaaluun Oromoo gidduutti garaagarummaa facaasa. Kun akka hin taane hojii nurraa eegamu hundumaa hojjechuutu nurra jira.

Abbootiin Gadaa fi abbootiin amantaa mareedhaan kana irratti hojjechuudhaa yoo baatan garuu inni an yaadda'aa jiru ta'uun isaa hin oolu. Maal yaaddofta jettee? Gaaffii gaarii na gaafatte. An kanan yaadda'u, yoo inni hubate dhaloota kana hubachiisuudhaa baatee dirreen walga'ii uummata bal'aa kanaa malkaan irreechaa nu jalaa jeeqaminnaa kan jedhuudha. Sababni isaa irrechi Oromoo hundaaf bakka wal argaati. Gosa hin beekne gaafas barta, uffata aadaa Oromoo argitee hin beekne yoo qabaatte gaafas argita. Kun hafnaan saba Oromoo gidduutti qaawwi uumamu isa salphaatti duudu miti.

Namichatu Adurree tokkittii guddifatee qaba jedhan. Ishee qofa waan qabuuf namtichi kun baayyee kunuunsa. Ol galee yoo gadi ba'u qabeenya isaa kana ilaallata. Kan inni gammaduu fi boqotu yommuu ishee ijaan argu qofa. Gaaf tokko garuu ganamaan hiribaa dammaqee gaafa ilaalu adurreen isaa kun laaqii keessatti kuftee arge. Taa'ee yaadee waan godhu wallaalee beekaa tokko bira deemee, "Maal godhu adurreekoo kana miicuu?" jedhe gaafate. Namichis, "Hin

miicin si jalaa duutii" jedhee gorsee gara mana isaatti isa deebise. Namichis fuudhee galee gorsa beekaa sanaa dhiisee adurree isaa sana miiccuu jalqabe. Erga inni miiccee raawwateen boodammoo dhaqni yookaan rifeensi adurree isaatii qooruu dide. Obsee eegee dadhabee gogsuuf jecha adurree isaa cuunfe. Adurreen isaas osoo inni cuunfuu jalaa duute. Sanaan booda osoo inni bira taa'e bo'uu namni beekaan sun itti dhufe. "Maal namicho adurreekee hin miiccin si jalaa duutii jennan diddee miiccitee ajjeestee?" jedhee gaafate. Abbaan adurree sanaas "Lakki osoon miicuu miti utuun cuunfuu na harkatti duute malee adurreenkoo" jedhee deebiseef. Beekaan sunis, "Garuu duuteetti miti adurreenkee?" jedhee gaaffii lammaffaa gaafate. "Eyyee duuteetti" jedhee deebiseef.

"...Garuu duuteetti miti adurreenkee?" As keessa dubbii jirtu kanaan ibsuun barbaada ergaakoo. Akkamitti iyyuu haa jeeqamu irreechi jeeqamun, akkamitti iyyuu haa miidhamu tokkummaan irreecha keessa jiru miidhamuun, tokkummaa fi jaalala Oromoo gidduu jiru miidha. Kanafi egaa kanan sodaadhu, kanaafi kanan abbootiin Gadaa fi abbootiin amantaa kana irratti hojjechuu qabu jedhuuf. Bara 2016 bara nuti yoom illee yaadannee boonyu sana duraa kaasee qeerroon qomee(T-Shirt) *'IRREECHI HIREE KEENYA!'* jedhee irratti bareeffamee jiru uffata. Jaalala irreechaaf qabuuf jecha kan kana uffachaa ture dhaabbata amantii kami iyyuu miti, qeerroo Oromoo guutuu dha. Kanaaf irreechi hiree kooti saba jedhu kana gidduu maqaa dhaaba amantii kamiitiin illee qilleensi seenuu hin qabu. Kana gochuuf hojii guddaa dura keenya jiru hojjechuun ga'ee abbootii Gadaa fi abbootii amantaa biyya kanaa duwwaa miti. Anarraa ni eegama, atis ga'ee qabda. Sababni isaa hiree keenyakaa. Hiree keenyaaf immoo irreen nu mataa keenya.

Qabxiilee Ijoo Boqonnichaa

- Amantiin sabboonummaa miti,aadaas miti filannoodha kan abbaan dhuunfaa isaatii qabu.
- Hordofaa amantii kamiyyuu taatee sabboonummaa dhugaa keessa jiraachuu ni dandeessa garuu kan rakko kaasu hiika sabboonummaa wallaalu dha.
- Sabboonummaan of ta'uu dha. Amantiin of ta'uu keetiin mormu jiraannaan inni anaaf garbummaadha malee amantii miti.
- Sabboonummaan:-
  - Aadaa saba ofii isaa ibsituu eenyummaa ofii ta'e ibsaa ykn calaqqisiisaa jiraachuu fi jaallachuu.
  - Seenaa fi afaan saba ofii jaallachuuf ittiin boonu.
  - Walabummaa saba ofiitiif itti gaafatamummaa nama irraa eegamu ba'uu.
  - Eenyummaa ofii kabachiifatani,eenyummaa nama kan biraa immoo kabajuu fi jaallachu.
  - Faayyida dhuunfaa ofii irra kan sabaa caalchisanii ilaaluu fi faayidaa sabaatiif dursa kennuu dha.
- Aadaan Oromoo ilma oromootiif oromummaadha ibsituu eenyummaa isaati,garuu aadaan amantii ta'u hin danda'u kan namni dhuunfaa isaatii filannoo ofii isaatiin qabaatu.
- Namni aadaa isaa sirriitti beeku akkamitti akka amantii isaa wajjin wal faana fudhatee adeemuu danda'us ni beeka.
- Aadaan:-
  - Jiruuf jireenya hawwaasa guyyaa guyyaaniiti.
  - Ibsituu/calaqqistuu maalummaa ummata tokkooti.

- Amantiin:-
  - Na gargaara jedhanii filachuudhaan waan filatan sanatti amanuu fi sagaduufiidha. Itti amanuu fi sagaduu kana keessa immoo;seeraa isa amananii eeguu,waa'ee isaa leellisuu fi nama biraaf illee dabarsanii ibsuu of keessaa kan qabuudha.
- Kanaan booda gufuu tokkummaa Oromoo ta'innaa jedhee kanan sodaadhu:-
  - Injifannoo argameef abbaan injifannoo kanaa ana jechuudhaan itti waamamsa injifannoo argamee wal saamuu.
  - Garaa garummaa amantii akka garaa garummaa uummata Orommoo godhanii leellisuu fi amantiin Oromoo isa kana jedhani maqaa dhaaba amantii tokkootin oromoo waamuu.
- Bakka kam jiraadhu, amantii kam keessas jiraadhu, garuu Oromoo kamii wajjin nagaan jiraachutu sirra jira isin tokko waan taatanif.
- Irreechi(Irreessi):-
  - Guyyaatti oromoon malkaa ykn tulluutti ba'ee Waaqa isa uume,waa'ee waan argateef galateeffatuu fi waa'ee waan fuula isaa duratti hawwuu fi barbaaduf immoo kadhatuu dha.
  - Aayyaana oromoon ittin beekamu, mallattoon Oromummaa fi eenyummaa isaa ittin ibsamu, calaqqee aadaa fi duudhaa oromoo akkasumas goda-hambaa yookaan kuusaa seenaa uummata Oromooti.

BOQONNAA JA'A
QABSOO OROMOO FI AARTII OROMOO

"Gootummaa jechuun sodaan jiraachuu dhabuu utuu hin taanne, sodaa jiru injifachuu akka ta'e baradheera. Namni cimaan nama hin sodaanne osoo hin taane, nama soda isaa injifateedha!" ***Neelson Mandellaa***

Dhaloota qubeef rasaasni isaan dhukaasanii ittiin diina haleelan qubeedha.

Jijjiirama har'a jiruuf aarsaan kaleessa kaffalame aarsaa lubbuu isa bakka bu'uu hin dandeenyeedha. Sabnikoo ifa har'a jirtu kana arguuf qabeenya isaa qofa osoo hin taane lubbuu ilmaan isaa warra qaalii sana dhabe. Qabsaa'aan kufuun qabsoo itti fufsiisuufi. Sammuun koo garuu kan inni na amanu kufaatiin qabsaa'aa seenaa hin kufne tokko hojjetee darbuu qaba isa jedhuudha. Kanaan ala qabsaa'aan ni kufa qabsoon itti fufa jecha jedhu sammuu fi jireenya keenya keessaa dhaadannoo isaa waan qabnuuf akka wareegamuu hin qabnetti wareegamuu hin qabnu. Qabsoon dhaloota qubee Oromiyaa guutuu irra darbee akka guutuu biyyaatti dhiibbaa uumuu isaatiif sababni aartiidha. Dhaloonni qubee akka rasaasaatti itti roobsee diina naasise. Artistoonni dandeettii qabaniin qubee diinatti dhukaasan. Barreessitoonni kitaabaan, kaan sirbaan, gariin diraamaadhaan. Kaan isaani immo isa qubeen qindaa'e sana sagaleessuun walaloodhaan, qubee akka quba akeektuutti fuldura saba Oromootti agarsiisan. Kaleessii fi har'i wal caala aartii Oromootif. Kanaafiidha qabsoon Oromoos kaleessa caalaa har'a bu'aa kan buuseef. Ibiddi waa gubee karaa saaqee nuuf ibse isa aartiidhaan qabsiifameedha. Qabsoo isa caalu dura keenya jiruufis hojii guddaan hojjetamuu kan qabu aartii irratti. Aartiidhaan isa dubbachuu dhorkaman dubbatatu, isa

cininnatanii obsan futtaafatu. Kanaaf sabni keenya hojii aartii kan aartistoota duwwaa godhe ilaaluu hin qabu. Yoos kanaan booda waamicha aartii irraa waamamnee hafuu mitii osoo hin waamamin iyyaafannee deemuu qabna.

Namni waamicha aartii Oromoo irra hafe namicha iyya Oromoo isa inni garbummaa keessa dhaabbatee iyyuu birmachuu dhiisee wajjin tokko.

Maaliif? jennaan aartiin afaan keenya ta'ee isa nuti dubbachu dhorkamne nuuf dubbateera. Iyya keenya isa dhaga'amuu dhabe nuuf dhageessiseera. Garaa keenya boqochiisee garaa diina keenyaatti ibidda hin dhaamne qabsiisee argineerra. Warri oromoon akka beekaa qabu, akka goota qabu osoo beekanii akka nama hin beeknee of godhan aartiin itti himamee sobuudhaaf jecha dhabanii jiru. Kun dhugaa haalamuu hin dandeenyeedha aartiin meeshaa qabsoo uummata Oromooti.

Geggeessitootni dur biyya kana geggeessaa turan maaliif Afaan Oromoo raadiyoo cabsaa akka jedhan reefuu naaf gala. Afaan Oromoo yoo dubbatame raadiyoo cabsa osoo hin taane, garbummaa isaan Oromoo baachisan akka cabsu beeku.

Karaa biraa aartiin sabaaf afaan sabichaatin hojjetamu waanjoo garbummaa cabsa jechuu dha. Jedhuus miti kun dhugaa dha. Injifannoon amma jiru bu'aa qabsoo kaleessati, isa itti aanuuf immoo injifannoon karoora keenya isa nuti boriif qabannee jirru keessa jira. Ammas dhaloonni qubee rasaasa kana dhukkaasuu hin dhiisin. Sabni guddaan kun immoo gama isaan waan isa irraa eegamuun akka

dhaloonni kun dadhabbii malee dhukaasan haa godhu. Kun fedhii osoo hin taane dirqama Oromummaati. Yoo akkas ta'e nurraa ba'a imaanaan gootota kaleessaa. Aartiin bu'aa qabsoo abboota keenya kaleessati. Qabsoon kanaan boodaa garuu aartii malee deemuu mitii tasumaa milla fudhachuu hin danda'u.

Dureessi qabeenyaan, hayyuun hayyumaa isaan, artistiin aartiidhaan, waan qabnuun falmanna, qabsoon bilisummaa hojii hunda keenyaati.

Nuti ilmaan Oromoo warra abbaa Gadaati. Sirna Gadaa keessatti immoo nama ta'ee kan dhalate hundumtuu sadarkaa irra jiru irratti ga'ee hojii qaba waan hojjetu. Kanaafan jedha hundumti keenya waan nu ilaallatu qabna hojii hojjennu. Isaan dirqama keenya ba'uutu nurra jiraata. Akka jiraachuu qabnutti jiraannee, hojii hojjechuu qabnu hojjechuudhaa yoo baanne hiikni jireenyaa maaliree? Dur akkasitti hin beektu yoo ta'ee ammaan booda beeki ati ga'ee hojii Oromoof hojjechuu qabdu tokko qabda. Oromoo qofa miti addunyaa kanaaf illee bu'aa buusuu akka dandeessutti itti yaade si uume Waaqayyo. Gumaacha sirraa eegamu gumaachii dirqamake ba'i. Anis akkasuma gochuuf sammuukoo wajjin waadaa seeneera. Har'a irra bor haa caaluuf sabni keenyaa daandii qabsoo aartii isaan eegale itti fufuu qabaan dhaamsa kooti.

Aartiin saba guddisa, sabni guddate immoo aartii isaa guddisa.

Aartiin dhuguma saba guddisa. Guddisuu qofa miti seenaa sabaa isa kaleessa ormi dogoggoraan barreessee kaa'ellee qotee baasee isa sirrii isaa deebisee addunyaatti kan beeksisu aartiidha. Kaleessa qees

abbaa Baahiree Oromoon saba akkamiiti jedhee barreessee akka kaa'e kitaaba seenaatu ragaadha. Isaa sichi arginee seeraan waan hin himanneef seenaatti himanna isheen nuuf haa gaafattuu. Dhugaa isaa sabni Oromoo saba akkami akka ta'e addunyaatti beeksisuuf immoo Oromoodhaaf aartiin Oromoo jira, barressuudhaaf immoo dhaloonni qubee Oromoodhaaf jirra waaqaa wajjin. Barreessitoonni keenya kitaaba seenaa Oromoo isa kaleessa sirratee barreefame duwwaa miti dubbisuu kan nuti qabnu. Sirreessinee akka saba kana bakka bu'utti barreessuuf isa dogoggora tures dubbisuutu nurra jiraata. Kanaa goonan barreessitoota dirqama oogumaa isaanii ba'an ta'uu keenya.

Bakka amma geenyee jiru kana garas darbinee deemuuf aartiin keenya nu durse deemu qaba. Aartiin miilla sabaati bakka baayyee ga'a, sabni immoo milla aartiiti, aartiin sabaan galma ga'a.

Artistooni keenya hojii guddaa hojjechuu eegalani dhaba qarshiin addaan kutan jiraatinnuu laata osoo abbaan qabeenya gamoo irrati gamoo kan bira ijaaruuf qarshii kuusee ol kaa'ee jiru? Akkas taanan qabachuun keenya yoomifii? Dogoggori seenaa kana caalu maaltu jira? Kaleessa waan hubannoo hin qabneef yoo dhiste kanaan booda hojii hojjechuu qabdu hojjedhu. Yeroo baayyee isaanii wajjin waanan ooluuf artistoota keenya nan gaafadha haalli jireenya isaanii sadarkaa maalirra akka jiru. Baayyeen isaanii qarshii liqeeffatanii hojii aartii hojjetanii amma yoona of irraa hin baasne. Dhugaa dubbachuuf liqii namaatu irra jira hedduu isaanirra. Uummata Oromoo miliyoona shantama qabu tokkoof hojii aartii hojjetanii liqiidhaan boquu gadi qabachuun salphina guddaadha. Kun soba jettee yaada taanaan amuma deemi artistii naannoo kee jiru tokko

dubbisi afaan isarraa dhaga'uu siif wayyaa. Artistiin hojii aartii hojjetu tokko fayyaadamaa ta'uudhaa yoo baatellee liqeeffataa ta'u hin qabaatu. Kan darbe seenaadha, bor immoo hin dhalanne waan ta'eef har'aa hojjechuutu nurra jiraata. Artistootni keenya liqiidhaan hojii aartii hojjechuu hin qaban. Hojii kana ani nan jalqaba, atimmoo nati dabalami ni geenyaa.

Guyyaa tokko artistii guddaa akka biyyaa Itoophiyaatti jaallatamu tokko kanan dur Oromoo ta'uu isaa hin beeknen akka inni Oromoo ta'e bare. Ergan Oromoo ta'uu isaa beeken booda suuta qaxxiseen bira ga'e wajjin wal bare. Guyyaa sana maaltu akka ture hin beeku garuu namoota danuutu isaa wajjin wal jijjiiree suura ka'aa ture. An garuu suura isaa miti isan barbaade waan ta'eef amma inni xumuruttan dhaabbadhee eege. Dhuma irratti dubbisuuf carraan argadhe. Ani dinqisiifattoota keessan keessaa mucaa tokkoodha baayyeen isin jaalladhan isaaniin jedhe. Afaan Oromootin deebisanii guddadhu naan jedhan. Dur garuu fiilmi afaan amaaraa hojjetu waan ta'eef waan isaan jedhan iyyuu haalaan adda baasee dhaga'ee hin beeku. Sababni isaa afaan Amaaraa kana gurrikoo baayyee naaf hin dhageessu. Guyyaa sana garuu daqiiqaa digdama irra kan hin caalle keessatti gaaffiin gaafachuu barbaade gaafadhen isaanii wajjin dabarse. Gaaffiin koo inni jalqabaa maaliif fiilmii Afaan Oromoo hojjetanii hin beektan? Kan jedhu ture. Namni sunis "Liqiin sodaa dha. Artistootni keenya hundumtuus kana sodaatu kanaaf aartii Oromoo keessa dhaquu hin barbaadan" naan jedhe. Baayyee gaddeen gara fuula duraatti iyyuu hojjechuuf fedhii hin qabdanii jedheen gaafadhe. "Fedhii guddaan qaba. Garuu uummanni Oromoo dura hirriba aartii irra rafe keessaa haa dammaqu" naan jedhan. Kanaan booda gaaffii biraa hin gaafanne nagaa itti dhaamen biraa deeme.

Fiilmii dadhabbii yeroo dheeraa fudhatu hojjetani, kitaaba baasii guddaa qabu saba biraan ga'anii, konseertii guddaa qopheessuudhaan saba guddaa kana hunda waamicha waamanii liqiin nama irratti hafee hojii aartii itti fufuuf humna kan dhaban danuudha. Yuuniversiitii yeroon ture sababii kanaatiif gaafa hundumaan aadan ture. Sababni isaa gaafa fiilmiin afaan Amaaraa ilaalamu barattootni mooraa keenyaa baayyee waan ta'aniif galma guddaa guutee irraa hafee marsaa lammaffaatti darba. Kan keenya garuu guyyaa sana kan achi dhaabbatu warra dhugaan waa'een hojii aartii galteef qofa. Galma guutuun hafee nama amma fiilmiin Afaan Oromoo agarsiifamuu jalqabuutti nama wajjin dubbattu hin qabdu. Hojii guddaan sabni koo hojjechuu osoo qabu amma ammatti hin eegalin jiruu hojii aartii irratti hojjetamuu qabuu dha. Abbaa qabeenyaa Oromoo irraa hojii guddaatu eegama. Saba bal'aa irraa hojii isa caalutu eegama. Uummata miliyoona shantaamaa oliif hojii aartii hojjetee artistiin tokko hojii sana dabalee hojjechuuf humni isa bu'a jechuun salphina malee hiika bira maal qaba? Oogummaa kan qabu oogummaa isaatiin, qabeenya kan qabu qabeenya isaatiin hojii kana hojjechuutu isa irra jiraata. Kanaan ala hiikni Oromummaa dhugaa isa kamtu jira?

"Barnootaa fi qabeenyi uummata ofiif hin taane maali hiikkaan isaa?"

Dr. Misgaanaa Luluu

Dhugaa dubbachuuf yoo ta'e hiika tokkolle hin qabaatu beekumsi fi qabeenyi uummata ofiitiif hin taane. Hiika kan inni qabaatu gaafa nuti hojii ittiin hojjechu qabnu saba keenyaaf hojjenneedha. Uummanni oromoo hayyuu duwwaa miti dureessa baayyee qaba. Qabaachuu isaa duwwaan garuu gahaa hin ta'u. Sababni isaa qarshiin dureessota baayyee gamoo malee dhaloota ijaaree hin beeku.

Beekumsi namoota baayyees kan gaaffii sabaa deebisu qabu gaaffii garaa isaanii duwwaa osoo deebisuu argina. Waaqayyoo ofiima keenya duwwaaf jirannee akka darbinuuf miti gara lafa kanaa kan nu fide. Hojii hojjetachuu qabnu hojjetanne,isa sabaaf hojjechuu qabnummoo sabaaf akka hojjenuuf male.

Qabsoo oromoo keessatti gumaachi artistootni keenya aartiidhaan godhan dukkana keessa dabarse ifa dhufuuf jiru uummata oromootti agarsiseera.

Aartiin gaafa sabatti abdii horu garboonfataa naasisee hundeedhaan raasa. Kanaafan dhaloota qubeef rasaasni qabsoo qubeedha jedha an yoomillee. Sichis hojii guddaatu irraa eegama bareesittootaa fi aartistoota kan biroo irraa. Galanni isaanii ulfina sabaa malee faayidaa dhuunfaa isaanii irraa ta'u hin qabu. Hojii guddaan nuti hojjechu qabnu hojii seenaati malee hojii garaa miti. Qubeen nuti har'aa qarshiin gurgurachuu hojii goonee lakkaawannu kun gatii dhiigaati. Lafee goota baayyeetu itti cabe. Lubbuu nama baayyetu itti ba'e. Kanaaf giddu galeessumaan faayidaa hojii aartii kan sabaatti aartistiinis kan saba waan ta'eef. Karaa biraa salphinni aartisti oromoo kan uummata oromoo hundaati jechuu dha.

Gatii fi baasiin artiidhaaf ba'u sabaaf malee artistiif miti. Kanaaf gaafa hojii aartii hojjennu akka nama nama tokkoof gargaarsa godheetti yaaduu hin qabnu.

Ittiin dhaadhachuuf jecha hojii aartii keessatti hirmaachuu hin qabnu. Dhaadhannoo keenya injifannoo hojii sana irraa argame goonee yaaduu qabna. Qabsoo oromoo finiinsuuf kan murteessetu hojii kana

hojjeta. Wanti namni kamillee dagachuu hin qabne qabsoon yoom illee jira. Bilisummaan booda qabsoo bilisummaa argame sana bakkatti eegsisuuf goonutu nu eeggata. Kanaaf ani jecha 'qabsoon amma bilisummaatti jedhu sana hin deggeru.' Bilisummaan boodas qabsoon jira. Namni tokko dirree qabsootiin ala ba'u kan inni danda'u gaafa du'ee fooniif lubbuun gargar ba'e qofa. Sababni isaa bilisoomuun diina ofii injifachuudha malee ajjeessanii fixuu miti yookaan raawwatanii baleesu miti. Inni kaleessa mo'ame dirreetti ba'ee kan inni taa'u amma gaafa humna jabeeffatee injifannoof morkachuu dirreetti deebi'uutti qofa. Kanaaf qabsoon amma bilisummaa duwwaatti miti. Akkas jedhe namni yaadaa ture haa badan kun hiika qabsoo miti of goyyoomsuu haa dhiisu. Namni hundumtuu beekuu kan inni qabu hojii baayyeen hafee dura keenya akka jiruudha. Injifannoo argameef abbaa injifannoo sana taanee beekamuuf jecha mataan nu dhukkubuu hin qabu. Wanti guddaan injifachuu keenya.

Sabni eenyummaan isaa akka addunyaa irratti ol ka'ee mul'atuu fi jabina isaa ormatti beeksisuu barbaadee aartii fi aartistii isaa jabeeffata.

Aartistiin oromoo tokko guddatee yoo alaabaa biyya kanaa biyya kan biraa deemee ol kaase ulfinni isaa kan saba kanaati. Ilma waamnaan maqaan abbaa biraa waan hin hafneef goota duukaas yoo ta'e hattuu duukaas maqaa abbaatu waamama. Kanaaf aartistii Oromoo kan waame akkamiin maqaa oromoo hin waamin dhiisaa? Akka ta'utti, bakka waamamuu qabutti akka maqaan Oromoo isa duukaa waamamuuf aartistiin hojii isa irraa eegamu hojjechuu qaba, uummanni oromoos ga'een isa guddaadha.

Aartiin gola kuusaa seenaa yookaan goda-hambaa eenyummaan saba tokkoo keessatti kuufamee ol kaa'amuudha.

Goda-hambaan kunuunsa akka barbaadu, eegduu mataa isaa danda'e akka qabu namni hin beekne maaltu jirare. Yoos erga aartiin goda-hambaa ta'ee kunuunsuu kan qabu saba abbaa aartii sanaati. Hojii jabaan hambaa seenaa ta'ee ol kaa'amuu akka hojjetamuf waan gochuu qabnu gochuutu nurraa eegama. Kun fedha miti dirqama nuti ba'uu qabnuu dha. Hojiin sabni kun gama aartiin hojjetee ol kaawwachaa jiru kun nan quubsu. Saba kanas guutummaan gutuutti bakka bu'uu hin danda'u. Yoo dugda duuba deebinee hojii hojjetamee jiru kaleessaa ilaalle,baayyeen isaa qulqulluu miti. Fiilmii yoo ta'e sagaleen isaa kan dhagaa'amuu fi fuulli nama hojii sana hojjechaa jiru kan argamu muraasa. Kana kan fide meeshaa ga'aadhaan hojjetamuu dhabuu isaati. Meeshaa gaa'an akka inni hin hojjetamne kan godhemmoo baajanni barbaachisu dhibuudha. Sirboonni aadaa, diraamaanii fi kitaaboonni jiran hanqina qabu. Hanqina kana akka isaan qabaatan kan godhe nama hojii sana hojjetee miti. Dur akkas jennee yaanna. Maaliif akkas godhan? jennee yaada laanna. Sababbiin isaan akkas godhaniif akka hojjechuu qabanitti, akka nu gammchiisuuti hojjechuuf baajata ga'aa hin qaban. Dhugaan isaa kanaa dha. Itti fufee hanqinoonni kun akka hin uumamneef sabni aartii isaa irratti hojii guddaa hojjechuu qaba. Aartistootni keenyaas ammaan booda waan qulqulinna qabu hojjechuuf aarsaa kafalamuu qabu hunda kafaluu qabu. Akkas taanan aartiin keenya guddaatee amma saba guddaa kana ga'uudhaan saba kana bakka bu'u ni danda'a. Kana ta'uudhaa yoo baate garuu aartiin jira, ta'us akka jiraachuu qabutti hin jiru saba oromoo gidduu jennee ibsuu qabna.

Qabxiilee Ijoo Boqonichaa

- Dhaloota qubeef rasaasni isaan dhukaasanii ittiin diina haleelan qubeedha.
- Namni waamicha aartii oromoo irra hafe namicha iyya oromoo isanni garbummaa keessa dhaabbatee iyyu birmachuu dhiisee wajjin tokko.
- Geggeessitootni dur biyya kana geggeessaa turan maaliif afaan oromoo raadiyoo cabsaa akka jedhan reefuu naaf gala. Afaan Oromoo yoo dubbatame raadiyoo cabsa osoo hin taane garbummaa isaan oromoo baachisan akka cabsu beeku.
- Dureessi qabeenyan, hayyuun hayyumaa isaan, artistiin aartiidhaan, waan qabnuun falmanna qabsoon bilisummaa hojii hunda keenyaati.
- Aartiin saba guddisa, Sabni guddatemmoo aartii isaa guddisa.
- Bakka amma geenyee jiru kana garas darbinee deemuuf aartiin keenya nu durse deemu qaba. Aartiin milla sabaati bakka baayyee ga'a, sabnimoo milla aartiiti aartiin sabaan galma ga'a.
- Qabsoo oromoo keessatti gumaachi artistootni keenya aartiidhaan godhan dukkana keessa dabarse ifa dhufuuf jiru uummata oromootti agarsiseera.
- Gatii fi baasiin artiidhaaf ba'u sabaaf malee artistiif miti. Kanaaf gaafa hojii aartii hojjennu akka nama nama tokkoof gargaarsa godheetti yaaduu hin qabnu.
- Sabni eenyummaan isaa akka addunyaa irratti ol ka'ee mul'atuu fi jabina isaa ormatti beeksisuu barbaadee aartii fi aartistii isaa jabeeffata.
- Aartiin gola kuusaa seenaa yookaan goda-hambaa eenyummaan saba tokkoo keessatti kuufamee ol kaa'amuudha.

BOQONNAA TORBA.
ADDUNYAAN KUN NAMOOTA GOSA SADII OF KEESSAA QABDI.

"Argannoowwan namni argate keessaa inni guddaa fi ajaa'ibsiisaan wanta gochuu hin danda'u jedhee sodaachaa ture gochuu danda'ee of arguu isaati!" **Helen Keeler**

Namoota Maaltu Ta'e Jedhanii Gaafatan

Gareen namoota maaltu ta'e jedhanii gaafachaa jiraatanii garee umrii lakkaa'uuf jiraatuu dha. Hojiis hin beekani, warra hojii beekani wajjinis wal hin beekani.

Namoonni kun hojii qofa miti odeefannoo hojii hojjetamee irraas fagoodha. Dirree dorgommii kam keessaayyuu hin jiran. Isaan kun deggeraa isaa hojiitti jirullee ta'uuf ganaa waan baayyeetu isaan hafa. Amalli isaanii waan ta'e arguu osoo hin taanee warra arge gaafatanii gurraan dhaga'uudha. Hojii dhaloonni eenyutu hojjetee? jedhee gaafatu dhabuun salphina. Ofii hojjechuudhaa yoo baatanillee hojii dhaloonni eenyutu hojjete jedhee gaafatuuf deebii kennuuf odeefannoo irraa fagaachuun immoo salphina salphina caaluudha. Ni deggeru yoo ta'e qillensarra oduudhaan deggeru. Ni beeku yoo ta'e argani osoo hin taanee dhaga'aniitti kan isaan beekan.

Waan hin beekne akka waan beekaniitti, waan dhaga'an akka waan arganiitti himaa jiraachuudhaan of gowwomsuun imaltuu galaa hin qabne nama taasisa.

Taphni kubbaa miilaa addunyaa kana irraa jallaatamummaa addaa qaba. Sababii kanaatiif namni deggeru danuudha. Taphattooni sun tokko tokkoon

isaanii guyyaadhaan qarshii nuti baajata waggaatiif hin karoorfanne argatanii oolu. Nutu isaan beeka malee isaan nun beekan. Wanti nama gaddisiisuu sababii nuti teenyee harka rukunnuufiif jedhanii galatoomillee nuun jedhanii hin beekan. Egaan gareen namoota waan ta'e hin beeknee kun garee mana taa'ee oduudhaan jara sana deggeru keessa jira. Sa'aati taphaa beekuuf gaaffii 'meeqatti?' jedhu gaafatu. Gareen kam akka taphatu beekuuf osoo gargar hin kutin gaaffii lama gaafatu. Tokko, "Har'aa garee kamtu qaba?" garee Arsenal. "Eenyuu wajjin?" Manchister city wajjin. Erga sa'atiin taphaa darbeen boodas hojiin isaanii warra deemee argee eeganii gaafachuudha. Ammas akkas jedhanii gaafachuu eegalu."Eenyutu mo'ee?" Manchister City. "Meeqaaf meeqaan?" lamaa fi tokko.

Baayyinni garee kanaa kan warra maaltu akka ta'e beekanii gadi garuu warra abbaa dhimmaa waa'een isaanii iyyaafatamu irra ni caala. Dhugaa dubbachuuf jarri kun baayyee nama gaddisiisu. Sababni isaa jireenyi isaanii guutummaan gaaffiidha. Gareen kun garee agartuu namaatiin ilaaluu fi dadhabbii namaatiin jiraachuu barbaaduudha. Maddi odeefannoo isaanii gaafa jalaa bade jarri kun jaamaa uleen jalaa badde ta'u. Kana caalaa wanti nama gaddisiisu maaltu jira? Dhugaa dubbachuuf wanti yaadessaan dhaloonni kun irratti dammaquu qabu rakkoo of ta'anii jiraachuu dadhabuu irratti. Of ta'ee jiraachuu dadhabuun beekaa wallaalaa fakkeessa. Angafa quxisuu godha. Galaa malee deemsaaf manaa nama baasa. Waan kan keenya ta'e kan ormaa nutti fakkeessee kan ormaammoo kan keenya nutti fakkeessa.

Miiltoo guca qabatee deemuu wajjin dukkana keessa deemuun gucan qaba nama hin jechisiisu!

Miiltoon keenya guca isaa fudhatee yoo nu bira darbee deeme yookaan yoo nu biraa hafe dukkana keessatti hafna. Sababni isaa miiltoo guca qabu qabna malee guca of harkaa hin qabnu ture. Sammuu, dandeettii fi ilaalcha nama kan biraa keessa jiraanna tanaan nutti dukkanaa'uf jira.

Mul'ata qabaadhu. Mul'ata hin qabdu tanaan ati yoomillee daboo abbaa mul'ataa taatee isaaf hojjechaa jiraatta. Itti dadhabii waan qabaachuu qabdu qabaadhu. Ofiin yaalii hojjedhuutii waan beekuu qabdu beeki. Malee tasumaa argannoo nama kan biraa kan kee goote himachuuf hin yaalin. Kana ta'uu bannaan dhaloonnis,seenaanis waan siin jedhu dhaba. Tasumaa garee namoota hojii irraas,waa'ee waan hojjetamee beekuu irraas fagaatanii kana keessa jiraachuu hin qabdu. Sababni isaa ati abbaa argannooti malee iyyaafataa abbaa argannoo qofa miti.

Gaaffii deebbisuu dandeessu hin gaafatin,waan bira geessee arguu qabdus mana teessee hin iyyaafatin arguun dhaga'uurra ragaa qaba.

Amala Namoota Maaltu Ta'e Jedhanii Gaafatani

1. Gaaffii gaafatanii deebii isaa dhaggeeffachaa jiraatu malee ofii deebisuu hin barbaadan.
2. Eenyummaa isaanii isa dhugaa wajjiin waan wal hin beekneef waa'ee ofii isaanii beekuu dursanii waa'ee nama kan biraa beekuuf iyyaafatu.
3. Barbaadanii arguuf of dadhabsiisuu hin barbaadan warra barbaade arge gaafachuutti amanu.

4. Haasaan isaanii ragaa guutuu hin qabu. Kan isaan beekan amma nama arge irraa dhaga'an qofa.
5. Haasaa isaanii keessatti gaaffiitu baayyata. Gaafachuu malee deebii laachuuf qophii hin qaban.
6. Waan hin beekne hin beeku hin jedhan akka nama beekuu of fakkeessu malee.
7. Harki isaaniis, giiphiin isaaniis duwwaadha karaa hundumaa eegattoota waan ta'anif.
8. Namoota seenaa hojjetan beekuu irraa fagoodha, hojii seenaa hojjechuu irraas baayyee fagoo waan ta'aniif seenaanis isaan hin beeku.
9. Hojii hin beekan, yoo beekaniis akka beekan waan hin beekneef, beekuun isaani hoomaafuu isaan hin gargaaru.
10. Waan dhaga'an tole jedhanii fudhatu malee akkamitti kan jedhu gaaffii hin kaasan.
11. Gurri isaanii waa'ee hojii hojjetamee dhaga'uuf gaafa hundumaa qopheessu. Ta'us miila isaanii gara bakka waa ta'eetti geessuuf, ija isaaniin waan ta'ee jiru arguuf of dadhabsiisuu hin barbaadan.

Namoota Waan Ta'aa Jiru Beekan

Gareen namoota maaltu akka ta'aa jiru beekanii odeefannoo qabu. Dirree dorgommii keessas jiru garuu deggeraa ta'aniiti malee morkataa ta'aanii miti Kan isaan seenan.

Isaan kun warra isa hojiitti jiruuf harka rukutanii dha. Badhaasa hin qaban malee isa badhaasa qabu wajjiin walitti dhi'eenya guddaa qabu. Morkataan isaan deggeran sun isaan beekuudhaa yoo baatees

isaan ni beeku. Addunyaa kanarra amma jiraatttutti ofii dorgomaa ta'uuf waa'ee nama dorgomiitti jiruu beekuun ka'umsa dorgommee jireenyaati. Kanaaf gareen kun warra waan ta'e hin beekne irra baayyee ni caalu. Warra waan ta'e hin beekne sana irra waan caalaaniif madda odeeffannoo isaanii ta'uudhaan jara tajaajilu. Hojiin hojjetame kan isaanii miti,isaaniin hojjetames miti,garuu hojii hojjetame sana sirriitti beeku. Gareen kun garee abbaa dhimmaa miti. Ta'us daboo abbaa dhimmaati. Dirree keessa kan jiru nama muraasa. Bakkee ta'ee waa'ee warra dirree keessa jiraniitiif kan iyyu,kan fooricu,kan lafa dhiitee sirbu garuu lakkofsaan danuudha. Dhukkeen ka'u afaan isaani seenee, osoo fiiganiis gaggabanii kufanii yoo ka'uu dadhaban warra kanaaf bishaan qophaa'e bakka sana hin jiru. Dadhabbiin isaanii warra dirree keessa morkachaa jiran irra waan caalu natti fakkaata. Wanti nama gaddisiisu garuu badhaasni argamu kan isaanii miti. Geeba kan fudhatu warra injifateedha. Waa'ee kanaatiif fakkeenya guddaa namni hundumtuu beeku tokko kaasuun barbaada.

Dhimmi kan misirroo fi dhiirsa misirrooti. Sirbi fi dhiichisi butuchee lafaa ka'uu kan dadhabu garuu amaamota. Baadiyyaatii Fardaa fi Gaangoo malee konkolaataan amma jennu kun hin jiru. Garuu achis amaamonni jira. Warri abbaa dhimmaa Fardaan deemu. Amaamonni garuu miilaan karaa dheeraa jara kana faana deemti. Lafa baadiyyaa keessatti dhagaan dha'aamaa,gufuutti rukutamaa,gaaraa fi dachaa isaa ba'anii galgala manatti galu. Erga manatti galaniin booda warri abbaa dhimmaa kutaa kuulamee isaaniif qophaa'ee seenu. Amaamoonni garuu ganaa dukkana keessa,yoo bokkaan jiraate bokkaa keessa gara mana isheetti dachaati. Magaalaattis akkasuma. Guyyaa guutuu duukaa jooraa oolanii galgala bakka ciisiicha isaaniin ga'anii ofii galuuf immoo karaa qabatu. Kan konkolaataa qabu konkolaataa isaan,kan hin qabnemmoo halkan

sana dhaabbatee taakşii eeggata. Kan kabajamuu warra abbaa dhimmaati.

Fakkenyi kun waa'ee garee kana siif ibseera jedheen abdaadha. Egaan amaamonni waa'ee waan guyyaa kana ta'ee ni beeku,cidhi sun kan eenyuufaa akka ta'es odeeffannoo ga'aa ni laatu,garuu abbaa dhimmaa miti. Karaa biraa maqaa garee kana amaamoota jechuu ni dandeenya jechuu dha. Fakkeenya gubbaatti ilaallee waa'ee garee kubbaa miilaa sanaas jarri kun argaa jiru waan ta'eef ibsa kennuu ni danda'u. Taphni sa'a meeqatti akka ta'e ni beeku. Gareen har'aa taphatu eenyuun akka ta'ees sirriitti beeku. Dhuma irratti eenyu akka injifate yoo ati gaafattes sitti himu. Garuu maal godha badhaasa hin qaban. Kan koo jedhanii waan lakkaa'atan tokko of harkaa waan hin qabneef isaan kunis baayyee si gadisiisu.

Adunyaan kun mo'aattoota baayyee qabaachuudhaa baatus, deggertoota warra mo'ataniin uwwifamtee akka isheen jirtu beekeen jira.

Waaqayyo mo'attootaaf akkati harka rukuttuuf qofa osoo hin taanee mo'ataas akkati taatuf guutuu godhee si uume. Waa'ee dorgommii irraa barachuuf ilaali warra wal dorgoman. Irraa hin barattu tanaan hin ilaalin. Mata duree darbe jalatti waa'ee namicha guca miltoo isaatiin dukkana keessa deemuu siif kaasen ture. Kan kee kan hin taanee kan kooti jettee eegachaa jirta tanaan osoo ilaaltuu dhabuuf jirta waan eegaa jirtu sana. Sababni isaa kan kee mitikaa. Waa'ee waan hojjetamaa jiruu beekuun kee beekamtii siif laattu tokkoyyuu hin qabu. Hojjechuun garuu si beeksiisa. Waan hojjetame, nama hojjetes beekuu bira darbitee warra hin beekne baayyee beeksistee jirta ta'a, garuu kan kee maal himatta? Wanti guddaan gaaffii kanaaf deebii qabaachuudha.

Mo'ataa deggeruun kee mo'achuu baruuf, waa'ee warra mo'anii beekuun kees akkatti mo'aattan beekuuf sin gargaarre tanaan, ati akka hiyyeessa kafaltii malee qabeenya dureessaa eeguuti.

Amala Namoota Waan Ta'aa Jiru Beekanii

1. Bakka morkiin yookaan dorgommiin jiru hin oolan. Kan isaan hojiidha jedhanii lakkaa'atan ta'aani isa hojiitti jiruuf harka rukutuu waan ta'eef.
2. Waa'ee waan ta'aa jiruu sirriitti beeku,himuus ni danda'u garuu ofii isaaniitii waan isaaniif himamu hin qaban.
3. Milkaa'insa garee deggeranii akka waan kan isaanii ta'eetti yaadu malee milkaa'insa ofii himatan tokkoyyuu hin qaban.
4. Gaafa hundumaa oduu of harkaa qabu waa'ee waan ta'aa jiruu waan himan.
5. Dirree odeeffannoo keessa jiru garuu dirree hojiitti hin seenne.
6. Seenaa beeku, waa'ee namoota hojii seenaa hojjetaniis beeku,garuu hojii seenaa hojjechuu hin beekan.
7. Gareen kun odeessitoota. Hojiin isaanii waan arganii fi dhaga'an beeksisuu dha.
8. Mo'achuu garee deggeraniin gaammadu. Garuu injifannoon isaa kan isaani waan hin taaneef gammachuun isaanii kan guyyaa sana qofa.

Namoota Wanti Ta'e Sun Ittiin Raawwatame(Hojjetame)

Jiraachuu kan qabnu yeroo jiraachuu qabnutti,akka jiraachuu qabnu qofatti. Kanaan ala umriin jiru hundumtuu umrii akkasumaaniiti.

Gareen kun garee hojii hojjechuuf dhalatee hojjechaa jiruu dha. Isaan kun warra abbaa dhimmaatis. Garee warra maaltu ta'e jedhanii gaafataniifis,warra maaltu akka ta'aa jiru beekaniifis adda dureen garee kana. Kanaaf kan dhaloonni bakka hojii isaanii deemee isaan deggeruuf. Kanaafi kan warri bakka sana hin deemin immoo hojii isaan hojjetan maal irra akka inni ga'e baruuf iyyaafataniif. Warri maaltu ta'e jedhanii gaafatan waa'ee isaanii baruuf warra maaltu akka ta'aa jiru beekan gaafatu, gareen maal akka ta'aa jiruu beekummoo warra hin beekne kanatti waa'ee isaanii dubbata. Hojjetachaa kan jiru garee kana. Waa'een isaanii bakka hundummaatti dubbatamaa kan jirus isaani. Beekamtii barbaadan osoo hin taanee hojii isaan beeksisu hojjetan. Addunyaa kana irraa namoota beekamtii qaban yoo seenaa isaanii qorattee baayyeen isaanii ittiin beekamuuf miti kan isaan waan isaan beeksisee sana hojjetan.Sababni isaa beekamtii giddu-galeessa godhannee miti hojii hojjechuuf dhalanne kan nuti hojjechuu qabnu. Hojii gaariin ofiima isaatii beekamtii namaaf laata. Kanaaf ga'een keenya hojii gaarii hojjechuu dha. Kan nu beeksisummoo hojii gaarii isa nuti hojjennee sanaadha.

Mul'anni hojii keessa kee bulee gaafa hojiitti si kaasu, hojii akka hojjettuuf gara kee dhufee sana dursitee beekamtii isaan argattu hin yaadin.

Hojiin beekamtiidhaaf itti yaadamee hojjetamu baayyeen isaa hojii seenaa osoo hin taanee oduu yeroo ta'ee bira darbama. Hojiin seenaa

hojii akkasumaan hojjetamu osoo hin taanee, hojii itti yaadamee egereef hojjetamuudha. Kanaaf gareen hojii kunis garee warra oduu himanii irraas, warra oduu dhageeffatan irraas adda kan isaan ta'an kanaafi. Isaan hin odeessaniis,oduus hin dhaggeefatan. Gaafa hundumaa hojiidhaan ko'oommatanii(busy) ta'anii jiraatu. Isaan warra adunyaan,dhaloonnii fi uumamni bu'aa irraa argateedha. Yeroo hojjechuu qabanitti waan hojjetaniif yeroo hundumaa maqaan isaan hojii argannoo fi bu'a qabessaa wajjin waamama. Warra dhiibbaa uumaniidha malee warra akkasumaan naannoo jireenya isaanii keessa,hawaasa keessa jiraatan miti. Isaan kun misirroo fi dhirsa misirrooti malee amaamoota miti. Abbaan dhimmaa isaan kana. Dirree keessa jiru. Gaafa hundumaa morkattoota warra waa injifachuuf wallaansoo qaban. Garee jiru kan sadan keessaa warri baayyee barbaachisoon isaan kana. Sadarkaan isaaniis kan warra sana wajjin waliin hin madaalamu. Garee kana keessaa namoonni jiran warra dhimma baasaaniidha. Geggeessaan hojii dhaloonni kitaaba seenaa irraa,nama irraa iyyaafatee baru hojjetu isaan kana keessaa ba'a. Hawaasni hojjetachuu beeku,dhaloonni mirga isaa kabachiifachuu danda'u kan inni jiru isaan kana keessa.

Amala Namoota Wanti Ta'e Sun Ittiin Hojjetame

1. Hojii malee oduu hin beekan.
2. Isaan morkattoota malee deggertoota miti.
3. Waan himataniis,waan isaaniif himamus qabu.
4. Hojii beeku,akka hojii beekaniis beeku waan ta'eef jaboodha.
5. Hojii seenaa du'a isaaniin booda aawwalcha isaanii ol jiraatu hojjetanii qabu.
6. Mo'uuf hojjetu, mo'aamuu isaani irraa immoo akkatti mo'aan baratu.
7. Of beekuu irra darbanii ga'umsa dhokkataa keessa isaani jirus waan beekaniif dhaadannoon isaani nan danda'a jecha jedhuu dha.

Qabxillee Ijoo Boqonichaa

- Gareen namoota maaltu ta'e jedhanii gaafachaa jiraatanii garee umrii lakkaa'uuf jiraatuu dha. Hojiis hin beekani,warra hojii beekani wajjinis wal hin beekani.
- Waan hin beekne akka waan beekaniitti,waan dhaga'an akka waan arganiitti himaa jiraachuudhaan of gowwomsuun imaltuu gala hin qabne nama taasisa.
- Miiltoo guca qabatee deemuu wajjin dukkana keessa deemuun gucan qaba nama hin jechisiisu.
- Gaaffii deebbisuu dandeessu hin gaafatin,waan bira geessee arguu qabdus mana teessee hin iyyaafatin arguun dhaga'uurra ragaa qaba.
- Gareen namoota maaltu akka ta'aa jiru beekanii odeefannoo qabu. Dirree dorgommii keessas jiru garuu deggeraa ta'aniiti malee morkataa ta'aanii miti Kan isaan seenan.
- Adunyaan kun mo'aattoota baayyee qabaachuudhaa baatus, deggertoota warra mo'ataniin uwwifamtee akka isheen jirtu beekeen jira.
- Mo'ataa deggeruun kee mo'achuu baruuf, waa'ee warra mo'anii beekuun kees akkatti mo'aattan beekuuf sin gargaarre tanaan, ati akka hiyyeessa kafaltii malee qabeenya dureessa eeguuti.
- Jiraachuu kan qabnu yeroo jiraachuu qabnutti,akka jiraachuu qabnu qofatti. Kanaan ala umriin jiru hundumtuu umrii akkasumaaniiti.
- Mul'anni hojii keessa kee bulee gaafa hojiitti si kaasu, hojii akka hojjettuuf gara kee dhufee sana dursitee beekamtii isaan argattu hin yaadin.

BOQONNAA-8
SEENAAN JIRAACHUUF NAMOONNI GOSTI SADII JIRAACHU QABU

"Dhuma irratti kan siif lakkaa'amu waggoota jireenya kee keessa jiran miti, jireenya waggoota kee keessa jiranniidha malee!" Abrahaam Liinken

Nama Seenaa Barreessu

Nama seenaa beekutu seenaa barreessa, haa ta'u malee barreessan seenaa seenaadhaan beekamuuf hojii seenaa hojjechuu qaba.

Seenaa namni hin beekne waa'ee seenaa hin barreessu. Kan seenaa beeku garuu osoo jiruu warra hin beekne seenaa barsiisee, dhaloota bor dhufaniif immoo barreesse ol ka'a. Nama seenaa hojjetutti aansee namni seenaa barreessu kun jiraachuu seenaatiif baayyee barbaachisaadha. Sababni isaa seenaan amma hojjetame dhaloota egeree bira ga'uuf tooftaa barbaachisu keessaa tokko barreessuudha. Kanaaf namni seenaa barreessu isa seenaa hojjetutti dhi'oodha garuu nama seenaa sana hojjete miti. Barreessan seenaa seenaa namni hojjetee isa barreessee sanaan alatti kan mataa isaatii qaba seenaa hojjechuu qabu.

Barreessaan seenaa waa lamaaf seenaa barreessa:-

- *1 ffaa Seenaa dogoggora barreeffamee ka'aame sirreessee ragaadhaan deggeruun dhugaa isaa beeksisuuf.*
- *2 ffaa Seenaa dagatamuu hin qabne, kan dura barreeffame hin jirre hambaa godhee dhaloota egereef ol kaa'uuf barreessa.*

Hojiin barreessaa seenaa inni seenaa kaleessa dogoggoraan

barreeffamee ture sirreessanii barreessuudhaan ol ka'aan kun saba oromoof baayyee barbaachisa. Sababni isaa seenaan Saba Oromoo kaleessa ormaan barreeffamee kaa'ame baayyeen isaa sabicha bakka bu'uu kan danda'u miti. Seenaan saba tokkoo barreeffamuu kan qabu akka namatti fakkaateetti osoo hin taanee akka saba sana ibsuu danda'utti. Barreessitootni ormaa osoo barreessitootni Oromoo akka ammaa kana hin baayyatin, bara namnis dubbisuu baayyee hin amaleeffatin waa'ee uummata Oromoo waa barreessanii turan. Bayyeen isaanii jibbinsa saba kanaaf qaban irraa kan ka'e seenaa dhugaa dalga dabsuun barreessanii darban. Akka fakkeenyaatti seenaa saba Oromoo kan qes Abbaa Baahiree barreessan maal akka fakkaatu oromoo danuun dubbisee argeera. Sirriitti saba kana bakka ni bu'aa fi hin bu'uu isaa atiyyuu ni beekta,anis waanan beeku nan qaba. Hojii irratti hojjetamuu qabuuf amma kan nuti hojii eegalu qabnu.Akkasuma seenaa dhugaas kan barreessan ni jiru dubbisnee arginee jirra. Egaan hojii guddaan barreessaan seenaa hojjechuu qabu tokko isa kana sirreessuudha. Kanan booda wanti barreessittootni keenya beekuu qaban inni guddaan seenaan saba isaanii ormaan osoo hin taanee isaaniin barreefamu akka qabuudha.Wanta kaleessa ormii akka isaaf ta'utti Oromoo ibsee barreesse sabicha kan bakka bu'u miti tanaan,kitaaba seenaa dogoggoraa sana maqaa isaa heeruun deebisanii dhugaa isaa barreessun hojii barreesittoota keenyati. An ofii kooti kitaaboota akkasii barbaadee dubbisuu fi sakata'uu eegaluun koo bubulee jira. Karaa kanaa hojiin hojjechuu qabu hojjedhee dhugaa seenaa sabakoo isa dabe qajeelchee barreessuuf tokko ani jira. Kun fedhii keenya osoo hin taanee dirqama barreesitoota oromoo hundumaati. Nu barbaachisu barreesitootni seenaa hojiin hin hojjetamin danuun waan jiruuf.

Goota abbaan tuffatee alagaan hin kabaju,seenaa abbaan hin falmannes ormi ni dabsa hin dhiisu.

Sichi goota keenya jiraatti jajuu fi kabajuu qabna ormi akka kabajuuf. Seenaa Oromoo isa dhugaas afaaniin hima, barreessinees kitaaba seenaa irra kaa'a jiraachuu qabna. Ta'uu bannaan warri bare boris saba qulqulluu kana xureessee ittiin seenaa barreessee ol kaa'uuf hin seesu. Erga inni barreesseen booda dura dhaabbatanii falmaachuu irra ofii orma dursanii seenaa saba ofii barreessuutu gootummaa dha. Barri durfamuu inni jaarraa lakkaa'e nu biraa hafuu qaba. Kanaan booda dursuun qaba dhaadhannoo jedhu keessa keenyatti dubbachaa jiraachuu qabna.

Kaleessa seenaaf keenyee, har'aa hojii hojjechaa, boriif karoorsuudhaan ni dursina warra ittiin durfamne.

Miidhama darbe yaadanii of dhiphisuun hojii nama isa har'aa balleessa. Injifannoo xinnoo kaleessa qabnu yaadachuun wallaansoo isa har'aa injifachuuf humna nuuf laata. Dirree kaleessa keessatti mo'amnee garuu irraa barachuu qofaaf yaadachuu qabna malee hoomaafuu waa'ee nuuf hin baasu. Jaarraa baayyee dura maal jedhan laata waa'ee seenaa Uummata Oromoo? Maaltu isaan kakaasemmoo laata akka isaan seenaa keenya barreessan? Dhugaa dubbachuuf faayidaa keenyaaf natti hin faakkaatu gaafan taa'ee yaadu. Faayidaa keenyaafis haa bareessanii,ittiin nu miidhuufis haa ta'u amma nutu of ibsuu qaba. Kanaaf numatu jira kan keenya eenyuuniyyuu hin ilaallatu waaqa gadiitti. Isa jiru sirreessuufis,isa hin jirre barreessuufis amma yeroo qabna.

Dhirsi niiti isaa ormaaf laatee dhaabatee ilaallu fi sabni seenaan isaa osoo ormaan dogoggora bareefamu calissee ilaalu tokkuma.

Sababni ani kana jedhuuf lamaan isaayyuu salphina waan ta'eef. Seenaan saba tokkoo innii dhugaan bakka isa bu'uu danda'u ulfina saba sanaati. Nama saba tokko salphissuu barbaadetu sabaaf seenaa dogoggoraa bareesse ol kaa'a. Kanaaf waa'ee namoota kaleessa seenaa Oromoo waan raggaa hin qabne bareessani lafa ka'anii tilmaamuun namati kan ulfaatu miti. Bareefamni isaani saba guddaa kana xinneesse jecha ibsamuu hin qabneen ibseera. *Dhugaan garuu awwaalamee beeka malee awwalcha keessati hafee hin beeku.* Dhugaa saba Oromoo isa awwalchaa ba'e bareessu fi beeksissuun hojii dhaloota qubeeti waan ta'eef dagatamuu hin qabu. Kanaan booda gaafa ormi waan garaa isaa bareessu ilaalani, ergani didda keessa bitimseen boodaa lakki seenaan saba oromoo kana miti jechuurra ofii dursanii bareessani seenaa saba Oromoo beeksissuutu gaarii dha.

Goota seenaa hojjete faarsuun kan bareedu du'aa isaa booda bakka awwaalcha isaatti miti. Jiraatti utuun hojii seenaa hojjechaa jiruuti.

Egaa barreessan seenaa goota hojii seenaa hojjechaa jiru osoonni jiruu seenaa isaa goota sana gaafachuun dogoggora tokko malee barreesse olkaa'uuf barreessa. Hojiin kun dur kan nu biratti beekame taa'uudha baatuullee,dhi'eenya kana eegalamee jira. Akka fakkeenyaati seenaan goota aartii oromoo dokteera kabajaa aartisti Alii Birraa afaan isaani irraa dhaga'uudhaan bareefamee jira. Hojii guddaan bareessan seenaa hojjechuu qabu tokko kana. Kanaaf

seenaan jiraachuuf, dhalooni borii waa'ee nama qaaman hin argini irraa arguuf akka ta'uti kitaaba seenaa bareessuuf nu barbaachissa bareessan seenaa. Bareessan seenaa namoota gosa sadii warra jiraachuu seenaa keessati qooda qaban keessa isa tokkoo dha.

Baayyinni namoota seenaa barreessanii amma warra seenaa dubbisanii ga'uudha baatuus, kan warra seenaa hojjetanii irra garuu ni caala.

Utuu barreessaan seenaa jiraachuudhaa baate namoonni seenaa dubbisanii irraa baran nama seenaa hojjete sana hin barin hafu turan. Akkas jechuun immoo dhaloota darbanii fi warra har'aa jiran gidduutti hojii gargar citee hafetu uumame jechuudha. Waan kaleessa eegalamee hin xummuramin hafe xumuruuf dhaloonni seenaa waa'ee hojii kaleessaa tureef bareeffamee dubbisuu qaba. Wanti dubbisan jiraachuuf immoo barreessan jiraachuu qaba. Sababni isaa waan hin barreeffamin dubbisuun hin danda'amukaa.

Baga jiraate barreessaan, Seenaan akka jiraatuuf sababni tokko jiraachuu barreessaa seenaa waan ta'eef.

Nama Seenaa Dubbisu

Mul'annii fi dandeettiin seenaa hojjechuu warri keessa isaanii jiru kitaaba seenaa dubbisu. Waa'ee namoota seenaa hojjetaniis gadi fageenyaan qo'atu.

Warri seenaa dubbisanii seenaa beekan seenaan beekaamuuf hojii seenaa hojjechuu qabu. Yerootti kitaaba seenaa dubbisaniis wanti isaan dagachuu hin qabne tokko jira. Innis seenaa kaleessa ture keessatti doggorri ture jiraannaan sirreessuuf of qopheessu, hanqina

qaba taanaan guutuu gochuuf kutannoo qabaachuu fi waan hin xumuramin hafe yoo jiraate xumuruudha. Kana yoo godhe namni seenaa dubbise tokko ofii isaatiis nama seenaan beeku ta'e jechuu dha. Seenaan akkasumaan hin barreeffamne waan ta'eef akkasumaan dubbifamee bira darbamuu hin qabu. Tarii seenaa gootota darbanii dubbisaa gaafa jirtu maaltu sitti dhaga'ama laata? Sitti mul'atee beeka laata osoo seenaa qalamaan barreefamee dubbistuu dhangala'uun dhiiga isaanii fi cabni lafee isaanii kaleessa? Seenaan gootaa gootaaf malee dabeessaaf mata dhukubbii guddaadha. Sababni isaa lugni/dabeessi tasumaa waa'ee du'aa dhaga'uu hin barbaadu. Kan hin oolle du'a, kan namni sodaatus isa hin oole kanaa dha.

Seenaa abboonni keenya hojjetan irra deebinee hojjenna osoo hin taanee, kan isaan hojjetan bifa hin banneen keenye seenaa ofii keenyaa hojjechuu qabnummoo hojjenna.

Dhaadhannoon namoota baayyee jecha wal fakkaata fi baramaa tokko irratti xiyyeeffata. Innis "Seenaa badde deebisna,hojii abboota keenya kaleessa hojjenna" kan jedhuu dha.Seenaa hojjechuun garuu isa namni braan hojjete irra deebbi'u miti. Seenaan duraan hojjetame irra deebi'ama osoo hin taane,akka hin banneef kunuunfama. Isa jiru kununsaa, seenaa hin jirremmoo hojjechuudhaaf kan nuti dhalanne. Seenaa ati hojjechuu qabdu eenyullee hojjechuu hin danda'u siin ala. Sababni isaa ati nama addaa waan taateef, seenaa addaa hojjechuuf dhalate kana beeki. Kanaaf hayyuu seenaa dubbise beeku qofa osoo hin taane nama seenaan beeku ta'uutu nurra jira.

Seenaa dubbisuun gaarii dha. Seenaa hojjechuun immoo baayyee baayyee gaarii dha.

Nama Seenaa Hojjetu

Namoonni seenaa hojjetan namoota jalqabumaa kaasaanii wanti haaraan karaa isaanii addunyaa kanaaf akka argamu beekaniidha.

Nama seenaa hojjeteedha barreessaan seenaa waa'ee isaa kan barreessu. Waa'ee nama seenaa hojjete isa barreeffameedha inni seenaa dubbisus kan dubbissu. Karaa biraa namni seenaa hojjete warra seenaa barreessanii fi seenaa dubbisaniif hojii uume jira jechuudha. Kanaan ala bu'aan inni adunyaa kanaaf buseemmoo isa ittiin seenaa hojjeteedha. Lakkofsi namoota seenaa hojjetanii muraasa ta'us, bu'aan hojii isaanii garuu baayyeedha.

Adunyaan kun namoota baayyee of keessaa qabdi malee namoota seenaa hojjetan baayyee of keessaa qabdi miti.

Osoo namni ishee irra jiraatu hundumtuu hojii seenaa dirree ishee irratti hojjeta ta'ee yoona dacheen kun maal fakkaatti laata? Namni seenaa hojjetee qabu du'a hin sodaatu. Sababni isaa inni yoo du'es hojii hin duune qaba. Hojiin seenaa awwalchaa namaa ol jiraatti. Bakki awwalcha nama seenaa qabu jiraa seenaa hin qabne caalaa keessummaa qabdi. Akkas gaafan jedhu namoonni baayyeen karaa dheeraa deemanii awwaalcha nama seenaa qabu ilaaluuf waan deemaniif bakki awwaalcha namoota addunyaa kanaaf seenaa hojjetanii yeroo hundumaa nama of biraa qabdi. Namni seenaa hojjete du'us seenaan bara baraan lubbuu qaba hin du'u.

Dhalachuun kee akka tasaa miti waaqayyoon itti yaadameeti malee. Kanaaf dandeettii addaa hojii addaa si hojjechiisu danda'uutu si keessa jira amani.

Akkeessun amala nama mul'ata hin qabneeti. Namni mul'ata qabu garuu gaafa hundumaa waan haaraa arga, dubbii haaraa dubbata, beektota dinqisiifata, hojii seenaa hojjetas. Beekamtii dheeboochuun qofti nama hin beeksiisu,hojii nama beeksiisu hojjechaa yoo dheebotan malee. Akka koo namoota kan biraa gaaffattee beekta laata maal ta'uu barbaadda jette? Namoonni baayyeen akka ta'uu qaban dhiisanii akka nama kan biraa ta'uuf akka yaalaa jiran sitti himu.

Akka nama kan biraa ta'uuf yaalaa jirta taanaan akka ta'uu qabdu hin ta'in of hanbisaa kan jiru dhiibbaa biraa osoo hin taane sima mataa keeti.

Namni seenaa hojjetu isa nama biraa fakkaachuuf yaalu osoo hin taanee isa mul'ata keessa isaa jiruun hojii hojjechuu yaaluudha. Fakkaachuu miti ta'uudha kan sirraa eegamu. Umrii keenya keessa umriin nuti nama biraa akkeessuun dabarsine kan akkasumaaniiti malee hoomaafu dhimma hin baasu. Seenaa hojjettee namoonni kan biraan akka hojii keen seenaa barreessanii fi seenaa dubbisan gochuuf ammayyuu yeroo qabda.

Yeroon ati seenaa hojjechuuf qabdu amma malee bor miti. Sababni isaa kaleessi kan seenaati, borimmoo hojii biraa kan mataa isaatii qabatee waan dhufuuf!

Qabxiilee Ijoo Boqonichaa

- Nama seenaa beekutu seenaa barreessa, haa ta'u malee barreessan seenaa seenaadhaan beekamuuf hojii seenaa hojjechuu qaba.
- Barreessaan seenaa waa lamaaf seenaa barreessa:-
  - *1 ffaa Seenaa dogoggora barreeffamee ka'aame sirreessee ragaadhaan deggeruun dhugaa isaa beeksisuuf.*
  - *2 ffaa Seenaa dagatamuu hin qabne, kan dura barreeffame hin jirre hambaa godhee dhaloota egereef ol kaa'uuf barreessa.*
- Goota abbaan tuffatee alagaan hin kabaju,seenaa abbaan hin falmannes ormi ni dabsa hin dhiisu.
- Kaleessa seenaaf keenyee ,har'aa hojii hojjechaa, boriif karoorsuudhaan ni dursina warra ittiin durfamne.
- Dhirsi niiti isaa ormaaf laatee dhaabatee ilaallu fi sabni seenaan isaa osoo ormaan dogoggora bareefamu calissee ilaalu tokkuma.
- Goota seenaa hojjete faarsuun kan bareedu du'aa isaa booda bakka awwaalcha isaatti miti. Jiraatti utuun hojii seenaa hojjechaa jiruuti.
- Baayyinni namoota seenaa barreessanii amma warra seenaa dubbisanii ga'uudha baatuus, kan warra seenaa hojjetanii irra garuu ni caala.
- Baga jiraate barreessan, Seenaan akka jiraatuuf sababni tokko jiraachuu barreessaa seenaa waan ta'eef.
- Mul'annii fi dandeettiin seenaa hojjechuu warri keessa isaanii jiru kitaaba seenaa dubbisu. Waa'ee namoota seenaa hojjetaniis gadi fageenyaan qo'atu.
- Seenaa abboonni keenya hojjetan irra deebinee hojjenna osoo hin taanee,kan isaan hojjetan bifa hin banneen keenye seenaa ofii

keenyaa hojjechuu qabnummoo hojjenna.

- Seenaa dubbisuun gaarii dha. Seenaa hojjechuun immoo baayyee baayyee gaarii dha.
- Namoonni seenaa hojjetan namoota jalqabumaa kaasaanii wanti haaraan karaa isaanii addunyaa kanaaf akka argamu beekaniidha.
- Adunyaan kun namoota baayyee of keessaa qabdi malee namoota seenaa hojjetan baayyee of keessaa qabdi miti.
- Dhalachuun kee akka tasaa miti waaqayyoon itti yaadameeti malee. Kanaaf dandeettii addaa hojii addaa si hojjechiisu danda'uutu si keessa jira amani.
- Akka nama kan biraa ta'uuf yaalaa jirta taanaan akka ta'uu qabdu hin ta'in of h anbisaa kan jiru dhiibbaa biraa osoo hin taane sima mataa keeti.
- Yeroon ati seenaa hojjechuuf qabdu amma malee bor miti. Sababni isaa kaleessi kan seenaati,borimmoo hojii biraa kan mataa isaatii qabatee waan dhufuuf.

Kitaabota Wabii

1. Macaaffa Qulqulluu.
2. Rick W. (2002) Purpose Driven Life: New Edition For A New Generation;Printed In The United States of America
3. Shiv Khera. YOU CAN WIN,Plished by Rajive Beri for Macmillan India Ltd,2/10 Ansan Road,Daryaganj,New Delhi 110002,c 1998,2002
4. Guyyo G. (2013): The Power to Change: Nairobi,Kenya
5. Maayels Munroo. The Burden of Freedom
6. Miratuu Shaanqoo.(2008):Iccitii Geggeessummaa